



Barnoota Lammummaa Fi Amala Gaarii Qajeelcha Barsiisaa Kutaa 5

Barnoota Lammummaa Fi



Amala Gaarii



Qajeelcha Barsiisaa

Kutaa
5





የኢትዮጵያ ሕዝብ መዝሙር

የዜግነት ክብር በኢትዮጵያችን ፀንቶ፣
 ታዩ ሕዝባዊነት ዳር እስከዳር በርቶ።
 ለሰላም፣ ለፍትህ ለሕዝቦች ነፃነት፣
 በእኩልነት በፍቅር ቆመናል ባንድነት።
 መሠረተ ፅኑ ስብዕናን ያልሻርን፣
 ሕዝቦች ነን ለሥራ በሥራ የኖርን።
 ድንቅ የባህል መድረክ የአኩሪ ቅርስ
 ባለቤት፣
 የተፈጥሮ ፀጋ የጀግና ሕዝብ እናት፣
 እንጦብቅሻለን አለብን አደራ፣
 ኢትዮጵያችን ኑሪ እኛም ባንቺ እንኩራ።



Faaruu Alaabaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Oromiyaa, Oromiyaa haadha seenaa guddaa
 Handhuura Oromootaa galma sirna Gadaa
 Dachee heeraa fi seeraa haadha Caffee Odaa
 Badhaatuu, gabbattuu magarsituu hundaa;
 Xurii bara dhibbaa dhiigaan sirraa dhiqnee
 Wareegama qaaliin alaabaa kee ol qabnee
 Gammannee gammadii bokkuu deebifannee;
 Nagaaf dimokraasii tabaroo namummaa
 Misoomaa amansiisaa guddina hatattamaa
 Ummatootaa wajjiniis jaalalaafi tokkummaa
 Wabii jireenyaatiif goonee kaayyoo cimaa;
 Irree gamteeffannee kaanee nu abdadhuu
 Oromiyaa lalisii dagaagii jiraadhuu!



Barnoota Lammummaa Fi Amala Gaarii



Qajeelcha Barsiisaa Kutaa 5

Qopheessaan:

Ministeera Barnootaa Federaalaa

Afaan Oromootti Kan Hiike:

✎ Darajjee Mokonnin Dheeressaa
(BBO)

Gulaalaan:

✎ Darajjee Mokonnin
✎ Tsahaay Addunyaa
✎ Sirnaa Dabalaa



Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa
Rippaabilikii Itoophiyaa
Ministeera Barnootaa

AG PRINTING & PUBLISHING LTD

Galata

Fandiin Dizaayinii, maxxansaa fi raabsaa kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa Barnoota Lammummaa fi Amala Gaarii kun deeggersa karaa **Piroojeektii Fooyya'insa Qulqullina Barnoota Waliigalaa (GEQIP)**n kan argame yommuu ta'u kaayyoon piroojeektii kanaas dhaabilee barnoota mootummaa kutaalee 1-12 keessatti qulqullina barnootaa fooyyessuudha.

Mootummaan Dimookiraatawaa Federaalawaa Rippaabilikii Itoophiyaa fandii **Fooyya'insa Qulqullina Barnoota Waliigalaa(GEQIP)** kana dhaabilee gargaarsa **International Development Association (IDA), The Fast Track Initiative Catalytic Fund (FTICF)** fi dhaabilee deeggertoota misoomaa biroo kanneen akka **Mootummoota Fiinlaand, Niizerlaandii, UK fi Walta'insa Misoomaa Mootummaa Xaaliyaanii** irraa argate.

Ministeerri Barnootaa Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa Rippaabilikii Itoophiyaa qaamoli kallattiinis ta'e al kallattiin kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa **BLAG** maxxansiisuu keessatti qooda fudhatan hundaaf galata galchuu barbaada.

©**Ministeera Barnootaa Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa Rippaabilikii Itoophiyaa, bara 2003**

ISBN **978-99944-2-059-9**

Dhaabbata Maxxansaa Alguuraarii

Lakk. Sanduuqa Poostaa 5613

Dubaayi, U.A.E

Wal ta'insa

Dhaabbata Maxxansiisaa Kuraaz Internaashinaalii

Lakk Sanduqa Poostaa 100767

Finfinnee,

Itoophiyaa

Mirgi maxxansaa seeraan eegamaadha. Kutaan kitaaba kanaa kamiyyuu hayyama Ministeera Barnootaa ykn hayyama qaama labsii **Nagaarit gaazeexaa lakk 410/2004** qabeenya sammuu egsisuuf angoon kennameefiin alatti baa'yisuun, haala addaatiin itti fayyadamuuf kuusuu fi tamsaasuun dhorkaaddha.

Kitaaba kana keessatti abbootii mirga maxxansaatiif haga danda'ametti beekamtii kennuun ragaalee adda addaa fedhanneerra. Akka tasaa ta'ee beekamtii osoo hin kenniin kan fudhanne yoo jiraate dhiifama gaafachaa, maxxansa fuula duraa keessatti galchuu akka barbaannu asumaan ibsina.

Qaamni mirgi maxxansaa koo sirriitti beekamtii osoo hin argatiin ragaan koo fudhatameera jedhu yoo jiraate karaa teessoo keenya armaan gadii nuuf barreessuu ni danda'a:

Ministeera Barnootaa Mootummaa Dimookiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa

Lakk. Sanduuqa Poostaa 1367

Finfinnee,

Itoophiyaa

Baafata

Qabiyyee

Fuula

Boqonnaa 1.	Sirna Dimookiraatawaa	1
Boqonnaa 2.	Olaantummaa Seeraa	18
Boqonnaa 3.	Walqixxummaa	40
Boqonnaa 4.	Haqummaa	58
Boqonnaa 5.	Jaalala Biyyaa	71
Boqonnaa 6.	Miira Itti Gaafatamummaa	88
Boqonnaa 7.	Aadaa Hojii Cimaa	103
Boqonnaa 8.	Of Danda'uu	113
Boqonnaa 9.	Aadaa Qusannaa	123
Boqonnaa 10.	Dammaqinaan Hirmaannaa Ummataa	132
Boqonnaa 11.	Beekumsa Fedhuu	140

BOQONNAA TOKKO

SIRNA DIMOKIRAATAWAA

Wayitii ramadame -11

Kaayyoolee Gooroo:

Barattoonni boqonnaa kana barattanii yommuu xumuran:

- Maalummaa dimokiraasii fi sirna dimokiraatawaa ni hubatu.
- Mirgoota namummaa fi mirgoota dimokiraasii sirna dimokiraatawaa keessatti kabajamuu qaban ni beeku.
- Maalummaa garaagarummaa fi garaagarummaa waldandessisanii akkamiin waliin jiraachuun akka danda'amu ni hubatu.
- Maalummaa Mootummaa Federaalaa fi Mootummoota Naannoolee ni hubatu.
- Maalummaa hariiroo biyya alaa ni hubatu.

Lakk.	Barannoo	Kaayyoolee Gooree	Meeshaalee deeggarsaa
1	Dimokiraasiin Maali?	<ul style="list-style-type: none">• Hiikkaa dimokiraasii fakkeenyaan ni ibsu.• Mana barnootaa isaanii kees-satti ibsitoota hojimaata dimokiraatawaa ta'an adda ni baasu	<ul style="list-style-type: none">• Fakkiiwwanii fi suuraawwan aadaa dimokiraasii agarsiisan
2	Maalummaa Mirgoota Namummaa fi Mirgoota Dimokiraasii	<ul style="list-style-type: none">• Maalummaa mirgoota namummaa fi mirgoota dimokiraasii ni ibsu.• Mirgoota hiriyyoota isaanii ni kabaju• Tokkummaa fi garaagarummaa mirgoota namummaa fi mirgoota dimokiraasii ni ibsu.	<ul style="list-style-type: none">• Poostaroota, fakkiilee fi suurota mirgoota namummaa fi mirgoota dimokiraasii calaqaasiisan
3	Garaagarummaa	<ul style="list-style-type: none">• Mana barnootaa fi daree barnootaa keessaatti garaagarummaabarattoota gidduutti mul'atan ni tarreessu.• Mana barnootaa fi naannoo isaaniitti faayidaa garaagarummaa waldandeessisanii nagaan waliin jiraachuu ni ibsu.• Garaagarummaa isaanii waldandeessisanii waliin taphatu.	<ul style="list-style-type: none">• Poostaroota, fakkiilee fi suurota saboota, sablamootaa fi ummatoota Itoophiyaa agarsiisan.

4	Sirna Mootummaa Itoophiyaa	<ul style="list-style-type: none"> • Hojiilee gurguddoo mootummaa Federaalaa fi mootummoota Naannoolee ni tarreessu. • Maalummaa Mootummoota naannoolee ni ibsu. • Maalummaa Bulchiinsa Magaalaa ni ibsu. 	<ul style="list-style-type: none"> • Poosteroota fi suurota Caasaffama Mootummaa Federaalawaa Itoophiyaa agarsiisu.
5	Hariiroo Biyya Alaa	<ul style="list-style-type: none"> • Hariiroo biyya alaa jechuun maal jechuu akka ta'e ni ibsu. • Maalummaa Imaammata biyya alaa ni ibsu. • Barbaachisummaa Imaammata biyya alaa fakkeenya lama kennuun ni ibsu. 	<ul style="list-style-type: none"> • Fakkiilee adda addaa walta'insa ibsan

1.1. Dimokiraasiin Maalii? (Wayitii -2)

Qophii Daree: **Meeshaalee deggersa barnootaa**

- Suurota Falaasamoota Giriikkii fi Ateensii.
- Fakkii filannoo muse daree barnootaa agarsiisu.
- Fakkii namooti baay'een yommuu geggeessitoota ganda filatan mul'isu.

Seensa

Fakkiilee 1.1, 1.2, fi gaaffiilee ka'umsaa

- Fakkii 1.1 irraa maal argitu? Daree keessatti maaltu akka hojjetamaa jiru tilmaamaa.
- Akka fakkii 1.2 irraa argitanitti galma keessatti maaltu godhamaa jira?
- Jecha dimokiraasii jedhu dhaga'uun keessan hin oolu. Yommuu jecha kana dhageessan maaltu sammuu keessanitti dhufa?

Barsiisaa! Barattooti kitaaba barataa fuula **5** irratti fakkiilee jiran (fakkii 1.1 filannoo muusee daree fi fakkii 1.2 dambii ittiin bulmaata daree) ilaalanii gaaffiilee armaan oliif deebii akka kennan jajjabeessaa. Barattooti jechaan kallattiin ykn ammoo barattoota isaanitti aananii taa'an waliin mari'atanii deebii akka kennan gochuun ni danda'ama.

Gocha

- Barattoota gareen qooduun barreeffama **“Filannoo Muusee Daree”** jedhu dubbisanii gilgaala tokko akka hojjetan godhaa. Gareewwan kanas irra naanna'aati ilaalaa. Gaaffiilee kanneeniis sirriitti akka xiinxalan jajjabeessaa.
- Waa'ee Maalummaa dimokiraasii irrattis ibsa kennaafii. Gaafii yoo qabaatan akka gaafataniif carraa kennaafii.

Dimokiraasiin Maalii?

Hiika guboo jechootaatiin, dimokiraasii jechuun Mootummaa Ummataa; angoon motummaa olaanaan kan ummataa kan ta'ee fi angoon kunis qabatamaan hojii irra kan oolu ummatichaan yookiin ammo bakka bu'oota ummatichi bilisaan filatuun ta'uu jechuudha.

Yaad-rimeen dimokiraasii, ummata irraa kan madde; angoo mootummaa birmadummaa ummataa irratti bu'uureffate; ummataa fi ummatan kan filatame fi mootummaa ummataa dhimoota jedhaman of keessaa qaba.

Angoon mootummaa ummata irraa madda yommuu jedhamu mootummaan kun kan hundeeffamuu fi kan caaseffamu ummataa ta'a jechuu dha.

Ummata jechuun ammo hawaasa daangaa biyya tokkoo keessa jiraatu hunda ta'ee umuriin isaanii waggaa 18 ol kan ta'ee fi dhibee jeeqama sammuu fi yakka guddaa raawwachuun mirgoota isaanii seeraan kan hin dhorkamne lammii hunda kan hammatu dha.

Dimokiraasiin **Dimokiraasii Kallattii** fi **Dimokiraasii Bakka Bu'insaa** jedhamee lamatti qoodamee ilaalamuu ni danda'a. Dimokiraasii kallattii keessatti lammiwwan bakka bu'insa tokko malee murtoo kennuu keessatti ofii isaanii kallattiin hirmaatu. Hojimaati dimokiraasii kallattii jiraachuu kan danda'u bakka lakkoofsi ummataa xiqaa ta'e jirutti; dhaabilee hawaasaa kanneen akka afooshaa, iqubii, waldaalee adda addaa (fakkeenyaaf walgahii misooma naannoo keessatti miseensoti waldaalee hojjetootaa, dargaggootaa fi kkf) hundi bakka tokkotti argamanii waliigalteedhaan ykn ammo sagalee caalmaan murteessuu haala isaan dandeessisu dha.

Ateensi durii keessatti namooti kuma shanii hanga kuma ja'a ta'an bakka tokkotti walgahanii sagalee kennuudhaan hojimaata dimokiraasii kallattii hojii irra olchaa turaniiru. Yeroo booda garuu lakkoofsi ummataa baay'achaa waan deemeef dimokiraasii kallattii hojii irra olchuu hin dandeenye. Kanaafuu, filannoon ture dimokiraasii bakka bu'insaa hojii irra olchuu dha. Demokiraasii bakka bu'insaa keessatti ummati abbootii taayitaa dhimmoota nageenya ummataa, misoomaa fi guddina biyyaa irratti murtoo siyaasaa kennan, seera tuman fi sagantaa bulchiinsaa wixineessan filata. Abbootiin taayitaa ummati filatee bakka buufate kun ummaticha bakka bu'anii maqaa ummatichaan dhimmoota biyyaa walxaxaa ta'an irratti maree fi falmii geggeessuun murtee dabarsu.

Biyya keenya keessatti abbootiin taayitaa akkasii kun kan filataman naannoo ummati kuma dhibba tokko jiraatu akka naannoo filannoo tokkootti fudhatamee baka bu'aan ummataa tokko filatamee gara Mana Mare Bakka Bu'oota Ummatatti akka ergamu gochuudhan raawwatama.

Gocha (Hojii daree -Gareen)

- Gilgaala lammaffaa akka hojjetan godhaa. Gilgaala kana irratti barattoonni jechaan deebii akka kennan gochuun hojjechuun danda'ama. Barattoonni dommaqinaan akka hirmaatan kallattii deebii kennuun jajjabeessaa.

Kallattii Deebii:

1. M/Barnootaa keessatti ibsitoota hojimaata dimokiraatawaa:

- Barattooti gumiilee fedhan keessatti hirmaachuu,
- Rakkoolee jiran mareedhaan furmaata kennuu,

2. Manneen barnootaa keessatti faayidaa hojimaata dimokiraatawaa.

- Mirgooti barattootaas ta'e hojjetootaa sirnaan akka kabajamu gargaara,
- Walkabajuu waldanda'uu fi walgargaaruun akka jiraatu godha.

1.2. Mirgoota Namummaa fi Mirgoota Dimokiraasii (Wayitii- 2)

Oophii daree: **Meeshaalee deeggarsa barnootaa**

- Fakkiilee, poosterootaa fi kkf waa'ee mirgoota namummaa fi mirgoota dimokiraasii ibsuu danda'an
- Sanandoota Heeraa Mootummaa Federaalaa fi Mootummoota Naannoolee

1.2.1. Maalummaa Mirgoota Namummaa

Seensa

Gaaffiilee ka'umsaa

- Mirgoota namummaa jechuun maal jechuu akka ta'e jecha mataa keesaniin waraqaa irratti barreessaa.
- Hiikkaa barreessitan hiriyyaa keessan isin cinaa jiru waliin irratti dubbadhaa.
- Barsiisaa! Gaaffiilee armaan gaditti aananii dhiyaatan hojjechiisaa.

Ibsa

- Ittifutuun waa'ee maalummaa mirgoota namummaa irratti ibsa kennaa. Waan isaaniif hin galle yoo jiraate akka gaafatan carraa kennaaf.

Maalummaa Mirgoota Namummaa

Mirgi namummaa dhalli namaa umamaan nama ta'uu isaatiin kan argate ykn kan gonfatee fi mirga enyuyyuu irraa fudhachuu hin dandeenya dha. Akka waliigalaatti humni alaa kamiyyuu mirgoota kanniin kan kennu yookiin kan dhowwatu akkasumas kan hir'isuu fi dabaluu danda'u hin jiru.

Dhimma kanas Heerri Mootummaa Federaalaa **Boqonnaa 2 keeyyata 9** irratti **“Bilissummaawwanii fi mirgoonni namummaa uumama dhala namummaa irraa kan maddan, kan hin sarbanne fi kan hin fudhatamne dha”** jechuun tumameera.

Mirgooti namummaa namni nama ta'uu isaatiin qofa kabajamee akka jiraatu mirgoota beekamtii argachuu fi mirkanaa'uuf qabandha. Mirgooti kunis kanneen armaan gadii:

Mirga lubbuun jiraachuu, mirga nageenya qaamaa, mirga bilisummaa, mirga amantaa, mirga wal qixxummaa, mirga amantii, mirga ilaalchaa fi kkf of keessaa qaba.

Kaayyoon mirgoota namummaa lammiin kamiyyuu ajaja mana murtiin ala akka hin hidhamne, manni isaa akka hin sakatta'amne, akka hin ajjeefamne, qabeenyi isaa akka hin fudhatame, bakka barbaadetti bilisummaan socho'ee jiraachuu akka danda'u mirkaneessuuf dha.

Bu'uura heera mootummaa Itoophiyaatiin mirgoota dhala namummaa jedhamanii beekaman kun, mirgoota seeraans daangeffamuu, abbootii taayitaa mootummaatiins fudhatamuu fi hir'ifamuu hin dandeenya dha. Kana jechuun, ammo, mirgoota dhala namummaa ilaalchisee seerri hin ba'u jechuu miti. Dhimma mirgoota kanneen irratti seeroti bahan mirgoota kanneen haala kamiin ittifayyadamuu akka qabnu agarsiisuu *ykn* mirgoota kanatti fayyadamuuf akka gargaarutti kan bahanidha malee, mirgoota kanneen daangessu kan danda'an miti jechuu dha.

Heerri Mootummaa Federaalawaa Dimokiraatawaa Rippuubilikii Itoophiyaa *boqonnaa sadii kutaa 1 keeyyata 14-48* keessatti mirgooti namummaa kun bal'inaan tarreeffamaanii kaa'amaniiru.

1.2.2. Maalummaa Mirgoota Dimokiraasii

Seensa

Fakkii 1.3 fi gaaffilee ka'umsaa:

- Mirgi dimokiraasii fakkicha irratti calaqisu maal akka ta'e himaa.
- Fakkicha bu'uura godhachuudhaan mirga dimokiraasii jechuun maal jechuu akka ta'e ibsaa.
- Barsiisa! Fakkii mataduree kana jalatti dhiyaate (*Fakkii 1.3. Hundeeffama Gumiilee*) irratti bu'uureffachuun barattooti akka mari'atanii fi gaaffiilee jalatti kennaman akka hojjetan godhaa! Barattoonnis deebii isaanii jechaan akka kennaan gochuun ni danda'ama.
- Itti aansuudhan maalummaa mirga dimokiraasii irratti ibsa kennaa! Waanti isaaniif hin galle yoo jiraate barattooti akka gaafataniif carraa kennaafii. As irratti mirgii fi dirqamni waantota addaan hin bane ta'uu isaanii fi bakka mirgi jiru hundatti dirqamni jiraachuu isaafi mirga ofiitti fayyadamuuf dirqama ofii bahuun murteessaa fi barbaachisaa ta'uu isaa irratti xiyyeeffachuun fakkeenya kennuun hubachiisaa.

Maalummaa Mirgoota Dimokiraasii

Mirgoota dimokiraasii jechuun lammiin kamiyyuu sirna siyaasaa keessa jiraatu keessatti dimokiraasummaa sirnicha irraan kan madde ilaalcha siyaasaa itti amanu karaa nagaa qabeessa ta'een akka tarkaanfachiisuu danda'utti mirgoota kabajamuuf qaban dha.

Mirgooti kunis: Mirga yaada ofii bilisaan ibsachuu, mirga walgahuu fi hiriira nagaa bahuu, mirga gummaa'uu, mirga bakkaa bakkatti socho'uu, mirga dhuunfaa fi mirga maatii, mirga dubartootaa, mirga daa'immanii, mirga haqa argachuu, mirga filuu fi filatamuu, mirga qabeenyaa, mirga hojii, misoomaa akkasumas mirga nageenya naannoo fa'a ofkeessatti qabata.

Bu'uura heera mootummaa Itoophiyaatiin, mirgoota dimokiraasii jedhamanii kan kaa'aman kana irratti qaamoliin seera tumtuu, seera raawwachiiftuu fi seera hiiktuu akkaataa barbaachisummaa isaatti daangaa kaa'uu ni danda'u (Mirgoota seeraan daangeffamuu danda'ani dhajechuu dha).

Mirgooti dimokiraasii kun heera mootummaa Federaalaa *boqonnaa 3 kutaa 2 keeyyata 29-44* bal'inaan tarreeffamanii kaa'amaniiru.

Gocha (Hojii daree-Dhuunfaan)

Gilgaala sadii

- B/Siisa! Bartoonni garaagarummaa mirgoota namummaa fi mirgoota dimokiraasii amman akka hubattan beekuuf waan gargaaruuf barataan marti dhuunfaan deebii isaanii barreeffamaan akka kennan godhaa. Deebii barreeffamu irra naanna'uudhaan sirreeffama kennuun barattoota jajjabeessaa.

1.3. Garaagarummaa (Wayitii- 2)

Qophii daree: **Meeshaalee deggersa barnootaa**

- Poosteroota, fakkiiwwan suurota Saboota Sabalammootaa fi Ummattoota Itoophiyaa mul'isan.

1.3.1. Daree fi mana barnootaa keessatti garaagarummaa barattoota gidduutti mul'atu Seensa

Fakkii 1.4. fi gaaffiilee ka'umsaa

- Bartoota! Barataa cinaa keessan jiru waliin fakkii 1.4. sirriitti ilaalaa.
 - Mana barnootaa keessan keessatti garaagarummaa barattoota giduutti mul'atu tarreessaa.
 - Walii walii keessaniin qabxiilee itti wal fakkaatanii fi gargaartaatan shan shan tarreessaa.
- Barsiisaa! Barnooticha egaluuf brattoonni fakkii 1.4 irratti akka mari'atanii fi gaaffiilee ka'umsaa lama lama ta'anii akka hojjetan godhaa. Deebii barattoonni kennanis irra naanna'uun ilaalaa.

Ibsa

- Gocha olitti raawwatan irraa ka'uudhaan barattooti garaagarummaa jechuun maal jechuu akka ta'e ibsa akka kanaan godhaa. Deebiiwwan barattoota 2-5 erga dhageeffattanii booda hiika garaagarummaa kitaaba barataa keessatti kenname gabaabaatti ibsaafii.

Gocha (Hojii daree)

- Gaaffii jalqabaa gilgaala 4^{ffaa} barattoota hundaaf dhiyeessuun barattoonni muraasni deebii isaanii jechaan akka kennan carraa kennuun bira darbuu ni dandeessu.
- Gaaffii 2ffaa gilgaala 4 barattooti yeroo gabaabaa keessatti cimdiidhaan ykn gareen mari'atanii akka deebisan gochuun goolaba gabaabaa kennaa.

1.3.2. Garaagarummaa Waldandeessisanii Nagaan Waliin Jiraachuu

(Wayitii 1)

1.3.3 Seensa

Gaaffiilee ka'umsaa

- Tapha ykn haasaa keessa hiriyoota ykn obboleewwan keessan waliin waliigaluu dadhabdanii yerootti waldhabdan yaadadhaa.
 - Mudannoo keessan kana hiriyaa keessan isin cinaa jirutti himaa. Sababa waldhabdee fi yeroo sanatti maaltu akka umame gabaabinaan itti himaa.
- Barsiisa! Barattooti lama lama ta'anii gochaalee si'eessituu lama olitti dhiyaatan akka raawwatan godhaa. Waan barattooti jedhan irra deemuun dhaggeeffadhaati jajjabeessaa. Barattoota muddannoon isaanii daree barsiisuu danda'u yoo jiraatan mudannoo isaanii kana dareef akka dhiyeessan afeeraa. Mudannoowwan kun erga dhiyaatanii booda barattooti maal akka irraa baratan gaafadha.
- Xumura irrattis rakkolee waldhabdee fi walitti bu'insi qaqqabsiisu irratti ibsa gabaabaa kennaa.

Gocha (Hojii daree-Dhuunfaan)

Seenaa “**Irgibee fi Faaxxoo**” kitaaba barataa fuula 6 irra jiru barattooti dhuunfaan dubbisanii gaaffiilee 3 gilgaala 4 jalatti dhiyaataniif deebii barreeffamaa akka qopheessan godhaa. Irra naanna'uudhaanii barattooti haala gaariin dubbisuu fi deebii qopheessaa jiraachuu isaanii hordofaa. Hojii kennameef erga xumuranii booda barattooti muraasni deebii isaanii dareef akka dubbisan godhaa.

Keessumattuu ammoo, gaaffilee 2^{ffaa} fi 3^{ffaa} irratti xiyyeeffachuun garaagarummaa waldan deessisanii nagaan waliin jiraachuuf maaltu akka barbaachisuu fi barumsa seenaa Irgibee fi Faaxxoo irraa argatan otoo hin dagatiin waantoota kana hojii irra olchuu akka qaban ciminaan hubachiisuudhaan gara ibsaatti ce'aa.

Ibsa

- Barreeffama maalummaa fi barbaachisummaa garaagarummaa waldandeessisanii waliin jiraachuu agarsiisu, gilgaala 5tti aanee dhiyaate gadifageenyaan barattootaaf ibsaa. Ibsa kennamu kun qabxiilee armaan gadii ifatti agarsiisuu qaba.
- Obsii fi wal dhageeffachuun garaagarummaa waldandeessisanii waliin jiraachuuf dhimmoota murteessoo nu barbaachisan ta'uu isaanii,
- Namoonni uumamaan waantota ittiin garaagara ta'an hedduu kan qabaniif fi kana irraa ka'uu dhaanis namni kamiyyuu yaadi kan koo siriidha kan warra kaanii dogoggora jedhee yaaduu kan hin qabne ta'uu isaa,
- Ana qofatu sirriidha waanti jedhu yoo dhufe jeequmsii fi walitti bu'insi kan umamu ta'uu isaa,

- Garaagarummaa kabjuun amananii fudhachuu fi garaagarummaa waldandeessisanii nagaan waliin jiraachuu jechuun namni kamiyyuu amantaa, ilaalcha, bifa, sanyii fi kkf nu irraa adda yoo ta'ellee mirgaa fi kabaja isaa eguun barbaachisaa ta'uu isaa,
- Garaagarummaan jiraachuun faayidaa qabaachuu isaa hubannee garaagarummaa dinqisiifachuu fi amananii fudhachuu; kunis garaagarummaan dhala namaa gidduu jiru akka eganatti ta'ee, nagaa fi jaalalaan waliin jiraachuuf faayidaa guuddaa kan qabu ta'uu isaa hubachiisuu dha.

Gocha (Hojii mana-Dhuunfaan)

- Gaaffiilee 2n gilgaala 5 jalatti kennaman barattooti sirriitti hojjetanii akka dhufan jajjabeessaa.
- Kan barattooti hojjetanii dhufan harkaa fuudhaati dubbisaa. Deebii barattoota keessaa barumsa kennuu danda'a kan jettan filuun dereef akka dubisamu godhaa.
- Mudannoowwan tasaa tokko tokko irraa barattooti barumsa maalii akka argatan akka himan carraa kennaafii.
- Xumura irratti, garaagarummaa amananii fudhachuu fi garaagarummaa waldandeessisanii nagaan waliin jiraachuun ammam barbaachisaa akka ta'e barattooti xiyyeeffannoon akka hubatan hubachiisuun goolabaa.

1.4. Sirna Mootummaa Itoophiyaa (Wayitii - 2)

Qophii daree: Meeshaalee deeggarsa barnootaa

- Fakkiiwwanii fi poosteroota caaseffama Mootummaa Dimokiraataawaa Federaalawaa Rippuubilikii Itoophiyaa agarsiisan.

1.4.1. Maalummaa fi Barbaachisummaa Mootummaa Dimokiraataawaa

Seensa

Fakkii 1.5, 1.6 fi gaaffilee ka'umsaa

- Fakkiin 1.5 namooti maal yoo godhan agarsiisa?
- Fakkiin 1.6. maal agarsiisa?
- Jecha mootummaa jedhu yommuu dhageessan yaada sammuu keessanitti dhufu ibsaa.
- Barsiisa! Barattooni fakkiiwwan 1.5 fi 1.6 ilaalani gaafiilee 3 olitti dhiyaatan jechaan akka deebisan carraa kenna.
- Waa'ee maalummaa fi barbaachisummaa mootummaa dimokiraataawaa irratti ibsa gabaabaa kenna.

Maalummaa fi Barbaachisummaa Mootummaa Dimokiraataawaa

Maddi ango mootummaa dimokiraataawaa ummata yommuu ta'u mootumichis mootummaa olaantummaa seeraan geggeeffamu dha. Sirna dimokiraataawaa keessatti abbootiin taayitaa geggeessaa biyyaa isa olaanaa irraa kaasee hanga geggeessaa gadi- aanaa gandaatti jiran ummata filatamu. Filannoon kunis kan geggeeffamu kaadhimmamtoota dhiyaatan keessaa ummati kan barbaaduufi naaf ta'a

jedhu filachuu yommuu ta'u; namni filatames badii hojjetee yoo argam ykn gahumsa yoo dhabee argame, yeroo turtii itti filatamellee otoo hin xumuriin ummatichi angoo irraa buusuu ni danda'a. Akkuma ta'etti yeroo turtii itti filatamellee yoo xumure marsaa itti aanutti hin filatamu. Kunis abbootiin taayitaa kuniin to'annoo fi fedhii ummataa jala jiraachuu isaanii agarsiisa.

Mootummaan dimokiraatawaa mirgootii fi bilisummaawwan dhala namaa caalmaatti akka mirkanaa'anii fi hojiirra akka oolan waan godhuuf baay'ee barbaachisaa dha.

Gocha (Hojii daree- Jechaan)

- B/saa! Ibsa erga xumurtanii booda gaafiilee lama gilgaala 6 jala jiran barattooti jechaan akka dubisan godhaa. Barattooti hundi deebisuu akka yaalan jajjabeessaa. Gaaffiileen kun ibsi kennaame barattootaaf ammam akka galee mirkaneessuuf kan dhiyaatan waan ta'eef deebii kennuuf barattoota harka hin kaasnes akka deebisan godhaa. Xumura irrattis deebiiwwan sirrii ta'an gabaabsaati itti himaa.

1.4.2. Maalummaa Mootummaa Federaalawaa

Seensa

Gaaffiilee ka'umsaa

- Jecha Federaala jedhu yommuu dhageessan yaada sammuutti isin dhufu waraqaa irratti barreessaa.
- Yaada waraqaa irra keessan kan barattoota cinaa keessan jiran waliin agarsiisaa. Ammam walfakkaata ykn adda addaa?
- Gaaffiilee mata duree kana jalatti dhiyaatan barattooti qajeelfama kennameen akka
- hojjetan godhaa.
- Yommuu barattoonni hojjetan irra naanna'aatti barattooti waan isaanitti fakkaate
- akka barreessan jajjabeessaa.

Ibsa

- Waa'ee maalummaa Mootummaa Federaalaa ibsa gabaabaa kenna.

Maalummaa Mootummaa Federaalaa

Caaseffama Mootummaa Federaalaa jechuun angoon mootummaa sadarkaa lamatti kan qoodame jechuu dha. Gama tokkoon Mootummaan Federaalawaa sadarkaa gidduu galeessatti kan jiru yommuu ta'u gama biraan ammo Mootummaan Naannoolee walta'inaan angoo ofii irraa hir'isuun Mootummaa Federaalaa hundeessan kan jiran ta'uu isaati.

Itoophiyaan biyyaa sabootaa, sabalamootaa fi ummatoota hedduu waan ta'eef badhaadhinaa fi nagaan jiraachuu kan dandeessu fedhii fi jaalala ummatootaa kanaatiini. Sabooti, sabalammootii fi ummatooti kun nagaan waliin jiraachaa, sadarkaa isaaniitti naannoo isaanii bulchuudhaaf angoo gahaa argachuu qabu. Caaseffamni mootummaa kanaaf ta'u ammoo Caaseffama Mootummaa Federaalawaati.

Itoophiyaan biyyaa Sasoota, Saballammootaa fi Ummatoota hedduu waan taateef badhaadhinaa fi nagaan jiraachuu kan dandeessu fedhii fi jaalala ummatootaa kanaatiini. Sababooti sabalmmootii fi Ummatooti kun nagaan waliin jiraachaa sadarkaa isaaniitii naannoo isaanii bulchuudhaaf angoo gahaa argachuu argachuu qabu.

Naannooleen angoo gahaa ofii isaaniif hambifachuun faayidaa waliinii egsisachuuf angoo hafte Mootummaa Federaalaaf kennu. Angoon mootummaa giduugaleessaa kan dhimma hin baafnee fi tokkummaa ummatootaa fi faayidaa waliinii balaarra kan buusu ta'uu hinqabu. Gama biraatiinis angoon harka mootummaa giduugaleessaatti kuufamee mirga ofii ofiin bulchuu ummatootaa naannoo kan dhiphisu ta'uu hin qabu.

Sirnooti naannoolee daangessuu adda addaa yoo jiraatan illee biyyi keenya kan filattee hojii irra olchite sirna daangessuu qubsama, afaan, fedhaa fi enyummaa ummatootaa irratti bu'uureffate dha. Sirni daangessuu kun uummatooti mirgoota ofiin of bulchuu, afaan, seenaa ofii fi kkf guddisuu hojii irra akka olchatan gargaara. Kun ammo uummatooti walitti bu'insa adda addaa keessa akka hin seennee fi mirgooti isaanii akka hin sarbanne isaan gargaara.

Caaseffamni Mootummaa Dimokiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa keeyyattoota heera mootummaa keessatti kaa'aman bu'ura kan godhate dha.

Heericha keessatti keeyyati tokkoffaan moggaasa mootummaa Itoophiyaa ilaalchisee, **“Heerri Kun Caaseffama Mootummaa Federaalawaa fi Dimokiraatawaa tuma ”** kan jedhu kaa'eera. Kana bu'uureffachuudhaan Mootummaan Itoophiyaa **“Mootummaa Federaalawaa Dimokiraatawaa Rippubilikii Itoophiyaa”** jedhamee waamama jedha.

Keeyyata 8 irratti ammo **“Sabooti, Sabalammootii fi Ummatooti Itoophiyaa abbaa angoo olaanaa ti. Heeri kunis ibsama birmaddummaa isaaniiti. Birmaddummaan isaanis kan ibsamu akkaataa heera kana keessatti tumameen bakka bu'oota filatanii fi hirmaannaa kallattiin taasisaniin ta'a”** jedha. Haaluma walfakkaatuun keeyyati 46 haala caaseffama Mootummaa Federaalaa fi Naannoolee **“Mootummaan Federaalaa Naannooleedhaan hundeeffama. Naannooleen kan caaseffaman qubsama, afaan, enyummaa fi fedhii ummatootaa irratti bu'uureffachuun dha”** jechuun ibseera.

Gocha (Hojii daree- Jechaan)

- Barsiisa! Ibsa akka xumurtanitti gaaffiilee 2 gilgaala 7 jalatti kannaman barattooti jechaan akka deebisan jajjabeessaa. Gaaffiileen kun ibis kenname ammam akka galeef mirkaneessuuf waan kennamaniif barattooti harka hin kaafnes akka deebisan godhaa. Xumura irratti deebii sirrii ta'e kennaafii.

1.4.3. Maalummaa Mootummaa Naannoolee

Seensa

Fakkii 1.7

- Mootummaa Naannoolee jechuun maal jechuudha?
- Itoophiyaan Mootummaa Naannoolee meeqa qabdi? Maqaa isaanii tarreessaa.
- Barattooti fakkii 1.7 ilaalanii gaaffiilee itti aananii dhufan akka deebisan godhaa. Gaaffiilee kanas dhuunfaan ykn cimdii cimdiin ta'uun jechaan ykn barreeffamaan deebisuu danda'u.
- Waa'ee maalummaa Mootummaa Naannoolee irratti ibsa gabaabaa kennaa.

Ibsa

Akka duran ibsamuuf yaalame mootummaa naannoolee jechuun mootummoota angoo mataa isaanii irraa hir'isuudhaan faayidaa waliiniif jecha walta'inaan mootummaa Federaalaa hundeessani dha. Mootummaaleen kunis mootummaa federaalaa irraa adda ta'anii ofiin kan ofbulchan ta'ee heerota mataa isaanii heera mootummaa federaalaa hin faallessine qabu.

Gocha

- Barsiisaa! Ibsa akka xumurtanitti barattooni gaaffiilee lamaan gilgaala 8 jalatti kennaman akka hojjetan jajjabeessaa. Gaaffiileen kunis ibsa kenname ammam akka hubatan mirkaneessuuf waan dhiyaataniif deebii kennuuf barattoota harka hinkaafnelle dabaltanii akka deebisan godhaa. Xumura irrattis deebii sirii ta'e barattootaaf kennaa.

1.4.4. Maalummaa Bulchiinsa Magaalaa

Seensa

Fakkii 1.8

- Bulchiinsa magaalaa jechuun maal jechuudha?
- Fakkii 1.9 ilaalanii waa'ee maalummaa bulchiinsa magaalaa deebii akka kennan afeeraa.
- Waa'ee maalummaa bulchiinsa magaalaa irrattis ibsa gabaabaa kennaaf.

Ibsa

Maalummaa Magaalaa

Magaala jechuun naannoo namooti walitti dhufanii waliin jiraatan yommuu ta'u, hojii namooti kun hojjetanii jiraatanii fi baay'ina jiraattotaan kan ibsamu dha. Keessumattuu Itoophiyaa keessatti bakki tokko magaalaa jedhamuu kan danda'u bakka namooti 2000 ol ta'an walgahanii jiraatanii fi hojiin isaan ittiin jiraatan hojii qonnaa ala yoo ta'e dha. Keessumattuu naannootee namooti warshaalee, dhaabilee tajaajila kennan fi kkf hojjetan jiraatan magaalota jedhamanii waamamu.

Maalummaa Bulchiinsa Magaalotaa

Bulchiinsa magaalaa jechun bakki tokko ulaagaa magaalaa guutuu isaatiin kan ka'e magaalicha geggeessuudhaaf gulantaa bulchiinsaa caaseffame jechuudha. Itoophiyaa keessa ulaagaa moggaasa magaalaa kan guutan magaaloti baay'een jiru.

Magaaloti kunis bulchiinsota magaalatiin bulu. Bulchiinsota magaalaa Finfinnee fi Dirree Dawwa irraan kan hafe bulchiinsoti magaalaa hunduu mootummoota naannooleef itti waamamu. Itti waamamni Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee fi Bulchiinsa Magaalaa Dirree Daawwaa gaaruu Mootummaa Federaalaa fi dha. Bulchiinsoti magaalaa hunduu Kantiibaa dhaan geggeeffamu.

Magaaloti caaseffama bulchiinsa magaalaa fi Kantiibaadhaan akka geggeeffamaa kan barbaachiseef magaaloti kunniin sadarkaa isaanii kan eggatan, misoomni isaanii akka saffisu, rakkoolee hawaasaa fi diinagdee jiraattotaa maqsuu fi hawaasni magaalaa misooma irraa fayyadamaa akka ta'u gochuuf ni dandeessisa jedhameeti.

Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee

Magaalaan Finfinnee magaalaa gudditti mootummaa Dimokiraatawaa Federaalawaa Rippuubilikii Itoophiyaa fi magaalaa guddittii Mootummaa Naannoo Oromiyaati. Bulchiinsi Magaalichaas Mana Maree Magaalichaan geggeeffama. Miseensoti mana maree magaalaa kun ammo ummata magaalichaan kan filataman dha. Miseensoti mana mare bulchiinsa magaalaa kun miseensota mana mare keessaa Kantiibaa, I/Aanaa Kantiibaa fi Manaajera bulchiinsa magaalichaa filatu.

Bulchiinsi magaalaa Finfinnee gulantaa gurmaa'ina siyaasa magaalichaa isa olaanaa dha. Gulantaa kanatti aansee Bulchiinsoti Kutaalee Bulchiinsa Magaalaa fi Gandoolee jiru. Gulantaa bulchiinsa magaalichaa keessatti gurmaa'inni gulantaa siyaasaa inni gadi aanaan gurmaa'ina gandaati.

Bulchiinsoti gulantaalee bulchiinsa magaalaa adda addaa irra jiran; Bulchiinsi Magaalaa, Bulchiinsotii Kutaa Magaalaa fi Bulchiinsoti Gandoolee Manneen Maree mataa isaanii qabu. Ittiwaamanni Mana Maree Gandoolee jiraattota gandoolee fi Manneen Maree Kutaalee Magaalotiif dha. Itti waamamni Manneen Maree Kutaalee Magaatotaa ammo jiraattota Kutaalee Magaalotaa fi Mana Maree Bulchiinsa Magaalaaf yommuu ta'u; itti waamamni Mana Maree Bulchiinsa Magaalaa ammo jiraattota magaalichaa fi Mootummaa Federaalaafii jechuudha.

Haala kanaan gulantaaleen gurmaa'ina siyaasa hundi Afaan Yaa'iiwwanii fi hojii raawwachiiftuu qabu.

Bulchiinsi Magaalaa Finfinnee hojiilee misoomaa magaalicha keessatti hojjetamaniif maallaqa barbaachisu ni ramada, rakkoolee diinagdee fi hawaasummaa jiraattotaa ni salphisa, bu'uuraalee misoomaa ni diriirsa. Kallattii guddina magaalichaas ni boca.

Gocha (Hojii daree-Gareen)

- Gaaffiilee gilgaala 9 jala jiran keessaa tokko irratti gareen mari'atanii akka hojjetan godhaa.
- Yommuu barattooti mari'atan irra naanna'uun hordofaa.
- Gareen lama deebii isaanii dareedhaaf akka dhiyeessan godhaa.
- Xumara irratti yaada goolabaa gabaabaa kennaa.

1.5. Hariiroo Biyya Alaa (Wayitii- 2)**Qophii daree: Meeshaalee deeggersa barnootaa**

- Fakkiilee adda addaa walta'insa agarsiisan

1.5.1. Maalummaa Hariiroo Biyya Alaa fi Imaammata Biyya Alaa

- Fakkilee adda addaa walta'insa agarsiisan.

Seensa***Fakkii 1.9. fi gaaffiilee ka'umsaa***

- Biyyooti ollaa Itoophiyaa kaartaa irratti argitan enyufa'i? Maqaa dhahaa.
- Dhimmoota Itoophiyaan irratti biyyoota olla waliin walqunnamtii gootu beektuu?
- Barattoonni Fakkii 9.1. ilaaluun gaaffiilee jalatti dhiyaatan jechaan akka deebisan godhaa.

Gocha (Hojii daree-Gareen)

- Barattoota garee xixiqaa ykn gurguddaan ijaauun nagaan fi waliigatteen waliin jiraachuudhaa fi hojii isaaniittis bu'aa qabeessa ta'uuf maaltu akka barbaachisu yaada kennuun akka mari'atan godhaa.
- Mareen isaaniis kan xiyyeeffachuu qabu qajeelfamoota isaan hordafuu qaban irratti ta'uu akka qabu sirriitti hubachiisaa.
- Yaadota armaan gadiis akka ka'umsaatti kennaaf.
- Maatii isaanii waliin nagaan waliin jiraachuuf miseensota maatii kabajuu, amma humna isaaniitti maatii gargaaruu, meeshaalee itti nyaatan qulqulleessuu, siree irra rafan afachuu qulqullina manaa irratti hirmaachuu fi kkf barbaachisaa dha.
- Maree kanneenis hordofaa. Gareewwan mare isaanii akka xumuranitti dabareedhaan deebbiisaanii dareef akka dhiyeessan godhaa.
- Deebii barattoonni kennan irratti bu'uureffachuun dhuma irratti goolaba armaan gadii kennaa.

Hiriyoota isaanii waliin nagaan waliin jiraachuuf hiriyyaa kabajuu, nama haasa'aa jiru dhaggeeffachuu, naamusaan dubbachuu, waldhabdeen tasaa gidduu isaaniitti yoo mudate dhimicha obsaa fi tasgabbiin irratti mari'achuu; ilaalchaa fi ejjennoo ofii yaada tasgabbaa'een sakkatta'uu, waan sirriidha jedhanii amanan tasgabbiidhaan hubachiisuu fi kkf isaan barbaachisa. Walumaa galatti naamusa gaarii qabaachuun barbaachisaadha.

Ibsa

Dhimma maalummaa hariiroo biyya alaa fi imaammata biyya alaa irratti ibsa gabaabaa kennaa. Ibsi kennamus imaammata biyyaa alaa keenya biyyoota biroo waliin walkabajaa fi faayidaa waliinii tarkaanfachiisuu irratti kan bu'uureffate ta'uu isaa irratti haa xiyyeeffatu.

- Faayidaa fi walabummaa biyya keenyaa egsisuu jechuun maal jechuudha?

Faayidaa fi walabummaa egsisuu jechuun biyyootaa fi mootummoota biroo waliin hirooroo umuu hinqabnu jechuu miti. Balbala keenya biyyoota alaatti cufuu jechuus miti. Yeroo ammaa kana walitti hidhaninsa biyyooti addunyaa gidduu isaaniitti umaa jiran irraa adda of baasnee jiraachuu hin dandeenyu.

Balbala keenya cufannee omisha keenya gabaa alaatti erginee gurgurachuu fi omisha biyya keenya keessaa hinqabne gabaa addunyaa irraa bitachuun fayyadamnee guddina diinagdee galmeessuu hin dandeenyu. Kanaafuu, faayidaa mataa keenyaaf jecha biyyootaa fi mootummoota alaa waliin hariiroo umuuf dirqamna.

Karaa biraatiinis, faayidaa fi walabummaa biyya keenyaa egsisuu jechuun hariiroo biyyoota alaa waliin taasfnu irraa faayidaan keenyi kabajamuu isaa qofa ilaaluu qabna jechuu miti. Faayidaan keenyaa fi isaanii akka egamu gochuun alatti biyyooti faayidaa biyya keenyaa egsisuuf qofa hariiroo nu waliin umuu barbaadan gonkumaa jiraachuu hin danda'an. Kanaafuu, hariiroo umamu irraa faayidaa biyya keenyaa kabachiisuun alattis faayidaa biyyoota kanneenii tilmaama keessa galchuu qabna jechuudha. Kanaafuu, hariiroon biyyoota biroo waliin uumnu hariiroo faayidaa waliinii keenyaa egsiisuuf dhaabbate ta'uu qaba.

Gabaabummati, faayidaa fi walabummaa biyya keenyaa egsisuu jechuun sochiilee misoomaa waliigalaa naannoo keenyatti argaman (misooma diinagdee, siyaasaa fi kkf) galmeessuuf faayidaalee biyyoota biroo otoo hin miidhiin biyya keenya hiyyummaa keessaa baasuun faayidaa fi kabaja ummattoota keenyaa kan egsisu ta'uu qabaa jechuudha.

Yaadawwan bu'uuraa heera mootummaa federaalaa keessatti faayidaalee fi walabummaa biyya keenyaa ilaalchisee kaa'amee yaada olitti dhiyaate kan ibsu dha. Bu'uura kanaan qajeelfamooti hariiroo biyya alaa jbiyyi keenya hordoftu **Heera Mootummaa Federaalaa Keeyyata 86** irratti akka armaan gadiitti taa'eera.

- Imaammata biyya alaa faayidaa ummatoota Itoophiyaa egsisuu fi walabummaa biyyatti kabachiisu hordofuu,
- Walabummaa mootummoota biroo kabajuu fi dhimma keessoo biyyoota biroo keessa seenuu dhiisuu,
- Imaammata biyya keenyaa walqixxummaa fi faayidaa waliinii irratti hundaa'uu isaa fi waliigalteewwan sadarkaa addunyaatti taasifaman faayidaa Itoophiyaa kan kabachiisan ta'uu isaanii mirkaneessuu.

- Seerotaa fi waliigalteewwan addunyaawaa walabummaa Itoophiyaa kabajanii fi faayidaa ummattootaa hin faallessine kabajuu,
- Biyyoota olla fi biyyoota Afirikaa biroo waliin yeroo yeroon gamtaa diinagdee guddachaa deemuu fi obbolummaa ummattootaa gabbisuu,
- Waldhabdeewwan biyyoota gidduutti uumaman karaa nagaa qabeessa ta'een akka hiikaman tattaaffii gochuu kanneen jedhaman dha.

Qajeelfamoota olitti ibsamaniin ala hariiroon biyya alaa kamiyyuu umamuu akka hin dandeenye heerichi ittisee jira. Kanaafuu heerri keenya faayidaa fi walabummaan biyya keenyaa egamee akka jiraatu heera sadarkaa olaanaatti dhaabbatedha jechuun ni danda'ama.

Gocha (Hojii Daree-Gareen)

- Barsiisa! Xumura kana irra akka geessanitti jalqaba boqonnaa kana keessatti barattooti maal akka baratani fi maal akka hubatan gabaabinaan akka ibsan godhaa.
- Barattoota muraasaaf carraa erga kennitani booda goolaba isaa isin dhiyeessaa.
- Xumura irratti gaafiilee keessa deebii akka hojjetan godhaa.

Deebiiwwan gaafiilee keessa deebii

I. Gaafiilee armaan, gadii sirrii yoo ta’an “Dhugaa” dogoggora yoo ta’an ammo “Soba” jechuun deebisaa.

1. Dhugaa 2. Dhugaa 3. Soba 4. Soba 5. Dhugaa

II. Kanneen ‘A’ jalatti tarreeffaman ‘B’ jalatti kanneen tarreeffaman waliin walitti firoomsaa.

1. C 2. A 3. B 4. E

III. Bakkee duwwaa armaan gadii jecha ykn gaaleedhaan guutaa.

1. Obsaa fi waldhageeffachuu
2. Federaawaa 3. Mirga

IV. Gaafiilee armaan gadiif deebii sirrii filadhaa.

1. B 2. A 3. D 4. B 5. D

V. Gaafiilee armaan gadii gabaabinaan deebisaa.

1. Dimokiraasii jechuun sirna bulchiinsaa angoon kan ummataa ta’e jechuu dha.
2. • Mirga gurmaa’uu,
• Mirga haqa argachuu,
• Mirga yaada bilisaan ibsachuu,
• Mirga walgahuu fi hiriira nagaa gochuu,
• Mirga dubartootaa,
• Mirga filuu fi filatamuu
• Mirga qabeenyaa,
• Mirga misoomaa,
• Mirga nageenya naannoo

Iddattoo Karoora Barnootaa

1.1. Dimokiraasiin Maali?

Yeroo	Gocha Barsiisaa	Gocha Barataa
10'	<p>Seensa.</p> <ul style="list-style-type: none"> Barnooticha jalqabuuf <p>Gaaffiilee ka'umsaa fuul 1 irratti haala kamiin akka hojjetan himuu.</p>	<ul style="list-style-type: none"> Gareen ykn cimdiin ta'uun fakkiwwan irratti hundaa'uun gaaffiilee deebisuu.
10'	<p>Gocha (Hojii daree-gareen)</p> <ul style="list-style-type: none"> Barreeffama "Filannoo Muusee Daree" jedhu dubbisuudhaan gilgaala tokko akka hojjetan gochuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Barreeffama mata duree "Filannoo Muusee Daree" jedhu jalatti kenname dubbisuun gaaffiilee 3 gilgaala tokko jalatti kenname hojjechuu.
5 ¹	<p>Ibsa</p> <ul style="list-style-type: none"> Maalummaa dimokiraasii irratti ibsa gabaabaa kennuu fi gaaffii barattootaaf deebii kennuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Ibsa hordofuu fi waan ifa hintaane gaafachuu.
10'	<p>Gocha (Hojii daree gareen)</p> <ul style="list-style-type: none"> Gilgaala 2^{ffaa}n attamiin akka hojjetamu ibsa kennuufi. Gareelee miseensa ja'a ja'a qabu ijaaruun gaaffiilee lamaan akka irratti mari'atanii hojjetan gochuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Ja'a ja'a ta'anii gaaffiilee 2n gilgaala lama jala jiran gareen irratti mari'atanii deebii isaanii dareef dhiyeessuu.
5'	<p>Goolaba</p> <ul style="list-style-type: none"> Goolaba gabaabaa kennuun barattooti qabxiilee ijoo barnoota guyyaa sanaa hubachuu isaanii mirkaneessuu, Barattoota lamaan tokkoof carraa kennuun qabxiilee ijoo barnootichaa akka himan gochuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Goolaba kennamu dhageeffachuu fi yaadawwan bu'uura barnootichaa gabaabinaan himuu.

BOQONNAA LAMA

OLAANTUMMAA SEERAA

Waytii ramadameef – 9

Kaayyoolee Gooroo: Barattooni boqonnaa kana erga xumuranii booda:

- Maalummaa fi faayidaa heeraa fi seerota biroo ni hubatu.
- Olaantummaan seeraa maaliif akka barbaachisu ni hubatu.
- Seerotaa fi dambiiwwan mana barnootaa maaliif akka barbaachisan ni beeku.
- Maalummaa fi barbaachisummaa daangaa aangoo ni hubatu.
- Maalummaa iccitii ni beeku.
- Maalummaa naamusaa ni hubatu.
- Maalummaa malaammaltummaa fi ibsitoota malaammaltummaa ni beeku.

Lakk.	Barannoo	Keeyyoolee Gooree	Meeshaalee deeggarsaa
1	Barbaachisummaa Heeraa	<ul style="list-style-type: none">• Xumura barnoota kanaa booda barattootni:• Maalummaa heerota Mootummaa Feederaalaa fi Mootummaa Naannoolee adda baasunii ni ibsu.• Barbaachisummaa seerota biroo ni hubatu.• Barbaachisummaa dambiiwwaan mana barnootaa ni ibsu.• Hariiroo dambiiwwan manneen barnootaa fi seeroota biroon heera waliin qaban ni ibsu.• Seerotaa fi dambiiwwan mana barnootaa fi naannoo isaanii ni kabaju.	<ul style="list-style-type: none">• Sanadoota heroota Mootummaa Naannoolee fi Feederaala.
2	Olaantummaa Seeraaf Bitamuu	<ul style="list-style-type: none">• Maalummaa olaantummaa seeraa ni ibsu.• Olaantummaa seeraaf bitamuun maaliif akka barbaachisu ni ibsu.• Seera duratti maalummaa walqixummaa lammiiwwanii ni ibsu.	<ul style="list-style-type: none">• Sanadoota heerota Mootummaa Naannoolee fi Feederaala.

3	Naamusa	<ul style="list-style-type: none"> • Naamusa barattoota irraa eegamu ni kabaju. • Haadhaa fi abbaa kabajuun maaliif akka barbaachisu ni ibsu. • Haadha, abbaa fi hangafoota isaanii ni kabaju. 	<ul style="list-style-type: none"> • Fakkii yeroo barattootni qo’atanii fi hojii manaa isaanii hojjetan kan agarsiisu.
4	Aangoo	<ul style="list-style-type: none"> • Maalummaa aangoo fi barbaachisummaa daangaa aangoo ni ibsu. • Muusee daree yemmu ta’an aangoo isaanii seeraan itti fayyadamu. 	<ul style="list-style-type: none"> • Faakkiilee adda addaa madda aangoo agarsiisan.
5	Icciiitii	<ul style="list-style-type: none"> • Maalummaa icciiitii ni ibsu • Amala icciiitii dhuunfaa ni tarreessu. • Barbaachisummaa icciiitii eeguu ni ibsu. 	
6	Malaamaltummaa	<ul style="list-style-type: none"> • Maalummaa malaamaltammaa ni ibsu. • Gochaalee ibstoota malaamaltummaa ni tarreessu. • Miidhaawwan malaamaltummaan dhaqab-siisu ni tarreessu. 	

2.1. Heerri Maalii? (Wayitii – 2)

Qophii Daree: Meeshaalee deeggersa barnootaa

- Heera Mootummaa Dimookraatawaa Federaalaawa Rippabilikii Itoophiyaa
- Heerota Mootummoota Naannolee

Seensa

Gaaffilee ka’umsaa

- Heera yemmu jedhamu dhageessanii beektuu?
- Heera jechuun maal jechuu isinitti fakkaataa?
- Heerri faayidaa maal qabaa?

- **Barsiisa!** Kitaaba barataa keessatti mata duree 2.1 “**Heerri maal?**” jedhu jalatti gaaffilee lama (2) dhiyaatan irratti barattootni duraan waa’ee maalummaa heeraa kan beekan yoo qabaatan adda baasuudhaa fi mata duree guyyichaan wal barsiisuuf yeroo muraasaaf akka gareen mari’atan godhaa.
- Sanada heera mootummaa isin harka jirus wal harkaa fudhanii akka ilaalan godhaa. Xumura irrattis, waa’ee maalummaa fi faayidaa heeraa mareen irratti waligalan barattoota dareef akka dhiyeessan carra kennaa!

Gocha (Hojii Daree-Gareen)

- Waa'ee heera barreeffama kitaaba barataa fuula 15 fakkichatti aansee dhiyaate barattoonni dhuunfaan akka dubbisan godhaa.
- Dubbisicha erga xumuranii booda, garee isaanii duraatti deebi'anii gilgaala 1 akka hojjetan godhaa. Heera ilaalchisee beekumsi barattootni dubbisa kana dura qabanii fi dubbisichaan booda argatan hammam akka wal fakkaatuu fi adda adda ta'e irratti akka dubbatan godhaa. Isinis mare barattoota hordofuun barattootni hundi dammaqinaan akka itti hirmaatan godhaa.
- Xumura irrattis ibsa gabaabaa kennuun golabaa.

Maalummaa Heeraa

Heera jechuun sanada seera mootummaa dhimmoota imaammataa irratti bu'ureffate ta'ee seera olaanaa fi madda seerota biroo ta'uun kan tajaajilu; waa'een mirgoota bu'uura namummaa fi dimookraasii kessatti kantumamu hariiroo lammiiwwanii fi mootummaa akkasumas hariiroo qaamolee mootummaa gidduu jiraachuu qabu kan murteessuu dha.

Heerri kaayyolee bu'uura lama kan qabu sanada seeraa fi siyaasati. Gama tokkoon dhalli nama jireenya boodatti hafaa keessa bahee hawaasa siyaasa ammayyaawaa keessa galuun sirnaa fi seeraan buluu erga jalqabee kaasee heerri qaamolee mootummaa (seera tumtuu, seera hiktuu fi seera raawwachiiftu) caasesuu fi aangoo fi ittigaafatamummaa isaanii murteessuu keessatti sanda gahee olaanaa qabuu dha. Ergamni kaayyoo heraa kun jaarraa 18^{ffaa} booda guddachaa kan dhufee aangoon akka durii harka nama tokkoo, dhaabbata tokko yookiin paartii siyaasa tokkotti akka hin kuufamnee fi aangootti akka malee fayyadamuun akka hin uumamne aangoo qaamolii mootummaa adda addaaf qooduun murteessuudha. Ergama isaa kanaan heerri aangoo fi itti gaafatamummaa qaamolii mootummaa gurguddoo ta'an tarreessuu fi qaamolii kanneen gidduu hariiroo jiraachuu qabu murteessuu dha.

Jecha biraatiin, heerri caseeffamaa fi kalattii sirna siyaasa tokkoo kan bocudha jechuun ni danda'ama. Amalli heera mootummaa tokkoo, yeroo dheeraaf kan tajaajiluu fi sirna wal harkaa fuudhiinsa aangoo siyaasaa naga-qabeessa ta'e akka jiraatu kallattii kan ka'uu ta'uu isaati. Amalli heeraa inni biroon immoo seera olaanaa ta'uu isaati. Heera keessatti kan tumaman qajeelfamoota waliigalaa yemmuu ta'an dhimmootni tarreeffama biroon seerota biroo keessatti kan argaman ta'a.

Kaayyoon heera inni lammaffaan immoo aangoo fi itti gaafatamummaan qaamoli mootummaaf kenname, akkasumas haariiroon qaamolii kanneen gidduu jiru callisee kan gadhiifame osoo hin taane daangaa aangoo kaa'uu dha. Seenaan siyaasa biyya keenyaa keessatti jechuunis bara Mootummaa Fiwudaalaa fi Mootummaa Dargii akkasumas waraana Addunyaa 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} keessatti lubbuu namaa badee fi qabeenyaa barbadaa'eef sababa guddaa kan ture aangoon abbootii taayitaa dangefamuu dhabuu isaatiin dha.

Kanaafuu, kaayyoon heeraa dhaabileedhaa fi humnoota siyaasaatiif aangoo kennuu qofa osoo hin ta'iin aangoo kenname kanas daangessuu dha.

2.1.1. Barbaachisummaa Heeraa

Seensa

Gaaffii ka'umsaa

- Herri maaliif brbaachisaa?
- Barsiisa! Mata duree “**Heerri Maaliif Barbaachisa?**” jedhu jalatti gaaffiin dhiyaate barattoonni daree keessatti dammaqinaan akka hirmaatan kakasuuf waan ta'eef kitaaba isaanii cufanii deebisuu akka yaalan jajjabeessaa.
- Barattoonnis mata duree “Heerrii maalii?” jedhu irraa beekumsa argatan ka'umsa godhachuudhaan gaaffii “Heerri maaliif barbaachisaa?” jedhu jechaan akka deebisan godhaa.

Gocha (Hojii Daree-Dhuunfaan)

- Itti aansuudhaan ibsa waa'ee barbaachisummaa heera mootummaa kitaaba barataa fuula 18 irratti dhiyaate akka dubbisan godhaa.
- Dubbisicha erga xumuranii booda deebii isaan duraan kennan yaada ibsa keessaa argatan waliin hammam akka wal fakkaatu akka irratti dubbatan jajjabeessaa.

Ibsa

- Itti aansuudhaan waa'ee barbaachisummaa heeraa irratti ibsa gabaaba kennaa.

Barbaachisummaa Heeraa

Haala barannoo tokkoffaa keessatti ibsameen barbaachisumaan heeraa kan nama wal falmisiisu miti. Haala kanaan heerri kaayyolee armaan gadii ofkeessatti qabaata.

- Umaata heerricha irratti mari'atee fi mirkaneeffatef heerri kun sanada wabii ummatichi waliin jiraachuudhaaf waadaa gale ta'uun tajaajila.
- Heerri sanada waada hariiroo mumatichi bakka bu'oota filate waliin qabu ta'ee tajaajila.
- Heerri seera olaanaa biyya tokkoo waan ta'eef, seera qabeessummaan seerota biroos heera kana irraa kan maddu ta'a. Bu'uura kanaan heerri seerotni adda addaa kallattii akka qabataniifi seerotni heerichaan faallaa ta'an ykn tarkaanfiiwwan bulchiinsaa heera kanaan wal hinsimne yemmuu fudhataman, seerotaa fi tarkaanfiiwwan kunniin haquudhaa fi sirreessuudhaaf sanada olaanaa ta'ee tajaajila.
- Heerri mirgaa fi dirqama ummata kan barsiisu, uumatni akka salphaatti argatee kan dubbisu, kan hubatu, kan ittiin gaggeeffamuu fi sanada meeshaa amansiisaa ummataa ta'ee tajaajila.
- Heerri daangaa aangoo fi gahee hojii hoggantootaa fi filatamtoota ummataa (seera tumtuu, seera raawwachiistuu fi seera hiiktuu) murteessa. Kanaafuu, ummatni mirga isaa beekke mootummaa gaffachuudhaaf hubannoo akka argatuf gargaara. Bakka bu'utni ummataas ummataaf gaafatamummaa qabachuu isaanii ni hubatu. Kanaafuu, heerri itti gaafatamummaa fi gaafatamumaan ifatti akka mul'atu taasisa.

- Qajeelfamooti siyaasaa, dinagdee fi hawaasummaa biyya tokkoo haala waligalaan sanada heerra mootummaa qabatee waan qindaa'uuf ummatnis ta'e mootummaan qajeelfamoota kana hojii irraa olchuun guddina fiduun akka danda'an ni taasisa.
- Heerri sanada mirgootaa bu'uuraa fi bilisummaa lammiiwwan biyya tokkoo of keessatti qabatu waan ta'eef lammiiwwan mirgaa fi dirqama isaanii sirriitti beekanii mirgoota isaaniitti akka fayyadamaniifi dirqamoota isaanii sirriitti bahachuu akka danda'an taasisa.
- Heerri dudhaawwanii fi aadaan dimookraasii dhalootaa gara dhalootaati akka darban taasisa. Sirna barnootaa keessa galuunis manneen barnootaa keessatti daa'imman waa'ee sirna dimookraasii fi margaa fi dirqama isaanii akka beekan ni gargaara.

Haala kanaan, ijoolleen umurii mirga filuu fi filatamuu yemmuu ga'an, sirna dimookraatawaa kan kabajanii fi kan kabajisiisaan, babal'inaa fi jabina sirna dimookraatawaa waan qabsa'aniif lammii boonsaa ta'uu danda'u.

Goolaba

- Barattootni gaaffii yoo qabatan akka dhiyyeessan carraa kennaa! Gaaffii hin qaban yoo ta'ee waa'een barbaachisummaa heera hammam akka isaaniif gale akka ibsan barattoota lamaan tokko gaaffadhaa!

2.1.2. Heerota Mootummoota Naannoolee (Wayitii-1)

Seensa

Gaaffii ka'umsaa

- Chaartii armaan olitti dhiyaate irraa maal hubattu?
- **Barsiisa!** Barattooti barnooticha dammaqinaa fi fedhiin hordofuu akka danda'an chaartii mata duree kana jalatti dhiyaate dhuunfaan ykn cimdiin ilaalanii chaarticha irraa maal akka hubatan akka ibsan godhaa.
- Heerri Mootummaa Dimokiraatawaa Federaalawaa Rippuubilikii Itoophiyaa seera olaanaa biyyatti waan ta'eef chaartii kana gidduu taa'uu isaa ibsaa. Heeroti mootummoota naannoolee ammo heera federaalaa bu'uura godhachuun haala qabatama naannoolee gidduugaleessa godhachuun waan tumamaniif heera mootummaa federaalaa waliin walqabachuu isaanii ibsuudhaan goolabaa.

Gocha (Hojii daree-Jechaan)

- Barsiisa! Gaafiileen gilgaala 2 jalatti dhiyaatan barattoonni mata duree kana jalatti waan baratan ammam akka isaaniif gale mirkaneeffachuf waan gargaaruuf deebii isaa jechaan kennanii akka darban gochuun ni danda'ama.

2.1.3. Dambiiwwanii fi Seerota Biroo

Gaaffiilee ka'umsaa

- Seera jechuun maal jechuudha?
- Heeraan ala seerota biroo baasuun maaliif barbaachise?
- Gaaffiilee kanneen irratti barattooti gareewwan xixiqqaa ykn cimdiin yeroo gabaabaaf akka mari'atan godhaa.
- Deebii barattooti kennan hordofuuf irra naanna'uun dhaggeeffadhaa.
- Deebii isaanii jechaan dareef akka dhiyeessan barattoota muraasaaf carraa kennaa.
- Xumura irratti waa'ee maalummaa fi barbaachisaa seerota biroo irratti ibsa dabalataa kennaa.

Ibsa

Maalummaa fi Faayidaalee Seerota Biroo

Amaluma isaatiin, heerri mootummaa sanada tumaataalee fi qajeelfamoota waliigalaa qabatu dha. Kana waan ta'eef heera mootummaa keessaa dhimmoota tarreeffamaa adda addaa argachuun hin danda'amu. Dhimmoota tarreeffama akkasiif deebiin kan argamu seerota tarreeffamoo biroo kessati.

Akkuma fakkeenyaatti heerri mirgi lubbuun jiraachuu lammii tokkoo kan kabajame ta'uu isaa waliigalaan tumeera. Haa ta'u malee mirgi kun yoo sarbame nama mirga kana sarbe irratti tarkaanfii seeraa fudhatamuu qabuu fi tarkaanfii kanas enyu akka raawwachiisuu qabu tarreeffamaan hin kaa'u. Kanaafuu, gaaffiilee kanneen fakkaataniif deebii kennuu kan danda'an seerota biroo tarreeffamaan bahandha.

- Seera jechuun dambii ittiin bulmaataa dhalli namaa nagaa fi haala sirrii ta'een jiraachuu akka danda'u; dirqama isaa raawwachuu qabu, mirga isaa itti fayyadamuu qabuu fi waan raawwachuu hin qabnee fi dharkame sanada ibsu dha.
- Seerri qaama angoo qabuun kan bahuu fi kan hojii irra oolu walitti qabama damboota siyaasaa, diinagdee fi hawaasummaati.
- Seerri dhalli namaa jireenya isaa fi walitti dhufeenya isaa sirnaan akka geggeessu gochuuf yaadamee dambii mootummaatiin bahuu fi hawaasaan kabajamu dha. Dambiin kun hawaasa biraatti fudhatama akka qabatuuf mootummaan egumsa kan godhuuf yemmuu ta'uu cabsamee yoo argamees qaama seera kana cabse irratti addabbii kan qaqqabsiisuu dha.

Faayidaan seerri kennu haala qabatamaa sirna hawaasaatiin adda adda ta'a. Haa ta'u malee, hawaasa hunda keessatti faayidaalee seeraa gurguddoo jedhamanii kan beekaman kanneen armaan gadii ni jiraatu.

- A. Seerri hariiroo hawaasummaa lammiiwwan gidduu jiraaatu murteessuuf ni gargaara.
- B. Nagaa fi tasgabii hawaasichaa eeguuf ni gargaara.
- C. Wal-dhabdeewwan hawaasa gidduutti uumamuu danda'an, yoo danda'ame hambisuuf, yoo dadhabame immoo karaa sirrii ta'een hiikuuf meeshaa guddaa ta'ee tajaajila.

- D. Aangoo mootummaa murteessuu fi dangesuun mirgoota lammiwwanii kabajisiisa.
- E. Hariiroo qaamolee mootummaa gidduu jiru murteessuuf gargaara.
- F. Mootummaa fi caaseffama mootummaa hundeessuuf gargaara.
- G. Mirgoota namummaa kabajisiisuuf gargaara.
- H. Meeshaa jijjiirama guddina hawaasummaa ta'ee tajaajila.

Akka waliigalaatti, seerri lammiwwan nagaa fi gammachuudhaan akka jiraatan gochuuf maal gochuun akka irra jiraatuu fi maal gochuun akka irra hin jiraanne ifatti waan agarsiisuuf faayidaa olaanaa qaba.

2.1.4. Dambiiwwan mana Barnootaa

- Barattootni kitaaba isaanii keessatti fakkii 2.2 fi 2.3 ilaalanii garaagarummaa daree kanneen gidduu jiru yoo xiqqaate qabxii lama akka himan godhaa. Barattootni muraasni erga deebisanii booda gaaffilee fakkiilee kanatti aananaii dhufan barattootni murtaa'an akka deebisan afeeraa.

Ibsa

- Xumura irrattis ibsa gabaaba armaan gadii kennaa.
- Fakkii 2.2 irratti barattootni daree barnootaa keessatti dammaqinaa fi naamusa gaariin barsiisaa isaanii yommuu dhaggeefatan mula'tu.
- Faallaa kanaa kan ta'e fakkii 2.3 irratti immoo, barattootni daree barnootaa keessatti barnoota hordofuu dhiisanii yemmu jeeqan mula'tu.

Daree barnootaa fakkii 2.3 irratti mula'tu keessatti adeemsi baruu fi barsiisuu shakkii tokko malee bu'a qabeessa ta'a.

Faallaa kanaan immoo dareen barnootaa fakkii 2.3. irratti mula'tu kan jeeqamee waan ta'eef, barattootnis barachuu hin da'andanye. Kanaafuu, dareen barnootaa keessan daree barnootaa fakkii 2.2 irratti mul'atu fakkaachuu qaba.

Gocha (Hojii Daree-Dhuunfaan)

- Dareen barnootaa isaanii daree barnootaa fakkii 2.2 gubba irratti agarsiifame akka fakkaatu gochuu fi adeemsi baruu fi barsiisuu bu'a qabeessa akka ta'u gochuuf dambiin mana barnootaa hagam faayidaa akka qabu akka hubataniif ibsa kitaaba barata fuula 18 irra jiru dubbisanii gilgaala 3 akka hojjetan godhaa!
- Barattootni gaaffilee gilgaala 3 jala jiran yemmuu hojjetan kitaaba isaan ilaaluudhaan deebii kennuu ni danda'u. Kanaafuu, fakkeenya waliin akka dhiyeessan godhaa.

1. Mana barnoota keessa dambiin jiraachuun maaliif barbaachisee?

- Gaaffii kanaaf barattootni "Adeemsi baruu fi barsiisuu seera qabeessa ta'e akka jiraatu gochuuf." jedhanii akka hin xumureef, kana jechuun maal jechuu akka ta'e fakkeenya fudhachuun akka ibsan gaaffadhaa.

2. Mana barnootaa keessatti seerrii fi dambiin osoo hin jiraannee rakkoolee akkamiitu umamuu danda'a ture?
- Gaaffii kanaaf deebiin barattootni kennan “Rakkooleen naamusaa umamuu danda’u.” yaada jedhuu qofaan akka hin xumure, rakkoolee naamusaa mudachuu danda’an keessaa fakkeenya lamaan tokkoon akka ibsan gaafadhaa.

Goolaba

- Deebii barattootni kennan erga dhaggeeffatanii booda ibsa xumuraa armaan gadii kennaa.
1. Dambiin mana barnootaa barattootni daree keessaa fi alatti akkasumas mooraa mana barnootaa keessatti maal gochuun akka isaan irraa eegamuu fi maal gochuun akka isaan irraa hin eegamne kan ibsu sanada faayidaa qabeessa dha. Bifuma wal fakkaatuun, barattootni daree keessatti yemmuu barachaa jiraniis barsiisa sirritti akka dhaggeefatan, gaaffii yemmuu gaafatanis ta’e yemmuu deebisan harka baasuun barsiisaan yemmuu heeyyamuuf qofa gaaffachuus ta’e deebisuu akka qaban, barataa cinaa isaaniis jiru waliin odeessuu fi jeequu akka hin dandeenye, dabaree isaaniitiin qulqullina daree barnootaa keessatti hirmaachuu akka qabaniis fi kkf ifatti agarsiisa. Bifuma walfakkaatuun mooraa mana barnootaa keessatti hawaasa mana barnootaa kabajuu, yeroo boqonnaa isaaniitti hiriyyoota isaaniis waliin nagaa fi jaalalaan taphachuu akka danda’an; wal loluu, wal arrabsuu fi wal rukutuun dhoorkaa ta’uu isaa tarreeffamaan kaa’a.

Dambicha irratti kanneen ibsaman raawwachuu dhiisuu fi cabsuun ammo rakkoolee qaqaabsiisaan tarreeffaman kaa’a. Kanaafuu, dambiin mana barnootaa dareewwan barnootaas ta’e manni barnootaa akka walii galaatti adeemsa baruu fi barsiisuu mijataa akka ta’u gochuudhaaf gahee guddaa taphata. Daree barnootaa keessa jeequmsa hin jiru yoo ta’e wayitiin barnoota ramadame guutumaa guututti hojii barnootaaf oola. Kunis bu’a qabeessa ta’uudhaaf gargaara.

2. Seerrii fi dambiin mana barnootaa keessa hin jiru yoo ta’ee daree barnootaas ta’e mooraa mana barnootaa keessaa naamusni ni bada. Barattootni barnoota isaaniis sirnaan hordofuun hafee, walii walii isaaniitiin wal tutuquu fi wal jeequun barsiisaan barsiisuu mannaa yeroo isaa harka caalu dhimma jeequmsa tasgabeessuu irratti dabarsa. Mooraa keessaa fi dirree taphaa irratti dabaree waliif kennuu dhabuun anatu dursa, ani jalqaba ta’uun qaba jechuudhaan barattootni wal loluu, wal reebuu, kan humnaan caaluu olaantummaa isaa agarsiisuudhaan warra kaan reebbee, ari’uufi kkf gochuu ni danda’a.

2.2. Olaantummaa Seeraaf Bitamuu (*Wayitii- 2*)

Qophii daree: Meeshaalee deeggarsa barnootaa

- Heerota Mootummaa Fedraalaa fi Naannolee

2.2.1. Maalummaa Olaantummaa Seeraaf Bitamuu (*Wayitii-1*)

Seensa

Gaaffii ka'umsaa

- Olaantummaa seeraaf bitamuu jechuun maal jechuu dhaa?
- Gaaffii kana yaada barattootaa harkisuuf jecha gaaffachuudhaan barattootni muraasni deebii akka kennan carraa erga kennitanii booda kallattiidhaan ibsa gabaabaa kenna.

Ibsa:

- Waa'een maalummaa olaantummaa seeraaf bitamuu kitaaba barataa keessatti ibsame akka jirutti ta'ee kan armaan gadii itti dabaluuun dhiyyeessaa.

Maalummaa Olaantummaa Seeraaf Bitamuu

Murtoon itti gaafatamaa yookiin mana hojii tokko seera irratti kan bu'uureffate malee ittigaafatamtichi kara ofii isaatii barbaaduun ykn karaa seera ala ta'een murta'uu hin qabu. Olaantummaan seera qajeelfama dhimmootni akkasii akka hin raawwatamne lammiwwaniif eegumsa kennuu dha. Kanaafuu, olaantummaan seeraa aangoo fi itti gaafatamummaan hoggantootaa seeraan kan kennamee fi kan dangeffame ta'uu isaa agarsiisa. Namni kamiyyuu aangoo fi ittigaafatamummaa kennameefiin ala hojjechuu hin qabu. Hojjete yoo argames gochi isaa seeraan ala kan raawwatame ta'uu isaa agarsiisa.

Gocha (Hojii Daree- Gareen)

- Gaaffileen lama gilgaala 4 jalatti dhiyaatan barattootni duraan waan baratan akka gabbifatan waan gargaaruuf qajeelfama kennameef irratti hundaa'uun mari'atanii gabaasa akka dhiyyeessan gareelee muraasaaf carra kenna.

Goolaba

- Xumura irrattis yaada waliigala armaan gadii kenna.

Olaantummaan seeraa murtoo namni, manni hojii fi hogganaan kamiyyuu murteessu seera irratti kan hundaa'e ta'ee seeraan ala akka feeteen akka hin murtoofneef qajeelfama lammiwwaniif egumsa seeraa kennuu dhaa.

Olaantummaa seeraaf bitamuu jechuun, namni, manni hojii, hogganaa fi abbaan tayitaa kamiyyuu aangoo fi ittigaafatamummaa seeraan kennameef kabajuun seera irratti karaa hundaa'en qofa hojii isaanii raawwachuu jechuu dha.

2.2.2. Olaantummaa seeraaf bitamuun maaliif barbaachisa? (*Wayitii-1*)

Seensa

Gaaffii ka'umsaa

- Olaantummaa seeraaf bitamuun maaliif barbaachisee?

- Olaantummaa seeraaf bitamuun maaliif akka barbaachisu barattooti himuu akka yaalan jajjabeessuun barattoonni muraasni akka deebisan carraa kennaaf.

Gocha (Hojii Daree-Dhuunfaan)

- Itti aansuudhaan kitaaba barataa keessaa ibsa mata duree kana jalatti kenname barattoonni dhuunfaan akka dubbisan godhaa. Dubbisani akka xumuranitti faayidaa olaantummaa seeraaf bitamuu jechaan akka deebisan barattoota muraasaaf carraa kenna.

Ibsa

- Xumura irrattis ibsa armaan gadii kenna.

Sababoota Olaantummaa Seeraaf Bitamuun Barbaachiseef

- Sababiin guddaan olaantummaa seeraaf bitamuun barbaachiseef hogganaan, maani hojii fi kkf kamiyyuu angoo seeraan kennameef ala deemanii ykn ammo seericha cabsanii lammiiwwan akka hin miineefi hin rakkifne gochuu fi hojii sirii fi faayidaa qabeessa ta'e akka hojjetangochuuf kan gargaaru ta'uu,
- Olaantummaa seeraaf bitamuun yoo jiraate mirga nama kamiyyuu kan hin danda'amne gochuun wal kabaajuu fi nagaan waliin jiraachuufkan gargaaru ta'uu,
- Olaantummaa seeraaf bitamuun yommuu dhibu garuu lammiiwwan nagaan bahanii nagaan galuu dhabuu irra darbee mirgooti isaanii nama kamiinuu sarbamuu: saamamuu, tumamuu fi ajjeeffamuu kan danda'an ta'uu isaanii eruun ni danda'ama.

Gocha (Hojii daree-gareen)

- Barreeffama “Dallansuu Obbo Namoomsaa” jedhu kitaaba barataa fuula 19 irraa barattoonni dubbisani gaaffiilee 3 gilgaala 5 jala jiran gareen ykn cimdiin akka mari'atanii deebisan godhaa.
- Yommuu barattoonni dubbisani fi hojjetan irra naanna'uun hordofaa. Gaaffiilee kanniin hubachuu yoo dadhabanis ibsaaf.
- Fakkeenyaaf, gaaffii 1^{ffaa}: Naamusa M/barumsaa kabachiisuu keessatti hojiin man barumsaa Idiget Behibret keessatti hojetame kan mana barumsaa keessanii ol moo gadi? Gaaffii jedhu irratti fakkeenya kennuun akka deebisan godhaa ture.
- Gaaffii 3^{ffaa}: Hojii Kiruubee hojjete sirriidhaa jettanii yaadduu? Booda dhiifama gaafachuun isaas sirriidha jettuu? Irratti mariidhaa.
- Maree isaanii erga xumuranii booda deebii isaanii dareef akka dhiyeessan barattoota muraasaaf carraa kenna.
- Xumura irrattis deebii barattoonni gaaffiilee kanneeniif kennan ka'umsa godhachuudhaan goolabaa.

Tarii gaaffii lffaa alatti barattoonni naamusa ilaalchisee meeshaan nu duraa hin banne, barataan hatamu hin jiru waan ta'eef manni barnootaa keenya caalmaatti fooyyee qaba jechuu ni malu.

- Yeroo kana barattoota dinqisiifachuun manni barnootaa keenya gaarii ta'ee akka ittifufu hundi keessan haaluma kanaan ijoollee gaarii naamusa kabajan ta'aatti itti fufaa jechuun jajjabeessaa. Yoo ammo manni barnoota keenya sanuma, naamusa hamaa qaba jedhan rakkoolee naamusaa jiran akka ibsan gochuun rakkoolee kanniin furuuf ammo bulchiinsa mana barumsaaf akka dhiyeessan godhaa.
- Obbo Namoomsaan manni barumsichaa seera hin qabuu? Yookiin ammo seerichi hin kabajamuu? jedhanii yommuu gaafatan, barattoonni kun mana barumsa keessattis ta'e daree barnootaa keessatti amala agarsiisuu qabanfi naamusa hordofuu qaban ilaalchisee qajeelfamni jiraachuu isaa sirriitti beeku turan jechuu dha. Kanaafuu, yommuu qajeelfamni kun cabuu fi naamusni hammaachaa dhufatti manni barnootichaa tarkaanfii sirreessaa waan hin fudhanneef namootni badii dalagan baay'achaa dhufuu isaanii ibsaa jiruu jechuudha.
- Deebii Kiruubeel kenne irraa kanee yommuu ilaallu meeshaalee ijoollee fudhachuun cimna ta'ee waan itti mul'ateef malee hatuun naamusa gadhee ta'uu isaa beekke akka hin taane nu hubachiisa. Kana malees hatuu isaa otoo hin haaliin dhugaa dubbatee amanuun dhiifama gaafateera. Kiruubeel balleessaa isaa amanee battalumatti dhiifama gaafachuun isaa nama gaarii ta'uu isaa agarsiisa.
- Kanaafuu, barattoonni Kiruubeel irraa waan guddaa barachuu akka qaban, qajeelfamoota mana barumsaa sirriitti beekanii kabajuu akka qabanii fi akka tasaa yoo dogoggoraniis badii raawwatan kun dogoggora ta'uu isaa beekanii dhiifama akka gaafatanii fi dogoggora akkasiis itti deebi'anii raawwachuu akka hin qabne ciminaan gorsaa.

2.2.3. Maalummaa Seera Duratti Walqixxummaa Lammiiwwanii

Seensa

Gaaffii ka'umsaa

- Lammiiwwan seera duratti walqixxa jechuun maal jechuudha?
- Gaaffii kana akka deebisaniif barattoota lamman tokkoof carraa kennaa. Yaada rimeen kun sadarkaa fi umurii barattootaa kanatti ulfaachuu waan maluuf ibsa mata duree kana jala jiru dubbisanii gaafficha deebbisuu akka yaalan jajjabeessaa.

Ibsa

- Xumura irratti umurii fi sadarkaa barnoota ijoollee haala gituu danda'uun maalummaa seera duratti walqixxa ta'uu lammiiwwanii ilaalchisee ibsa salphaa fi gabaabaa ta'e fakkeenya waliin kennaafii.

Maalummaa seera duratti walqixxa ta'uu lammiwwanii

Namni kamiyyuu seera duratti walqixxa yommuu jedhamu, dhiira, dhalaa, gurracha, adii, diimaa, hiyyeessa, duuressa, abbaa taayitaa fi kan kana fakkaatu otoo hin jedhiin seera duratti wal hincaalani jechuudha.

Lammiiwwan seera duratti walqixxa ta'an jechuun hiyyeessa, duuressa, daldalaa, qotee bulaa, kan baratee fi kan hin baranne jechuun gidduu isaaniitti garaagarummaa malee ija tokkoon ilaalamuu jechuu dha.

Fakkeenyaaf, sooressi tokkoo fi hiyyeessi homaa hinqabne tokko balleessaa walfakkaatu yoo dalagan walqixxa himatamuu, walqixxas adabamu jechuu dha. Inni duuressi qabeenya waan qabuuf himatamuu fi adabamuu irraa bilisa ta'uu hindanda'u jechuu dha.

Haala kanaan mana barnootaa tokko keessatti mucaan barriisaa fi mucaan qonnaan bulaa tokko balleessaa walfakkaatu dalaganii yoo argaman, lamaan isaaniyyuu haala qajeelfama mana barumsaa sanaan tarkaanfii sirreessaa walfakkaatut; akkeekachiisa, adabbii fi kkf isaan eggata jechuudha. Inni tokko mucaa barsiisaa waanta'eef adabbiin salphachuufii, inni biraan ammo mucaa qonnaan bulaa waan ta'eef addabbiinsaa ulfaachuu hinqabu. Kana jechuun, seerri nama hunda walqixxummaa fi haala walfakkaatuun ilaala malee aantummaa qaama tokkoo hin qabu.

Gocha (hojii manaa-gareen)

- Gaaffiileen gilgaala 6 jala jiran duraanuu kan xuxxuqamanii fi deebbiinis kennameefii ture. As irratti kan dhiyaatan bifa keessa deebii barnooticha cimsuuf waan ta'eef barattooti yaaddannoo isaanii irratti akka galgalchani fi deebii isaas akka barreessan godhaa. Xumura irrattis dabtara isaanii sororsaafii.

2.3. Naamusa (Wayitii -1)

Qophii daree: Meeshaalee deeggersa barnootaa

Fakkii, poosterii,... yommuu barattoonni hojii manaa hojjetan agarsiisu.

2.3.1. Naamusni Maali?

Seensa

- Gaaffiilee ka'umsaa
- Maatiin keessan isin galateeffatanii ykn isin komatanii beekuu?
- Maal maal yoo gootan galateeffatamtuu?
- Gaaffiilee seensaa kanneennif barattooti hedduun deebii akka kennan godhaa. Sadarkaa umurii barattootaa kanatti tarii jechi “**Komatamtanii**” jedhu itti ulfaachuu waan maluuf “dheekamamtanii” jecha jedhu bakka buusuufii dandeessu. **Yommuu maal maal gootan isinitti dheekamu?** Gaaffii jedhu dabalaafii.

- Gabatee gurraacha bakka lamatti hiruun gidduutti gadi sararaa. Yommuu barattooti deebii kennan gama tokkoon gochaalee isaan galateeffachiisan, gama biraan ammo gochaalee isaan komachiisan tarreessuun galmeessaafii.
- Tarreeffama deebii barattootaa gabatee irratti barreeffaman kana barattooti tokko tokkoon xiinxalanii akka qayyabatan godhaa. Gochaalee barattootaa isaan galateeffachiisan ammam akka walfakkaatan akka hubatan godhaa. Gochaalee isaan komachiisanis bifuma walfakkaatuun ammam akka walfakkaatanii fi walitti dhiyaatan akka hubatan godhaa.
- Itti aansuudhaan, tarreeffama gochaalee dheekamsa qaqqabsiisan jechuun galmaa’an maaliif fakkeenya naamusa gadhee akka ta’an ibsa gabaabaa kennaafii
- Barattoonni fakkii 2.4 sirriitti ilaalanii maal akka irraa hubatan akka dubbatan barattoota muraasaaf carraa kennaa.
- Kana booda fakkii kanaan maal ibsuun akka barbaadame goolabuuf ibsa armaan gadii kennaa.

Maatii gaarin, keessumattuu haatii fi abbaa gaariin ijoollee isaanii naamusa gaariin guddisuuf yaalii guddaa kan godhaniifi naamusni gaariinis maaliin akka ibsamu kan barsiisan ta’uu isaa; Ijoolleen isaanii ibsitoota naamusa gaarii kanneen beekani hojii irra akka olchan guyyaa guyyaan kan hordofan ta’uu isaa.

Gocha (Hojii daree-gareen)

- Barreeffama “**Sadarkaa Maatiitti Ibsitoota Amala Gaarii**” jedhu fakkii 2.4 jalatti dhiyaate barattoonni akka dubisan godhaa. Dubbisicha dhuunfaan erga raawwatani booda tokkoon tokkon barattootaa ibsitoota naamusa gaarii tarreeffaman keessaa kan hojii irra olchaa jirani fi hojii irra olchaa hin jirree fedhii isaaniitiin akka himaniif barattoota muraasaaf carraa kennaa.
- Xumura irrattis yaaddawwan bu’uuraa qabxiilee 1-3 keessatti argaman ibsuudhaan sadarkaa maatiitti ibsitoota naamusa gaarii jedhamuun kanneen tarreeffaman kana hunda hojii irra olchuu akka qaban ciminaan itti himaa.

Fakkeenyaaf abbaa fi haadha kabajuu kan jedhu jalatti:

- Humna maatii ofii sirriitti beekuun fedhii sirrii ta’e naamusa gaariin ibsachuu yaada jedhu sirriitti akka hubataniif yaada armaan gaditti ibsame dabalataan hubachiisaa.
- Maatiin isaanii humna qabaniin waan isaaniif gochuu danda’an yookiin bituu danda’an qofa gaaffachuu akka qaban itti himaa.
- Namni kamiyyuu akka humna isaatti galii argatuun jiraata waan ta’eef ijoolleen waanta arganii fi waan itti bareede hunda maatiin isaanii akka bitaniif gaaffachuudhaan rakisuun sirrii akka hin taane hubachiisuun gaarii dha.

Gocha (Hojii daree – Dhuunfaan)

- Barattootni gilgaala 7 dhuunfaan dabatara isaanii irratti akka hojjetan gochuun soroorsaaf.
- Barattoota haala gaariin hojjetan lamaan tokko filuun deebii isaanii dareef akka dubbisan godhaa.

Goolaba

- Xumura irratti goolaba armaan gadii kennaa.

Naamusni maali?

- Jechi naamusa jedhu bakkaa fi yeroo kamittuu amalootaa fi gochaalee maatii keessatti, mana barnootaatti, naannoo bakka jireenyaatti, akkasumas biyyaa fi ummata keessatti barbaadamaniifi jaallataman ibsuu jecha fayyadamnuu dha.
- Haala kanaan amala gaariin maatiiwwan ijoolleen isaanii akka qabatan barbaadaniifi jaallatan keessaa kanneen armaan gadii eeruun ni danda'ama.
- Abbaa fi haadhaf ajajamuufi kabajuu,
- Hangafootaf ajajamuufi kabajuu,
- Miseensota maatii waliin waljaallachuu, waliif yaaduufi nagaan waliin jiraachuu,
- Qulqulina dhuunfaa ofii eggachuu (harkaa fi miila isaanii guyya guyyaan dhiqachuu, qaama, dabbasaafi huccuu yeroo mara qulqullinaan qabachuu fi kkf)

2.3. Aangoo (Wayitii - 1)**Ophii daree-Meeshaalee deeggersa barnootaa**

- Fakkiilee adda addaa madda aangoo ibsan

2.4.1. Maalummaa Aangoo (Wayitii - 1)**Seensa****Gaaffilee ka'umsaa**

- Mana barnootaa keessan keessatti aangoo olaanaa kan qabu eenyuu?
- Barattootni chaartii fuula 27 irra jiru ilaalani mana barnootaa isaanii keessatti aangoo olaanaa kan qabu eenyu akka ta'e akka himan godha.
- Kana irraa ka'uun hiika isaa kan baran yoo ta'e, aangoo jechuun maal akka ta'e akka deebisan carraa kennaaf.

Ibsa

- Itti aansuun waa'ee maalummaa aangoo irratti ibsa gabaaba kennaaf.

Maalummaa Aangoo

Aangoo jechuun ittigaafatamummaa ykn hojii namaaf kenname tokko sirritti raawwachuu akka dandeessisuuf mirga hojjechuu, hojjechisiisuu, ajajuu fi murteessuu seeraan heeyyamamee namaaf kennamuu dha. Fakkeenyaaf, qindeessaan mana barumsaa tokkoo manni barnootichaa adeemsa baruu fi barsiisuu gaarii akka qabaatu gochuufi barattootnis haala gaariin akka baratan gochuuf hojii bal'aa hojjeta. Barsiisonni sirriitti qopha'anii akka barsiisanii fi hojiiilee dabalataa akka hojjetan ajaja, barattootaa fi barsiisota dambii mana barumsaa hin kabajne irratti tarkaanfii sirreessa fudhata. Kanneen sirreeffamuu didan ammoo qaama olaanaa beeksisuun mana barumsa irraa akka dhorkaman taasisa. Gochaaleen qindeessaa mana barumsaa armaan olitti ibsaman jecha tokkoon aangoo jedhamanii waamamuu danda'u. Ajajuu, hojjechisiisuu, hordofuu, sirreessuufi geggeessuun ibstoota aangoo jedhamu.

2.4.2. Maalummaa fi faayidaa daangaa aangoo

- Gaaffii ka'umsaa mata duree kana jalatti kenname xiqqoo fooyyessaati dhiyeessaa. Jalqaba irratti waa'ee daangaa aangoo waanuma beekan himuu akka yaalan jajjabeessaa. Deebisuu yoo dadhaban ammoo yaada ka'umsaa kennaafii. Fakkeenyaaf angoo muusee daree irratti daangaa godhame ibsuu yaalaa. Waa'ee maalummaa daangaa angoo erga hubatanii booda, faayidaa daangaa aangoo himuu akka yaalaniif barattoota muraasaaf carraa kenna.

Ittigaafatamummaan muusee daree inni guddaan naamusa daree barnootaa kabachiisuudha. Naamusa kana kabachiisuuf aangoo kennameefiitti fayyadamee barattoonni yeroo barnoota keessatti daree akka hin jeeqne hordofa. Warra jeeqan akka hin jeeqne dhorka, warra didee jeequ ammoo maqaa isaanii galmeessuun barsiisaa ittigaafatamaa dareef gabaasa. Muuseen daree kun ittigaafatamummaa kennameef akka bahuuf angoonsaa haala kanaan daangeffame (murtaa'ee) kennameeraaf.

Muuseen daree kun angoo haala kanaan murtaa'ee kennameef kana bira darbee barattoota yoo rukkute ykn yoo arrabse angoo isaa seera ala fayyadame jedhamee gaafatama; adabamas.

Goolaba

- Waa'ee maalummaa fi faayidaa daangaa angoo ibsa gabaabaa kennaafii.

Maalummaa fi Barbaachisummaa Daangeffama Aangoo

Daangaa angoo jechuun daangaa mirgaa ittigaafatamummaa bahachuu fi hojii haala gaariin hojjechuu dandeessisa jedhamee murtaa'ee kennamu jechuu dha.

Aangoon kenname yoo daangeffamuu baate (yoo murtaa'aa ta'uu baate) abbootiin angoo waan barbaadan akka fedhii fi jaalala dhuunfaa isaaniitti akka hojjetanii fi akka raawwatan godha. Namni kamiyyuu waan barbaadu karaa ofii barbaadu kan hojjetu yoo ta'e ammo lammiiwwan akka malee miidhamuu ni malu; abbootiin taayitaa seera ala hidhuu, arrabsuu, rukkutuu, qabeenya isaanii fudhachuu fi ajjeessuu danda'u.

Gocha (Hojii daree-dhuunfaan)

- Gaaffiilee 4 gilgaala 8 jalatti kennaman barattoonni dabtara isaanii irratti akka hojjetan gochuun sororsaafii. Barattooti haala baay'ee gaariin hojjetan deebii isaanii dareef akka dubbisan gochuun dinqisiifadhaa.

Yaadannoo Addaa

Wayitiin yoo isin gahuu baate gilgaala kana hojii manaa gochuu

2.5. Iccitii (Wayitii- 1)**Qophii Daree: Meeshaalee deggersa barnootaa**

- Poosteroota, fakkiilee fi kkf yommuu namooti mari'atan agarsiisu.

2.5.1. Iccitii Dhuunffaa**Seensa**

- Iccitii duunfaa kan jedhamu iccitii attamiiti?
- Gaaffii olitti dhiyaate barattoonni dabareedhaan akka deebisan godhaa. Jalqaba irratti iccitiin maali? jetanii egaluun, iccitii dhuunfaa kan jedhamu iccitii attamiiti jechuudhaan itti fufuu dandeessu.

Gocha (Hojii dare-Gareen)

- Barreeffama mata duree “**Iccitii Qisaassessuu**” jedhu jalatti dhiyaate dubbisanii gaaffiilee 2 gilgaala 9 jalatti kennaman irratti akka mari'atan godhaa. Gilgaaluma kana keessatti gaaffii “Iccitiin dhuunfaa nama biraatti himamu qaba moo dhimma dhuunfaan qabamudha?” jedhu dabaluu dandeessu.
- Deebii barattootaa irrattis bifa armaan gadiin ibsa gabaabaa kenna.

1. Obbo Zemenkun sababa iccitii dhuunfaa isaa baaseen naannoo jiraatu keessatti salphate, kabaja dhabe. Haati warraa isaas nama hin amanamne ta'uu ishee waan hubateef mana keessa nagaa dhabe.
2. Obbo Zemedkun haati warraa isaa ammam iccitii eguu akka dandeessu qoree ilaaluuf waa umee itti hime malee, dhimmichi dhugaa hin turre. Haata'u alee iccitii dhuunfaa isaa kana eggachuutu irra ture.
3. Iccitiin dhuunfaa dhimma dhuunfaan qabamudha.

Namni kamiyyuu iccitii mataa isaa karaa seera qabeessa ta'een yoo ba'e faayidaa irraa hin argatu yoo ta'e qisaassessuu akka hinqabne seenan kun nu barsiisa.

Ibsa

- Xumura irratti waa'ee maalummaa iccitii ibsa gabaabaa kennaafii.

Iceitiin Maali?

Iceitii jechuun ragaa, yaadaa ykn dhimma namootaa qaama dhimmi ilaallatuun ala dhoksaatti turuu qabu jechuudha. Ragaan ykn dhimmi tokko iceitiidha yoo jedhame abbootii ragaa ykn abbootii dhimmaa murtaa'aniin ala namni biraan beekuu hin qabu. Dhimmi ykn yaadi tokko iceitiidha jedhamee kan qabamu, namooti ykn qaamolii biroon yoo beekaman nama dhuunfaa, hawaasaa, ummataa fi biyya irratti miidhaa qaqqabsiisuu danda'a jedhamee yoo itti amanamedha.

Fakkeenyaaf, qorumsi barattootaaf qophaa'e amma barattooti qorumsicha fudhatanitti iceitii ta'ee tura. Qorumsicha kan beeku barsiisaa qopheessee fi tarii ammoo barreessituu mana barumsaa qorumsicha taayippeessite qofaa dha. Qorumsichi hanga barattooti qoratamanitti iceitiidhaan yoo turuu baate qorumsa ta'uu hin danda'u. Qorumsichi dursee yoo bekame barataan qayyabates, kan hin qayyabannes, inni cimaanis inni laafaanis qabxii walfakkaatu fiduu waan danda'uuf qorumsicha gatii dhabsiisa.

Kanaafuu, waanti iceitiidha jedhame tokko iccitummaan isaa egamee turuu qaba. Iceitii eguunis ibsitoota amanamummaa keessaa isa tokko dha.

Iceitii dhuunfaa jechuun odeeffannoo, raga, yookiin dhimma abbaan dhimmaa sun qofti beekufi namni biraan kan hin beekne, ykn beekuu kan hin qabne jechuudha.

Fakkeenya:

- Paaswordii Emeelii,
- Lakkoofsota cuftuu kalloo (boorsaa),
- Lakkoofsa dabtara qusannoo baankii,
- Lakkoofsa dhuunfaa maallaqa baankiidhaa itti baasan fi kkf.
- Iceitii dhuunfaa eggachuu dhabuun miidhaa guddaa nama irratti qaqqabsiisuu dadna'a. Hatamuu, saamamuu, dhama'anii harka duwwaatti hafuu fi kkfqaqqabsiisuu ni mala.

Gocha (Hojii manaa- Dhuunfaan)

- Gilgaala 10 gareen mari'achuun hojjetanii akka dhufan godhaa.

2.6. Malaammaltummaa (Wayitii- 2)

Ophii Daree: Meeshaalee deeggersa barnootaa

- Poosterootaa fi fakkiilee adda addaa malaammaltummaa ilaalchisee qophaa'an.

2.6.1. Malaammaltummaan Maali? (Wayitii- 1)

Seensa

Gaaffilee ka'umsaa

- Qaamni hawaasaa malaammaltummaatiin hin miidhamne jira jettanii yaadduu?
- Malaammaltummaa dhabamsiisuuf gaheen barsiisotaafi barattootaa maal ta'uu qabaa?

Gocha (Hojii Daree - Duunfaan)

- Barreeffama waa'ee malaammaltummaa ibsu fuula 24 irraa dhuunfaan dubbisaniil gilgala 11 akka hojjesan godhaa. Gaaffiilee armaan gadiis dabalataan kennuufii dandeessu.
- Barreeffama dubbistan bu'uura godhachuun malaammaltummaa jechuun maal jechuu akka ta'e jecha mataa keessaniin ibsaa.
- Kanneen barreeffamicha keessatti xuqamaniin alatti gochaalee malaammaltummaadha jedhaman yoo xiqate 4 waamaa.
- Gochaalee malaammaltummaa barattootaan raawwatamu ykn raawwatamuu danda'u jettanii yaaddan lama eeraa.
- Gaaffiilee kanniin yommuu hojjetan irra naanna'uun jajjabeessaa, kanneen gargaarsa barbaadaniif yaada kennaaf. Hojjetanii warra xumuraniifis dabtara isaanii sororsaa.

Ibsa

- Xumura irrattis ibsa gabaabaa armaan gadii kennaaf.

Malaammaltummaan Maali?

Jechi malaammaltummaa jedhu hojii dogoggoraa fi fudhatama hin qabne hojjechuu; waan sirrii fi fudhatamaa hin qabne raawwachuu jennee gabaabaatti hiikuu ni dandeenya. Ittigaafatamummaa keenya seeraan bahuu dhiifnee of fayyaduudhaaf ykn ammo warra kaan miidhuudhaaf yoo ittifayyadamnee argamne malaammaltummaa raawwannee jedhama.

Fakkeenyaaf: Ittigaafatamummaan barsiisaa tokkoo barattoota hunda walqixxa ilaalee haala gaariin barsiisuudha. Kana bira darbee barsiisichi barataa fira isaatiif daree keessattis ta'e mana barumsaa keessatti barattoota kaan irraa adda baasee kunuunsa addaa yoo godheef, qabxii yoo dabaleef malaammaltummaa raawwate jechuudha.

Walumaa galatti, malaammaltummaa jechuun faayidaa namaaf hin malle argachuuf ykn faayidaa mana biraaf hin malle akka argatu gochuuf, matta'aa fudhachuu ykn kennuu, firaaf ykn hiriyyaaf looguu, qabeenya ummataa fi mootummaa faayidaa dhuunfaaf olchuu fi gochaalee seera ala ta'an kanniin fakkaatan ibsuuf jecha fayyadamnudha.

2.6.2. Gochaalee Malaammaltummaa Naannoo Mana Barumsaa fi

Jireenyaatti Raawwataman (*Wayitii -1*)

Seensa

Gaaffii ka'umsaa

- Gochi malaammaltummaa naannoo keessanitti raawwataman jiruu? Yoo jiraatan maal fa'i?

- Mata duree kana jalatti gaaffii ka'umsaaf dhiyaate barattootni akka deebaniif carran kennaaf. Barattootni gaafficha deebisuun yoo itti cimee gaaffii keessa deebiif fayyadu waan ta'eef deebii akka kennaniif kallattii deebii yookiin fakkeenya kennaaf.

Fakkeenya: Ganda keessan keessatti namni qarshii qabdummaa qacaramee hojjetu kan tokko namni narratti hin beeku jedhee qarshii kuma kudha shan (15,000) fuudhee mana mootera daakuu midhaanii yoo itti dshaabbate malaamaltummaa raawwate jechuudha.

- Fakkeenya kanaa fi kana fakkaatan kennuun baratoonnis naannoo isaanitti ykn ganda isaanitti gochi malaamaltummaa raawwate yoo jiraate akka isaan ibsan jajjabeessu.

Gocha (Hojii daree-Gareen)

- Barreeffama mata duree **“Bal’ina Malaamaltummaa”** jedhu jalatti dhiyyate dubbisaniil gilgaala 12 gareen akka irratti mari’atan godhaa.
- Itti dabalaanis gaafficha sirriitti akka hubataniif qooqa salphaa fi ifa ta’een fooyyesitanii yoo dhiyeessitaniif gaarii ta’a.

1. Ibsoota gochoota malaamalutmmaa B/stuu Aynaalam irratti mul’atan tarreessaa.
2. B/stuun kun rakkoolee naamusaa qaban kana dhiisanii B/stuu naamusa gaarii qaban ta’uuf maal gochuu qabu jettuu?
3. Barsiistuun kun rakkoolee naamusaa kan hin foyyeffatan ykn hin sirreeffatan yoo ta’ee barattoota irratti rakkoo akkamiitu uumuu danda’u jettanii tilmaamtuu?
 - Barattootni yeroo mari’atan keessu deemuun jajjabeessa. Mareen yommuu xumuramu gareen muraasni deebii isaanii dareef akka dhiyeessan godhaa!
 - Xumura irrattis gaaffiin hundi deebi’uu isaa mirkaneeffachuun kan hin deebinees yoo jiraate deebisuun xumuraa. Deebiiwwan kennamanis qabxiilee armaan gadii of keessatti qabachuu isaa mirkaneeffadha. Yoo hin qabane ta’e ibsa yeroo kennitan itti dabaluu dhiyeessu.

Gaaffii 1^{ffaa}

Gochaaleen malaamaltummaa ykn rakkoolee naamusaa barsiistuu kana irratti mul’atan

- Barfatanii yookiin yeroo dabarsuun daree seenuu,
- Bilbilli xumura waytii barnootaa osoo hin bilbilamiin dursanii daree keessaa bahuu,
- Barsiisuuf sirriitti osoo hin qophaa’in dhufuu fi sirritti barsiisuu dhiisuu,
- Waanta sirriitti waan hinsororsineef waraqaa qormaataa agarsiisuu dhiisuu,
- Qorumsa waanta hin sorooreef, barataan qabxiin koo sirriidha ykn sirrii miti akka hin jenneef barataa maraaf 80 ol kennuu; an qo’ates hin qo’annes, cimaanis, laafanis wal qixa akka argatu gochuu,

Gaaffii 2^{ffaa}

Barsiistuun kun rakkoolee naamusaa qaban gutumaa guututti akka fooyyeffataniif gorsa armaan gadii kennuuf,

- Yeroo barnoota osoo hin qisaasesinni sirriitti ittifayyadamuun akka irra jiraatu,
- Barnoota barsiisan irratti sirriitti qopha’anii barsiisuun akka isaan irra jiraatu,
- Waraqaa qormaataa sirriitti sorooruu fi yeroon deebisuufi qabxii barattootaas agarsiisuun akka isaan irra jiraatu,

Gaaffii 3^{ffaa}

Barsiistuun kun rakkoolee naamusan qaban hin sirreeffatan ykn hin fooyyefatan yoo ta’e rakkooleen barattoota mudachuu danda’an:

- Beekumsa argachuu qaban akka dhaban godhaa,
- Beekumsa argachuun isaaniif malu waan dhabaniif, barattoonni barnootaan boodatti hafu, barnoota isaaniittis laafoo ta’u,
- Hundaa ol ammoo barattootni barnoota barsiistuuta kun barsiistu jibbuu danda’u. Suuta suutaan barnootaa isaaniis addaan kutuu dhufuu ni mala.

Ibsa

- Kanaan wal qabsiisuun, barattootnis gochi malaamaltumma mana barnootaattis ta’e naannoo mana jireenyaatti raawwatamu miidha akkamii fiduu akka danda’u akka himan carraa kennaaf. Barattoota muraasaaf carraa erga kennitanii booda fuula 31 irratti barreeffama mata duree “Miidhaa Malaammaltummaan Fidu” jedhu jalatti dhiyaate keessatti qabxiilee eeraman fakkeenya fudhachuun ibsaaf.
- Xumurattis gilgaala 13 akka gaaffii xumuraatti fayyadamuun waanta baratan hammam akka hubatan madaaluuf barattoota harka hin baasnes gaaffachuun akka deebisan godhaa.

Goolaba Boqonnaa

- Barsiisa! Xumura kana irra yommuu geessan, boqonnaa kana keessatti barattoonni maal akka baratanfi hammam akka hubatan gabaabatti akka ibsaniif dursa carraa kennaaf.
- Barattoota muraasaaf erga carraa kennitanii booda goolaba isaa isinumti dhiyyeessaa.
- Xumura irrattis gaaffilee keessa deebii akka hojjetan godhaa.

Deebii gaaffiilee keessa deebii

I. Himoota armaan gadii sirrii yoo ta’an “Dhugaa” dogoggora yoo ta’an ammo “Soba” jechuun deebisaa.

1. Soba 2. Soba 3. Dhugaa 4. Soba 5. Soba 6. Dhugaa

II. ‘A’ jalatti kan tarreeffaman ‘B’ jala kan jiran waliin walitti firoomsaa.

1. D 2. A 3. E 4. C 5. B

III. Gaaffilee armaan gadiif deebii sirrii ta’e filadhaa.

1. D 2. C 3. D 4. D

IV. Gaaffilee armaan gadiif deebii gabaaba kennaa.

1. Gaaffii kanaaf barattootni deebii walfakkaata kennuu akka danda’an ni tilmaamama.
➤ Deebii isaan kennan keessa kanneen armaan gadii sirriitti akka mul’atan godhaa.

A. Yeroo Barnoota Qisaasessuu.

- Yeroo dabarsanii daree seenuu dhiisuu
- Sirriitti barsiisuu manna yeroo barnootaa qoosaan/taphaan dabarsuu,
- Yeroon osoo hin ga’iin dareedha bahaanii deemu fi kkf.

B. Barattoota Walqixxummaan Ilaalu Dhiisuu

- Kunuunsi barattootaaf godhamu wal fakkaachuu dhiisuu,
 - Kara sirrii ta’een barattoota madaaluu dhiisuu,
 - Qormaata karaa sirrii hin taaneen sororsuu fi qabxii barataa ifatti yeroon agarsiisuu dhiisuu,
 - Barataa qormaata hin dabarre dabarsuuf qabxii inni hin arganne kennuu,
 - Walitti dhiyeenyaan, firoomaa fi sababa adda addaatiin qabxii barataan hin arganneen dabaluu sadarkaa isaa fooyyessuu.
2. Mana barnootaa keessatti dambiin barbaachisaa akka ta’uuf sababoota hedduutu jiraata. Barattootni sababoota addaa addaa ibsuu ni danda’u. Haa ta’u malee kanneen armaan gadii sirriitti akka mul’atan godhaa.
- Adeemsi baruufi barsiisuu haala gaariin akka hojii irra oolu gargaara,
 - Barattoonni yeroo barsiisaan hin jirre namusa gaarii akka qabaatan waan godhuuf naamusni daree keessaa gaarii ni ta’a.
 - Barattoonni dareen alatti, yeroo boqonnaa, dirree taphaatti, naamusa gaarii isaan irraa barbaadamu akka kabaja waan godhuuf naamusni mana barnootaa gaarii ni ta’a.
 - Barsiisotas ta’e hojjetootni mana barnootichaa adeemsa baruu barsiisuu bu’aa qabeessa gochuuf maal gochuun akka isaan irra eegamu, amala akkamii qabachuu akka qaban waanta agarsiisuuf manni barnoota bakka beekumsa horatan akka ta’u taasisa.

Iddattoo Karooa Barnootaa

Heerri maalii?

<i>Yeroo</i>	<i>Gocha Barsiisaa</i>	<i>Gocha Barataa</i>
10'	<p>Seensa:</p> <ul style="list-style-type: none"> • Barnooticha eegaluuf, akka ka'umsaatti gaaffilee dhiyaatan akkamitti akka hojjetan himu. • Heera yeroo jedhamu dhageessanii beektuu? • Heerri faayidaa maalii qaba? 	<ul style="list-style-type: none"> • Cimdiin ykn garee xiqqaa ta'uun gaaffilee kennaman irratti mari'achuu. • Qabxiilee ijoo irratti mari' atan barreeffaman qopheessuu fi dareef dhiyeessuu.
15'	<p>Gocha (Hojii Daree -Gareen)</p> <ul style="list-style-type: none"> • Ibsa waa'ee maalummaa heeraa kitaaba irraa jiru akka dubbisan gochuu. • Gilgaala 1 cimdiin ykn garee xiqqaan akka hojjetan gochuu. <p>Ibsa:</p> <ul style="list-style-type: none"> • Waa'ee maalummaa heeraa ibsa gabaaba kennuu. <p>Gocha: (Hojii Daree- Gareen)</p> <ul style="list-style-type: none"> • Heerri maaliif akka barbaachisu gaaffachuu. • Waa'ee barbaachisummaa heeraa ibsa kitaaba isaanii irra jiru akka dubbisan gochuu. • Deebiin isaan ibsa sana osoo hin dubbis kennanii fi erga dubbisani booda kennen hagam garaagarummaa ykn walfakkeenya akka qabu gaaffachuu. 	<ul style="list-style-type: none"> • Ibsicha dhuunfaan dubbisuu • Gilgaala mareen hojjechu. • Ibsicha dhaggeeffachuu, waanta ifa hin taane gaaffachu. • Ibsicha dubbisuu. • Gaaffichaaf deebii kennuu.
10'	<p>Goolaba</p> <ul style="list-style-type: none"> • Waa'ee barbaachisummaa heeraa ibsa gabaaba kennuu. Barnoota guyyicha gabaabsanii keessa deebi'uun barattootni yaada ijoo ammam akka qabatan mirkaneeffachuuf yaada ijoo barnoota guyyichaa keessa argatan gabaaban akka himan gaaffachuu. 	<ul style="list-style-type: none"> • Ibsicha caqasuu, • Goolaba kennamu caqasuu yaada ijoo barnoota guyyicha gabaabinaan himu.
5'	<p>Goolaba</p> <ul style="list-style-type: none"> • Waa'ee barbaachisummaa heeraa ibsa gabaaba kennuu. Barnoota guyyicha gabaabsanii keessa deebi'uun barattootni yaada ijoo ammam akka qabatan mirkaneeffachuuf yaada ijoo barnoota guyyichaa keessa argatan gabaaban akka himan gaaffachuu. 	<ul style="list-style-type: none"> • Ibsicha caqasuu, • Goolaba kennamu caqasuu yaada ijoo barnoota guyyicha gabaabinaan himu.

BOQONNAA SADI I

WALQIXXUMMAA

Wayitii ramadame-10

Kaayoo gooroo: Barattooni boqonnaa kana erga xumurani booda:

- Maalummaa walqixxummaa ni beeku,
- Mirgoota Ummattoonni Itoophiyaa hundi biyyatti keessatti qaban ni beeku,
- Mirgoota Walqixxummaa Sabootaa, Sabalamootaafi Ummatoota Itoophiyaa adda ni baafatu.
- Maalummaa qaama miidhamtummaa ni hubatu.

Lakk.	Barannoo	Kaayyolee gooree	Meeshaalee deeggarsa
1	Maalummaa Walqixummaa	Barnoota kana erga xumuranii booda: <ul style="list-style-type: none">• Maalummaa walqixummaa ni ibsu.• Ibsitoota walqixxummaa Sabootaa, Sabalamootaa fi Ummatootaa ni tarreessu.	<ul style="list-style-type: none">• Chaartii, poostarii, viidiyyoofi fiilmii Sabootaa fi Sabalamoota Itoophiyaa agarsiisan.
2	Mana Barnootaa Keessatti Mirga Walqixummaa	<ul style="list-style-type: none">• Mirga walqixxummaan fayyadamuu jechuun maal jechuu akka ta'e ni ibsu.	<ul style="list-style-type: none">• Fakkiilee walqixummaa ibsan.
3	Walqixummaa Saalaa	<ul style="list-style-type: none">• Maalummaa walqixummaa saala ni ibsu.• Ibsitoota walqixummaa dhiiraa fi dubaraa mana barnoota isaanii keessatti argan ni tarreessu.• Mana barnootaa keessatti faayidaa mirkanaa'uu mirga walqixummaa dhiiraa fi dubaraa ni ibsu.	<ul style="list-style-type: none">• Fakkii dhiiraa fi dubartii daree barnootaa tokkoo keessatti yommuu waliin baratan kan agarsiisu.
4	Walqixummaa Aadaa	<ul style="list-style-type: none">• Maalummaa walqixummaa aadaa ni ibsu.• Barbaachisummaa walqixummaa aadaa ni ibsu.	<ul style="list-style-type: none">• Fakkiilee Sabootaa, Sabalamootaa fi Ummatoota Itoophiyaa mul'san.
5	Qaama Miidhamtummaa	<ul style="list-style-type: none">• Qaama miidhamtoonni deeggarsa barbaachisu yoo argatan guddina biyyaaf bu'aa maalii buusuu akka danda'an ni tarreessu.	<ul style="list-style-type: none">• Poosteroota, fakkiilee qaama miidhamtoonni hojii adda addaa yeroo hojjetan agarsiisu.

3.1. Maalummaa Walqixummaa (*Wayitii-1*)

Oophii Daree: Meeshaalee deeggarsa barnootaa

- Poostaroota Sabootaa, Sablammootaa fi Ummattoota Itoophiyaa mul'isan.

Seensa

Gaaffii ka'umsaa

- Walqixummaa jecha jedhu yeroo jalqabaaf yommuu dhageessan yaada akkamittu sammuu keessanitti dhufaa?
- Armaan olitti gaaffii seensaa dhiyaate barattootni muraasni akka deebisan carraa kennaaf. Barattootni hiika walqixummaa yeroo kennan fakkeenyaan akka deggeran jajjabeessa.

Gocha (Hojii daree- Dhuunfaan)

- Xumura irrattis maalummaa walqixummaa akka armaan gadiitti fakkeenyaan ibsaaf.

Maalummaa Walqixummaa

Walqixummaa jechi jedhu, sirna dimookraatawaa keessatti namoonni sadarkaa fi ogummaa walfakkaatu irratti boba'an, bifa walfakkaatuun mirgafi faayidaa qabaachuu isaanii ibsuuf jecha itti gargaaramnudha.

Fakkeenyaaf Barsiisa Tolaa fi Barsiiftuu Caaltuun barnoota isaanii kan xumuran bara barnoota tokko keessa sadarkaa barnootaa wal fakkaatuun ta'ee bakki isan hojjetanis bakka walfakkaatu yoo ta'e, miindaan isaan argataniskan walfakkaatu ta'uu qaba jechuudha. Bifa walfakkaatuun, amallii hojii isaanii fi naamusni isaani kan walfakkaatu yoo ta'e miindaan isaan argataniis walfakkaachuu qaba.

Walumaagalatti, jechi walqixummaa jedhu, lammiileen sirna dimookraatawaa keessa jiraatan sanyiin, amanataan, qooqaafi garaagartummaa biroon osoo irratti hin godhamin, bifa walfakkaatuun fi sadarkaa walfakkaatuun mirgootaa argachuu qaban ibsuudhaaf jecha itti fayyadamnudha.

Fakkeenyaaf daree keessatti barattootni waanta hin galleef gaaffachuuf mirga walqixxa ta'e qabu. Mirgi kun barataan hundi garaagartummaa tokko malee walqixummaan kan ittifayyadamuu danda'uu dha. Barattootni dubaraa qofti gaaffii baay'ee akka gaafatan ykn akka deebisan gochuu ykn ammoo barattootni dhiira qofti gaaffii baay'ee gaaffachuu yookiin deebisuu akka danda'an gochuun sirrii miti jechuudha.

Muusee daree ta'anii filamuufis barattootni daree hundinuu mirga walqixa ta'e qabu. Dhiira, dubartii, kirstaana, musiliima, Amaara, Oromoo ykn Tigiree osoo hin jedhiin ummatoota biyyatti kam keessayyuu barattootni dhufan garaagartummaa tokko malee muusee daree ta'anii dorgomuufi filatamuuf mirga walqixa qabu.

3.2 Mirgoota Walqixummaa Sabootaa, Sablammoota fi Uummatoota

(Wayitii -1)

Qophii Daree: Meeshaalee deeggersa barnootaa

- Poostaroota fi fakkiilee Sabootaa, Sabalmmatafi Uummatoota Itoophiyaa muli'san.
- Sanadoota heeraa.

Seensa

Fakkii 3.1 fi Gaaffilee ka'umsaa

- Fakkii armaan olitti dhiyaate irraa maal hubatuu?
- Maqaa Sabootaa, Sablammootaafi Uummatoota Itoophiyaa naannoo keessan jiraatan dabtara keessan irratti tarreessaa.
- Barattooni fakkii 3.1 sirriitti akka ilaalanii fi gaaffilee seensaa lamman akka hojjetan godhaa. Gaaffii isa jalqabaa barattootni jechaan akka himan gochuu ni dandeessu. Isa lammaffaa garuu, dhuunfaan dabtara isaanii irratti akka hojjetan godhaa. Dabatara isaaniis sororsaafii.

Ibsa

- Itti aansuun, qabxiilee ibstoota mirgoota walqixummaa Sabootaa, Sablammoota fi Umatootaa jedhamuun kitaaba keessatti eeraman fakkeenyaan ibsaaf.

Mirgoota Sabootaa, Sablammootaa fi Ummattootaa

Itoophiyaan biyya sabootii sablammoonnifi Ummattoonni 80 ol ta'an waliin keessa jiraatan dha. Tokkoon tokkoo ummatoota, sabaa fi sablammoota aadaa, amantii fi qooqa mataa isaanii qabu.

Sabooti, Sablammoonnii fi Ummattoonni huniduu mirgi walqixummaa isaanii heera mootummaatiin mirkana'eeraaf. Saboonni, sabalammoonnii fi ummattoonni kun ofiin of bulchu, qooqa mataa isaaniitiin gargaaramuu, aadaa isaanii guddiffachuu fi mirga carraa hojii fi barnootaa walqixa ta'e argachuu qabu.

- Ofiin of bulchu yeroo jedhamu bakka bu'oota ofiisaanii filataniin gaggeeffamu, heera ofii isaanii mirkaneeffataniin bulu, murtoo nuta'a jedhan ofii isaanii dabarfachuu danda'uu isaanii fi kkf jechuu dha.
- Qooqa isaanitti fayyadamuu jechuun afaan dhalootaatiin barachuu danda'uu isaanii, bakkeewwan adda addaa biroottis (fkn mana murtii) qooqa mataa isaaniitti gargaaramuufi kkf danda'uu isaanii.
- Mirga aadaa isaanii guddiffachuu fi amantaa barbaadan hordofuu yeroo jehamu, sabnni hundinu aadaa boonsaa mataa isaa kan qabuu ta'uu isaa fi namni kam iyyuu dhiibbaa irratti gochuu akka hin dandeenyeef ifatti guddifachu danda'uu isaa; akkasumas amantaa isaanii bilisummaa guutuudhaan hordofuu danda'uu isaanii kan agarsiisuu dha.

Gocha (Hojii Daree-Gareen)

- Gaaffilee lama gilgaala kana jala jiran irratti barattootni gareelee xixiqqaa xiqqaa ykn gurguddaa ta'uun akka mari'atan godhaa. Mareekanas keessa hordofuun deeggarsa kennaaf.

3.2.1. Mirga Ofiin Of Bulchuu

Seensa

Gaafifi ka'umsaa

- Ofiin of bulchuu jechuun maal jechuu dha?
- Gaaffiin seensaa mata duree kana keessatti dhiyaate waan barattoonni duraan baratan yaadachiisuu fi cimsee gara barnoota itti aanuutti ce'umsaaf waan gargaaruuf barattootni muraasni deebii akka itti kennaniif carraa kennaaf!

Gocha (Hojii Daree-Gareen)

- Barreeffama mata duree “**Uummata Agaawuu**” jedhu jalatti dhiyaate dubbisanii, gilgaala 3 irratti garee xiqqaan ykn cimdiin akka mari'atan godhaa.

Ibsa

- Xumura irrattis gaaffilee kanniin bu'uura godhachuun, qabxiilee kitaabicha keessa jiran fayyadamuun ibsa gabaaba kennaaf.

3.2.2 Mirga Afaan Ofiitti Fayyadamuu

Seensa

Gaaffilee ka'umsaa

- Qooqa adda addaa naannoo keessanitti dubbataman keessa kan beektan tarreessa.
- Qooqni hojii naannoo keessanii maalii?
- Mata duree kana jalatti gaaffileen seensaa lamaan dhiyaatan barattootni muraasni akka deebisan godhaaf!

Gocha (Hojii Daree- Gareen)

- Ibsa gaaffilee seensaatti aanee dhiyaate dubbisanii gaaffilee lamman gilgaala 4 keessatti dhiyaatan irratti garee xiqqaa ykn cimdiin akka mari'atan godhaa. Yeroo isaan mari'atanis keessa deemuun jajjabeessaa, deeggarsa barbaachisus kennaaf!
- Gaaffii tokkofaaf deebiin barreeffamicha keessa waan jiruuf hin rakkisu.
- Gaaffii lammaffaaf ammo fakkeenya ykn madda isaa kennuun akka deebisan jajjabeessaa.

Ibsa

- Xumura irratti gaaffii 2ffaaf deebii qabxiilee armaan gadii of keessatti qabu dhiyyeessun goolabaa.

- Qooqa ofiin fayyadamuun yaada barbaannu rakkoo tokko malee sirriitti akka ibsanu nu dandeessisa.
- Qooqa ofiin barachuun, barnoota barannu rakkoo tokko malee salphaatti hubachuu fi beekumsa keenya akka gabbifannu nu gargaara.
- Qooqa ofiin hojjechuun, hojii hojjennu rakkoo tokko malee hojii irra oolchufi bu'a qabeessa ta'uu akka dandeenyu nu godha.
- Waliigalatti, qoofa ofiin fayyadamuun (qooqa ofiin dubbachuu, barreessuu, barachuu, hojjechuu fi kkf) qooqni keenya guddatee, cimee akka deemuuf nu gargaara.

3.2.3. Mirga Carraa Barnootaa Walqixxummaan Argachuu

Seensa

Gaaffii ka'umsaa

- Mirga baranootaa walqixxummaan argachuun faayidaa maalii qaba?
- Barattootni gaaffii kanaafii deebii jechaan akka kennan godhaa.

Gocha (Hojii Daree-Gareen)

- Itti aansuun, ibsa gaaffichatti aanee kenname dubbisaniil gilgaala 5 keessatti gaffilee lamman irratti gareen akka mari'atan godhaa.
- Maree isaanii yeroo xumuran gareen muraasni deebii isaanii barattoota dareef akka dhiyeessan godhaa!

Ibsa

- Xumura irrattis gaaffilee kennaman bu'uureffachuun ibsa gabaaba kennaa!

Gaaffii 1^{ffaa} – Mirgi walqixxummaa carraa barnootaa jiraa kan jedhamuu saalli, addaan, umuriin, bakki jireenyaa adda otoo hin baasiin ummattoonni, saboonni fi sablammoonni hunduu carraa barnootaa walqixa ta'e yeroo argatandha.

Gaaffii 2^{ffaa} – Mirgi walqixxummaa barachuu lammiiwwanii kabajuun guddina biyyaaf gahee olaanaa qaba. Hundaa ol miira jaalala biyyaa guddisuu bira darbee biyyattiin humna nama baratee baay'inaan akka qabaattu taasisa. Humni nama baratee baay'inaan jiraate yoo immoo biyyattiin sirriitti akka guddatu kan taasisu beekumsaa fi dandeettiin jira jechuu dha. Lammiileen baratan beekumsaa fi dandeettii isaanii guddina biyyaa isaaniif oolchu.

3.2.4. Mirga Carraa Hojii Walqixxummaan Argachuu

Seensa

Gaaffii ka'umsaa

- Mirga carraa hojii walqixa ta'e argachuu jechuun maal jechuu dhaa?
- Gaaffii seensaa dhiyaateef barattootni muraasni deebii kennuu akka yaalan godhaa. Gaaffichi xiyyeeffanno barattoota gara barnootichaatti harkisuuf kan dhiyaateedha.

Gocha (Hojii Daree-Gareen)

- Itti aansuun mata duricha jalatti ibsa ka'ame dubbisani gaaffilee 2 gilgala 6 keessa jiran irratti cimdiin akka mari'atan godhaa. Maree isaanii erga xumuranii cimdiin muraasni deebii isaanii barattoota dareef akka dhiyeessan godhaa.

Ibsa

- Xumura irrattis, maalummaa mirga carraa hojii walqixxummaan argachuu fi faayidaa kabajamuun mirga kanaa qabu gabaabinaan ibsaa!

Maalummaa Mirga Carraa Hojii Walqixxummaan Argachuu

Lammiilee gidduutti sabummaan, saalaan, amantaan garagartummaan kamiyyuu osoo hin godhamin mirga hojii walqixxa argachuu qabu. Kanas yeroo jedhamu namoonni beekumsaa fi dandeettii walfakkaatu kan qaban dhiiraa, dhalaa, Kiristaanaa, Islaama, Oromoo, Amaara, Tigiree, Gumuuz fi kkf osoo hin jedhiin hojii walfakkaatuu irratti qaccaramuu ykn bobba'uu yoo barbaadan hojicha argachuuf mirgi isaanii walqixa jechuu dha. Isa tokkoof malee isa biraaf hin ta'u waanti jedhu hin jiraatu jechuu dha.

3.3. Mirga Walqixxummaa Mana Barnootaa Keessati (Wayitii-2)

Yaadannoo

Haala silabasi barnootichaan mata duree kanaaf wayitiin 2 ramadameeraaf. Barannoo lammaffafis wayiti lammatu ramadameeraaf. Barannoo lammaffaan barannoo sadaffaa caalaa bal'ina waan qabuuf wayitii tokko barannoo 3^{ffaa} irraa hir'istanii barannoo 2^{ffaa} dabaluu barannoo 3^{ffaa} wayitii tokkoon otoo xumurtani filatamaa dha.

Oophii Daree: Meeshaalee deeggarsa barnootaa

- Fakkiilee fi poosteroota saboota, sabalmmootaa fi ummatoonni Itoophiyaa agarsiisan
- Sanadoota heeraa

Seensa

Gaaffii ka'umsaa

- Barattoonni mirgoota mana barumsaa keessatti qaban akka tarreesan godhaa.
- Gaaffii seensaa mata duree kana jalatti dhiyaate ilaalchisee barattoonni mataa isaanii fakkeenya fudhachuudhaan mirgoota mana barumsaa keessatti qaban akka tarreessan godhaa. Tarreeffama kanas gabatee gurraacha irratti galmeessaa. Xumura barnootichaa irrattis deebi'anii deebii isaanii akka madaalan godhaa.
- Barattoonni garee gareen ijaaramanii mirgi walqixxummaa mana barumsaa isaanii keessa jiraachuu fi dhiisuu isa irratti akka mari'atan godhaa. Mirgi walqixxummaa jira yoo jedhan jiraachuun isaa raga maaliin akka ibsamu akka dhiyeessan gochuun fuula duras mirgi

walqixxummaa kun caalmaatti akka gabbatuuf maaltu akka godhamuu qabu yaada isaanii akka kennan godhaa. Maree kanniinis irra naanna'uun kallattii agarsiisaa sadarkaa hubannoo isaanii madaalaa.

- Mareen kun akka xumurameen gareewwan kun deebii isaanii dareef akka dhiyeessan gochuun yaadi akka itti kennamu godhaa. Xumura irratti yaada fooyya'insaa kan mataa keessanii itti dabaluuhaan mana barumsaa keessatti maalummaa mirga walqixxummaan faayadamuu fi sadarkaa mirgi kun irra jiru akka hubatan godhaa.

Gocha (Hojii daree-Gareen)

- Barreeffama mata duree “Mana Barumsaa Booraa Sadarkaa 1^{ffaa}” jedhu jalatti dhiyaate dubbisani gaaffiilee 3 gilgaala 7 jalatti kennaman dhuunfaan hojjetanii jechaan deebii akka kennan godhaa. Kana irratti manni maree barattootaa maal akka ta'e beekuu waan dhiisaniif maal jechuu akka ta'e itti himaa.

Gocha (Hojii daree-gareen)

- Barreeffama gilgaala 7tti itti aansee dhiyaate dubbisani gilgaala 8 dabtara isaanii irratti akka hojjetan godhee. Irra naanna'uunis dabtara isaanii sororsaaf.

Ibsa

- Gaaffiilee kanneen irratti bu'uureffachuun xumura irratti mana barumsaa keessatti waa'ee mirga walqixxummaa irratti ibsa gabaabaa kennaa.

3.4. Walqixxummaa Saalaa (Wayitii-2)

Qophii Daree: Meeshaalee deeggarsa barnootaa

- Poosterootaa fi fakkiilee dhiiraa fi dubarri daree keessatti yommuu waliin barachaa jiran agarsiisu.

3.4.1. Walqixxummaa Dhiiraafi Dubartootaa Gama Hundaan

Seensa

Fakkii 3.3 fi gaaffiilee ka'umsaa

- Walqixxummaa dhiiraa fi dubartootaa jechuun maal jechuudhaa?
- Haala fakkii kanaan yeroo fi bakka kamittuu dubartoonni dhiiraan walqixxa hojii hojjechuu danda'u yaada jedhu waliin walii galtuu?
- Fakkii mata duree kana jalatti kenname ilaalanii gaaffiilee seensaa olitti kennaman deebisuu keessatti akka hirmaatan godhaa.
- Barattoonni gareelee xixiqqaa ykn garguddaan ijaaramanii hojiilee dhiiraa fi dabartootaan hojjetaman ilaalchisee garaa garummaan jira jedhanii kanneen yaadan irratti akka mari'atan gochuun garaagarummaa kanneenis akka tarreessan godhaa.

- Sirriitti mari'achuu akka danda'aniif gaafficha akka armaan gaditti dhiyeessaaf:
 - Hojii dhiirri hojjechuu danda'uu fi dubartiin hin dandeenye jiraa? Tarreessaa.
 - Hojii dubartiin hojjechuu dandeessu garuu ammo dhiirri hin dandeenye jiraa? Tarreessaa.
 - Maatii keessan keessatti abbaa fi haadha keessan keessaa hojii baay'ee kan hojjetu eenyu? Maaliif?
 - Maatii keessan kessatti haadha, obboleessaa fi obboleettii keessan keessaa hojii baay'ee kan hojjetu eenyu? Maaliif?
- Maree kana itti dhiyeenyaan horodfuun rakkoon qaama miidhamammaa yoo jiraate malee hojii fi sochii kama keessattiyyuu hirmaachuudhaa fi bu'aa buusuu keessatti garaagarummaan dhiiraa fi dubartii gidduu hin jiru guddunfaa jedhu irra akka gahaniif mare kana ofeeggannoodhaan geggeessaa.

Gocha (Hojii daree-Gareen)

- Barreeffama mata duree “**Jireenya Aadde Galaanee**” jedhu jalatti dhiyaate dubbisani gaaffiilee 3 gilgaala 9 jalatti kennaman garee xixiqqaan akka irratti mari'atan godhaa. Mare kanas hordofuun dammaqinaan akka itti hirmaatan jajjabeessaa. Gareeleen muraasni yaada bu'uuraa mare isaanii barattoota dareef akka hiran godhaa.

Ibsa

- Xumura irratti gama hundaan walqixxummaa diirotaa fi dubartootaa jechuun maal jechuu akka ta'e ibsa gabaabaa kennaafiiti barattoonni gilgaala 10 jechaan akka deebisan godhaa.

Kallattii hundaan walqixxummaa dhiiraa fi dubartii

Walqixxummaa dhiiraa fi dubartii gama hundaan jechuun yeroo fi bakki otoo hin daangessiin: Manaa fi alati, mana barnootaattis ta'e dirree hojii kam irrattillee dhiiraa fi dubartii waanti garaa gara godhu hin jiru; waan hunda irrattiyyuu walqixxaa jechuu dha. Beekumsaa fi dandeettiin walqixxa, ittigaafataummaa fi hojii kamuu fudhachuu fi raawwachuu irrattis walqixxa.

3.4.2. Dhimmoota Mana Barnootaa Keessatti Ibsitoota Mirga

Malqixxummaa Dhiiraa fi Dubartii

Seensa

Fakkii 3.4 fi gaaffiilee ka'umsaa

- Fakkicha irraa maal hubattan?
- Mana barnootaa keessatti walqixxummaan dhiiraa fi dubartootaa kabajamuun maaliin beekama?
- Fakkii 3.4. akka ilaalanii fi gaaffiilee ka'umsaa olitti kennaman deebisuu akka yaalan jajjabeessaa.

Gaaffii “Fakkcha irraa maal hubattan?” jedhauuf deebii barbaadamu deebisuun isaanitti ulfaatuu yoo danda’ellee yaaduma isaanii akka ibsan jajjabeessuun:

- Dhiiratii fi dubartoonni daree tokko keessatti walqixxa waliin barachaa jiraachuu isaanii.
- Lakkoofsi barattoota dubaraas barattoota dhiiraa kan caalu ta’uu isaa akka adda baasan godhaa.

Ibssa

- Xumura irratti mana barnoota keessatti walqixxummaan dhiiraa fi dubartii kabajamuu akka qabuu fi kabajamuun isaas maaliin akka mirkanaa’u fakkeenya kennuudhan hubachiisaa.

Mana barnootaa keessatti ibsitoota kabajamuu walqixxummaa dhiiraa fi dubaraa

Mana barumsaa keessatti mirgi walqixxummaa dhiiraa fi dhalaa mirkanaa’eera jechuuf agarsiifta armaan gadii akka ragaatti fudhachuun ni danda’ama.

- Filannoo muusee daree irratti filuufis ta’e filatamuuf walqixxa yoo hirmaatan.
- Gumiilee mana barnootaa keessa jiran keessaa kan fedhanii fi kan barbaadanitti walqixxummaan hirmaachuu yoo dadna’an.
- Dirree taphaa keessatti gosa taphaa fedhanii fi barbaadan keessatti walqixxummaan hirmaachuu yoo danda’an.
- Daree keessatti waan isaaniif hingalle gaafachuu fi waan barsiisaan gaafates deebisuuf dhiira waliin carraa walqixxa yoo argatanii fi kkf.

Gocha (Hojii daree - Gareen)

- Xumura irratti gilgaala 11 irratti gareen akka mari’atan godhaa. Yommuu isaan mari’atan irra naanna’uun deeggeruun jajjabeessaa. Maree akka xumuranitti gareewwan haala gaariin mari’atan muraasni yaada ijoo irratti waliigalan dareef akka gabaasan carraa kennaaf.

Goolaba

- Gaaffiilee 2^{ffaa} fi 3^{ffaa} gilgaala 11 jalatti kennamaniif ibsi dabalataa barbaachisaa waan ta’uu maluuf qabxiileen armaan gadii mareewwan barattoota keessatti hammatamuu isaanii gadi qabaati ilaalaa.

Gaaffii 2^{ffaa}

Lakkoofsi barattoota dubaraa baay’achuu ykn xiqqaachuuf haalli qabatama naannoo sababa ta’uu ni mala. Fakkeenyaaf:

“Dubara barsiisuun barbaachisaa miti, yeroon heerumsiisanii daa’ima akka deessu gochuutu sirriidha” jedhamee bakka yaadamutti ijoolleen dubaraa mana barumsaa yoo deemanis barnoota isaanii waan adda kutaniif lakkoofsi isaanii ni xiqqata. Naannoo tokko tokkotti ammoo ijoolleen dhiiraa maatii isaaniif hojiilee adda addaa fkn qonnaa, sa’a tiksuu kkf waan barbaadamaniif gara mana barumsaa hin deeman

Gaaffii 3^{ffaa}

Maatiin ijoollee isaanii dhiira, dhalaa otoo hin jedhiin barsiisuu akka qaban amansiisuun lakkoofsa barattoota shamarranii fi dhiiraa walsamsiisuun ni danda'ama. Kanaaf ammo waa'ee hubannoo faayidaa barnootaa ilaalchisee maatiiwwaniif hubannaa bal'aa ta'e yeroo yeroon kennuun barbaachisaa dha. Hariiroon mana barnootaa fi maatii gidduu jiru yeroo yeroon cimaa akka deemu gochuuf tattaafachuun maatiin mana barumsaa akka daawwatanii mare geggeessan yeroo yeroon afeeruu. Keessumattuu ammo koreewwan mana barnootaa adda addaa keessatti maatiiwwan ijaaramanii hirmaannaa isaanii cimsuun barbaachisaa akka ta'e ibsuu.

3.5. Walqixxummaa Aadaa (Wayitii-2)**Seensa****Fakkii 3.5 fi gaaffii ka'umsaa**

- Barattoota! Fakkii armaan olirraa maal hubattan?
- Fakkii 3.5 ilaalanii barattootti fakkii kana irraa maal akka hubatan akka himaniif carraa kennaa. Deebii kennuuf akka isaaniif salphatutti gaafiilee haala armaan gadiin gaafachuun gaarii ta'a.
- Fakkii jalqaba irratti namooti fakkii kana keessatti mul'atan namoota naannoo kamii isinitti fakkaataa?
- Namooti fakkii 2^{ffaa} irratti argaman ummattoota naannoo kamii isinitti fakkaata?
- Garaagarummaan namoota kanneen gidduu ti mul'atu maali?
- Ibsitoota walqixxummaa aadaa kanneen jedhaman kam fa'i? kanneen jedhaman fayyadamuun danda'ama.

Ibsa

- Xumura irratti deebbiilee barattoota kanaa ka'umsa godhachuun ibsa gabaabaa kennaa.

Maalummaa Walqixxummaa Aadaa

Fakkii isa jalqabaa irratti ummatoonni mul'atan ummattoota naannoo kibbaa yommuu ta'an fakkii lammaffaa irratti kanneen mul'atan ammo ummata Hararitti argaman dha. Garagarummaan battalumtti gidduu isaaniitti mul'atu garaagarummaa haala uffannaatti.

Ummattooti naannoo adda addaa jiraatan aadaa uffannaa adda addaa qabu. Haala kanaan uffanni ibsitoota aadaa keessaa tokko jechuu ni dnadeenya.

Qooqi, amantii, halota gammachuu fi gaddi ittiin ibsamani fi kkf ibsitoota aadaaleeti jechuun ni danda'ama. Haala kanaan, aadaa jechuun gochaalee haala jireenya dhala namaa waliigalatti mul'isan jechuudha.

Biyyi keenyi Itoophiyaan biyya saboota, sabalamootaa fi ummattoota heduu waan taateef adaalee hedduus ni qabdi. Akkuma ummattooti biyyattii keessa jiran hundi isaanii walqixxa ta'an aadaan isaaniis

walqixxa; inni tokko isa biraan gadi yookiin ammo olmiti. Walqixxummaan. Kunis heera mootummaa keenyaan beekamtii argateera.

Ibsitoota (amaloota) sirna dimookiraatawaa keessaa tokko kan ta'e walqixxummaa aadaa kabajuudha. Ummattoonni Itoophiyaa hundi isaanii aadaa isaanii, afaanii fi seenaa isaanii guddisuu fi itti fayyadamuuf mirga walqixxa ta'e qabu. Kanaafuu, ummattoonni kun aadaa, afaanii fi seenaa walii beekuu, fi kabajuun walitti dhufeenya gaarii walqixxummaa irratti hundaaa'e gaabifachuu qabu.

Kanaafuu, afaan keenya, seenaa keenyaa fi haala jireenyaa keenya gaggaarii ta'an dhaloota gara dhalootaatti ceesisuuf aadaa keenya guddisuu fi kunuunsuun barbaachisa ta'a.

Gocha (Hojii daree- gareen)

- Gilgaallonni 12 fi 13 barattooti duratti waan baratan ammam akka hubatan mirkaneessuuf waan gargaaruuf dabatara isaaniirratti akka hojjetan godhaa. Dabbara isaaniis sororsaaf.

3.5.2. Barbaachisummaa Aadaa Guddisuu

Seensa

Gaaffii ka'umsaa

- Aadaa ofii guddisuun faayidaa maalii qaba?
- Gaafilee armaan olii irratti barattoonni cimdii cimdii ta'anii akka mari'atan gochuun deebii isaanii dareef akka dhiyeessan godhaa.

Ibsa

Faayidaa aadaa guddisuun qabu gabaabaan ibsuun bira darbaa.

Barbaachisummaa Aadaa Guddisuu

Aadaa jechuun haalawwaan (gochaalee) waliigala jireenya dhala namaa ibsan akka ta'e armaan dura ibsameera. Aadaa guddisuu jechuun ammo gochaalee fi haalawan jireenya dhala namaa kanneen akka afaanii, amantaa, uffataa, nyaataa fi aadaa hojii guddisuu jechuu dha.

Aadaan guddate jechuunis gochaaleen ibsitoota enyummaa dhala namaa kun haala gaariin fooyya'anii dhaloota itti aanutti darbuu danda'an jechuudha.

Dhalli namaa aadaa isaa kunuunsuu fi guddisuu yoo hin dandeenye ammo afaaniifi gochaalen gaggaariin enyummaa isaa ibsan biroon dagatamaa fi badaa deemu. Waliigala ummati tokko sabni tokko yommuu aadaa isaa guddifatu enyummaa mataa isaa guddisuu fi beeksisuu bira darbee guddina biyyaatiif bu'aa guddaa buusa.

Biyyi keenya Itoophiyaan biyya aadaalee boonsaa hedduu qabdu dha. Haata'u malee aadaale boonsaa kanniin keessa gochaaleen barsiifataa miidhaa qaban akka aadaatti fudhataman baayi'eenis jiru.

Gochaalee barsiifataa miidhaa qaqqabsiisan jechuun ammoo gochaalee sammuu ykn qaama namaa irratti gonaaddisa gadhee kaa’anii darban dha. Barsiifafaaleen kun saboota Itoophiyaa keessumattuu jireenya daa’immanii fi dubartoota akka malee yommuu miidhan ni mul’atu.

Biyya keenya keessatti gochaalee barsiifataa daa’immanii fi haadholii irratti gonaaddisa gadhee qaqqabsiisan keessaa isaan gurguddoon kanneen armaan gadiiti.

- Dhaqna qaba shamaranii
- Huuba qoonqoo muruu
- Ilkaan daa’immanii baasuu
- Garaa dubartoota ulfaa sukkuumuu
- Yeroo cininnsuu oliifi gadi sosochoosuu
- Butii
- Umarii malee heerumiisuu
- Qola (gogaa ijaa mummuruu)
- Tumaa
- Koobaa (dhiiga baasuu)
- Daa’imman aduu akka hin arganne gchuu
- Madaa gubuu
- Daa’ima reefu daalafu dhadhaa obaasuu fi kkf.

Rakkoolee Fayyaa Gochaaleen Barsiifataa Midhaa Qaqqabsiisan Fidan

Dhaqna qabaa shamarranii

- Yeroo da’umsaa ciniinsuun akka itti cimuu fi salphaatti akka hin deenye, dhiigni akka malee akka dhangala’uu fi madaan dafee akka hin fayine godhee rakkisa.
- HIV/AIDSii dabalatee dhukuboota adda addaaf saaxila.

Butii fi umurii malee heewmsiisuu

- Dhibee feestullaaf kan saaxilu ta’uu,
- Dhukkuboota adda addaaf saaxiluu,
- Ulfa hin barbaachifnee fi yeroo da’umsaa rakkachuu
- Jireenya jaalala hin qabnee fi kaayyoo hin qabne jiraachuu.
- Barumsa adda kutuu fi doofummaa keessatti hafuu fi kkf.

Huuba qoonqoo muruu fi ilkaan daa’immanii baasuu

- Harma hodhuu fi liqimsuu dhorka.
- Mataa dhukubbii, fiixeen qoonqoo dhiita’uu, malaa kuusuun yoo hammaate ammo ajjeesuu danda’a.

- Dhukkuba dhaqna gabaa
- Meeshaan ittiin kutan qulqulluu ta'uu waan dhisuuf dhibee HIV/AIDSf saaxila.
- Foon ilkaanii akka madaa'u godha.

Qabxiilee armaan olii kana gilgaala 13 yommuu sororsitan goolabaaf itti gaarama.

Gocha (Hojii Manaa- Gareen)

- Gaaffii hojii garee jedhu hojjechudhaaf haaluma qajeelfama kennameen barattoonni fedhii isaaniin gareewwan miseensota 7-10 qabuun akka ijaaraman godhaa. Guyyaa hojii garee isaanii deebisani murteessaatti itti himaa. Torbaan tokko hojii kanaaf gahaadha. Hojii gareewwan kanaas sororsaati gareewwan caalmaatti haala gaariin hojjetan dareef akka dhiyessan godhaa. Kanneen haala gaariin hin hojjenne yoo jiraatan gareewwan kana irraa akka baratan gargaaraa.

3.6. Qaama Miidhamtumma (Wayitii - 2)

Oophii daree: **Meeshaalee deggersaa**

- Poosteroota, fakkiilee qaama miidhamtoota hojii adda addaa hojjetaan agarsiisu.

3.6.1. Maalummaa Qaama Miidhamtummaa

Seensa

Gaaffiilee ka'umsaa

- Qaama miidhamtummaa jechuun maal jechuudha?
- Haalawwan qaama miidhamtummaaf nama saaxilan tarreessaa. Kana malees gaaffii “Hojiilee qaama miidhamtooti hojjechuu hin dandeenye garuu ammo isin hojjechuu dandeenya jettanii yaaddan tarreessaa.” jedhu hojjechiisuun barattoonni caalmaatti akka hirmaatan godhaa.
- Gaaffiilee armaan olitti dhiyaatan irratti barattoonni gareen akka mari'atan godhaa.
- Mareewwan kanas irra naanna'uun hordofaa. Deggersi yoo barbaachisee gargaaraa. Fakkeenya kennuus ni dandeessu.

Fakkeenyaaf daree keessatti yommuu barattan kan isin hojjechuu dandeessan garuu ammo qaroo dhabeeyyiin hojjechuu kan hin dandeenye maal fa'i? jechuudhaan barattoonni sirriitti akka mari'atan yoo jijjabeessitan, barattoonni haala armaan gadiin deebisuu danda'u.

Nuti dubbisuu fi barreessuu dandeenya warri qaroo dhabeeyyiin garuu kana gochuu hin danda'an jechuu ni malu. Kana irraa ka'uudhaan qaroo dhabeeyyiin meeshaa barreessaa Bireelii jechamu yoo argatan akkuma isaan biroo barreessuus ta'e dubbisuun barachuu akka danda'an ibsaafii. Mareen kunis bal'atee xumura irratti garuu qaama miidhamtooti sababa adda addaatiin qaamoliin isaani tokko tokko haala barbaadamuun hojjechuu yoo dhabe illee rakkoolee isaani kanaaf deeggarsa barbaachisaa ta'e yoo argatan hojii kamiyyuu akkuma namoota biroo hojjechuu akka danda'an gudunfaa irra gahuun barbaachisaadha.

Gocha (Hojii daree-Dareen)

- Ittifufuudhaan dubbisa gaaffiilee kanneenitti aansee dhiyaate dubbisuun gaaffiilee 2n gilgaala 14 jala jiran irratti akka mari'atan godhaa. Mare kanas irra naanna'uun hordofaa. Mareen akka xumurametti gareen muraasni deebii isaanii dareef akka dhiyeessan godhaa.

3.6.2. Deeggersa Qaama Miidhamtootaaf Barbachisu

Seensa

Gaaffii ka'umsaa

- Qaama miidhamtooti naannoo keessanitti argaman deggersa akkamii barbaaduu?

Ibsa

- Mat duree darbe jalatti deggersa qaama miidhamtooti barbaadan ilaalchisee barattoonni waan irratti mari'ataniif kallattumaan isin gabaabsaati ibsaafi.

Qaama Miidhaamtoonni Deeggersa Armaan Gadii Barbaadu

- Jaalalaa fi kunuunsa
- Haala miidhama qaama isaaniitiin meeshaalee deggersaa hojii isaan hojjechiisuu danda'an dhiyeessuu.

Fakkeenya

- Kanneen deemuu hin dandeenyeef haaluma miidhaama isaaniitiin meeshaalee ittiin deemuu danda'an kanneen akka kiraanchii, bishikileetii abbaa gommaa sadii fi kkf akka argatan gochuu.
- Kanneen arguu hin dandeenyeef akkaataa gosaa fi bal'ina miidhama isaaniitiin meeshaalee ittiin dubbisuu fi ittiin barachuu danda'an kanneen akka bireeii, teepi rekoordeerii, manatsarii fi kkf dhiyeessuu.
- Dhagahuu warra hin dandeenyeef akkaataa fi bal'ina miidhaa isaaniitiin meeshaalee ittiin dhagahuu danda'an gurra isaaniitti akka godhatan gochuu; afaan mallattoodhaan akka baratan gochuu, barsiisaa haala kanaan barsiisus dhiyeessuu fi kkf akka argatan gochuu.
- Kanneen dubbachuu hin dandeenyeef afaan mallattoo isaan ittiin waliigaluu danda'an shaakalsiisuu, dhagahuu kan danda'an yoo ta'e sagalee fi barreeffamaan akka baratan gochuu fa'i dha.

Gocha (Hojii Daree- Gareen)

- Gaaffiile lama gilgaala 15 jala jiran irratti barattoonni akka mari'atan godhaa. Maree kanas hordofuun barattoonni qaama miidhamtootaaf maal maal gochuu akka dnada'an akka ibsanii fi waan jedhan kanas qabatamaan raawwachuu akka qaban jijjabeessaa.

3.7. Maalummaa Mirga Walqixxummaa Amantii

Oophii daree: **Meeshaalee deeggersa barnootaa**

- Poosteroota, fakkiilee,... mallattoowwan amantii mul'isan
- Sanadoota heeraa

Seensa

Gaaffii ka'umsaa

- Waqlqixxummaa amantii jechuun maal jechuudha?
- Barattoonni xiyyeeffannaa akka kennuu danda'anitti gaaffii armaan olii kaasuudhaan barattoonni muraasni akka deebisan jajjabeessaa.

Gocha (Hojii daree-gareen)

- Ittifufuudhaan barreeffama gaaffii seensaa jalatti kenname dubbisanii gaaffiilee 2n gilgaala 16 jalatti dhiyaatan irratti akka mari'atan godhaa.
- Mareen kunis cimdiin ykn ammoo gareelee xixiqqaan ta'uun raawwatamuu ni mala. Mareewwan kanas irra naannaa'uun hordofaa. Gareewwan muraasni qabxiilee ijoo irratti mari'atan dareef akka dhiyeessan godhaa.

Ibsa

- Xumura irratti waa'ee maalummaa mirga walqixxummaa amantii irratti ibsa gabaabaa kennaa.

Mirga walqixxummaa Amantii

Amantii jechuun waantoota lubbuu dhabeeyyii fi lubbuu qabeeyyii ta'an hunda kan uume waaqi tokko jira jedhanii amanuu jechuu dha.

Boqonnaa 1 keessatti mirgoota bu'uuraa dhala namummaa xuqamaa keessaa tokko mirga bilissummaa amantii ti. Bilissummaa amantii jechuun mirga amantii barbaadan hordofuu jechuu dha.

Biyya keenya keessa amantiiwwan adda addaa; fakkeenyaaf, amantaa kiristaanaa, amantaa Islaamaa (isaan gurguddoo) yommuu ta'an; amantaawwan kana lamaan kan hin hordofnee lammiiwwan keenya amantaa mataan isaanii hordofan baay'eenis jiru.

Hordoftoonni amantii kamiyyuu amantaa barbaadan hordofuudhaaf mirga heerawaa qabu. Haala kanaan amantaan tokko amantaa biraa ol ykn gadi jechuun hindanda'amu. Amantiin hunduu seera biratti walqixxa jechuudha.

Namni kamiyyuu amantii barbaade hordofuuf mirga qaba yommuu jennu, amantii namni biraan hordofu amantii ofii isaa hordofu waliin walqixxa ta'uu amanuun fudhachuu jechuu dha. Haala kanaan amantiin kan koo sirrii, kan biraan ammo doggoggoraa; kan koo gaarii, kan biraa ammo gadhee, kan koo oli; kan biraan ammo gadi, jechuun sirrii akka hin taane hubachuun barbaachisaadha.

Nagaan waliin jiraachuudhaaf, walqixxummaa amantii kabajuun dhimma murteessaa ta'uu isaa beekuun barbaachisaa dha.

Goolaba Boqonnaa

- Yoommuu goolaba kan irra geessan jalqaba irratti boqonnaa kana keessatti maal maal akka barataniif fi maal akka hubatan gabaabaatti akka ibsaniif barattootaaf carraa kennaa. Barattoota muraasaaf carraa erga kennitaniif booda ofii keessan goolabaa.
- Xumura irrattis gaaffiilee keessa deebii akka hojjetan godhaa.

Deebii gaaffiilee keessa deebii

I. Gaaffiilee armaan gadii yoo sirrii ta’an “Dhugaa” yoo dogoggora ta’an ammo “Soba” jechuun deebisaa.

1. Soba 2. Dhugaa 3. Soba 4. Dhugaa 5. Soba

I. Kanneen roga ‘A’ jalatti tarreeffaman kanneen roga ‘B’ jalatti tarreeffaman waliin walitti firoomsaa.

1. D 2. B 3. C 4. A 5. E

III. Bakka duwwaa armaan gadii jechoota ykn gaaleewwan sirrii ta’aniin guutaa

- a. Daadoo/Jigii
b. Maatii, naannoo dhalootaa fi hawaasa irraa

IV. Gaaffiilee armaan gadiif deebii sirrii ta’e filadhaa

1. D 2. C 3. D 4. B 5. D

V. Gaaffiilee armaan gadiif deebii gaggabaabaa kennaa

- Dhimmoti barnooticha keessatti xuqaman sirriitti ka’uu isaanii mirkaneessaa.

Iddattoo Karoora Barnootaa

3.1 Maalummaa Walqixummaa

Yeroo	Gocha Barsiisaa	Gocha Barataa
5	Seensa <ul style="list-style-type: none"> Barnooticha eegaluuf gaaffii ka'umsaaf dhiyaate akkamitti akka hojjetan itti himu. Walqixummaa jecha jedhu jalqabaaf yeroo dhageessan yaadni sammuu keessanitti dhufu maalii? 	<ul style="list-style-type: none"> Gaaffichaaf deebii jechaan kennuuf.
15 ¹	Gocha (Hojii Daree-Gareen) <ul style="list-style-type: none"> Barreeffama waa'ee maalummaa walqixummaa “jedhu fuula 36 kitaabicha keessatti dhiyaate dhuunfaan akka dubbisaniifi gilgaala akka hojjetan gochuu. Dabtara isaanii soroorsuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Kitaaba isaanii fuula 28 irratti barreeffama waa'ee maalummaa wal qixuma ibsu dubbisuu Gilgaala 1 dabtaraa isaanii irratti hojjechuu Dabata isaanii soroorsiifachu.
15 ¹	Ibsa <ul style="list-style-type: none"> Waa'ee maalummaa walqixummaa dabalataan fakkeenyaan ibsuu. Waanti hin galleef yoo jiraate akka gaafataniif carraa kennu. 	<ul style="list-style-type: none"> Ibsicha sirriitti caqasuu, Waanti ifa hin taaneef yoo jiraate gaaffachuu.
5 ¹	Goolaba <ul style="list-style-type: none"> Barnoota guyyichaa gabaabsanii keessa deebi'uufin goo abuu, barattootni yaada ijoo hamam akka hubatan mirkan-eeffachuu yaada ijoo barnoota guyyicha gabaabsanii akka himan gochuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Goolabicha caqasuu fi yaada ijoo barnoot guyyicha gabaabsanii himu.

BOQONNAA AFUR

HAQUMMAA

Waytiin ramadamee – 9

Kaayyolee Gooroo: Barattoonni boqonnaa kana erga xumuranii booda:

- Maalummaa haqummaa ni hubatu.
- Haalawwan haqa dabsaniifi hojmaata loogiif haala mijeessan maal aka ta'an ni beeku,
- Maalummaafi ibstoota hojmaata loogii ni hubatu,
- Maalummaa fi barbaachisummaa dhaabbilee hawaasaa ni hubatu,
- Hojimaanni haqaa jiraachuun nageenya naannoo isaaniif barbaachisaa ta'uu isaa ni hubatu,
- Maalummaa gibraa ni hubatu.

Lakk	Barannoo	Kaayyolee Gooree	Meeshaalee Deegersaa
1	Haqa	Barnoota kanaan booda barattoonni: <ul style="list-style-type: none">• Maalummaa haqaa ni ibsu.• Barbachisummaa haqaa ni tarreessu.• Hirriyyoota isaanii waliin hariiroo haqummaa qabu ni uumu.	<ul style="list-style-type: none">• Fakkiilee madaaalaa fi poostaroota hojmaata haqaa agarsiisan.
2	Kenniinsa Haqaa	<ul style="list-style-type: none">• Qamolee haqaa naannootti argamaniifi hojii isaanii ni tarreessu.	<ul style="list-style-type: none">• Fakkiilee waajjira gandaa, waajjira poolisii fi manneen murtii agarsiisan
3	Haalota Itti Haqinni Dabuu Danda'u.	<ul style="list-style-type: none">• Karaalee haqni itti dabuu danda'u ni tarreessu.• Mana barnootaa keessatti haalota hojimaata loogii calaqisiisan ni tarreessu.• Sadarkaa gandaatti ibsitoota hojmaataa loogii qaban ni tarreessu.	<ul style="list-style-type: none">• Fakkiilee hanqina haqaa agarsiisan.
4	Dhaabbilee Hawaasaa	<ul style="list-style-type: none">• Dhaabbilee hawaaaa jechuun maal akka ta'an ni ibsu.• Haalota itti tajaajilli dhaabbilee hawaasaa haqa qabeessa ta'uu danda'an ni ibsu.	<ul style="list-style-type: none">• Suuraa fi poostaroota dhaabbilee hawaasaa agarsiisan.
5	Gibira	<ul style="list-style-type: none">• Maalummaa gibiraa ni ibsu• Faayidaa gibiraa ni ibsu.	<ul style="list-style-type: none">• Fakkii yeroo lammiileen gibira kaffalan agarsiissu.

4.1. Haqa (Wayitii-2)

Qophii Daree: Meeshaalee deeggersa barnootaa

- Fakkii madaalaa
- Poostarootaa fi fakkiilee hojmaata haqummaa agarsiisan.

4.1.1. Maalummaa Haqaa

Seensa

Fakkii 4.1 fi gaaffilee ka'umsaa

- Madaalli gar tokkotti jallate maal ibsaa?
- Madaalli inni walqixaatee mul'atu maal agarsiisa?
- Madaalota kana irraa maal hubattuu? Madaala isa kamiin filattuu? Maaliif?
- Barattootni fakkii 4.1 ilaalani gaaffilee seensaa armaan olitti dhiyaatan jechaan akka deebisan godhaa.

Ibsa

- Itti aansuun waa'ee maalummaa haqaa fakkeenyaan deeggaruun ibsa gabaaba kennaa.

Maalummaa Haqaa

Haqa jechuun, murtoo madaalawaa gama tokkotti hin jala'anne, loogii ykn gartummaa irraa qulqula'a ta'e ibsuuf jecha itti fayyadamnuu dha.

Fakkeenyaaf, mana barnootaa keenya haqi jira yoo jennee, gochafi sochiin mana barnootichaa keessa jiru loogummaafi aantummaa gam tokkoo irraa kan qulqula'ee dha jechuu dha.

Barsiisonni barattoota isaanii ija walqixaan ilaalu; qindeessan hojjetootaafi barsiisota mana barnooticha bifa walfakkaatuun ilaalafi kkf jechuu dha. Haala kanaan, barsiisota, barattootaa akkasumas hojjetoota dandeettii walfakkaataa qabaniif, galataafi badhaasaa walfakkaatatu kennamaaf. Barattoota badii walfakkaatu bal'eessaniif addabbii walfakkaatatu kennamaaf. Hojmaatni kun haqni jiraachuu isaa agarsiisa.

Gocha (Hojii daree-Gareen)

- Gaaffilee lamaan gilgaala 1 jalaa jiraan irratti cimdiin ykn gareen akka mari'atan godhaa. Deebii garii kan qopheessan deebii isaaii barattoota dareef akka dhiyyeessan garee muraasaaf carraa kennaa!

Goolaba

Xumura irrattis, deebii barattoota cimsuun goolaba kennaa.

1. Bulchiinsa maatii keessatti gochaaleen haqa ibsan hedduutu jiru. Isaan ijoonis kanneen armaan gadii ofkeessatti qabata.

- Miseensota maatii hunda ija walfakkaatuun ilaaluu; hojii mana keessa hundinu hanga dande'eettii isaa akka hojjetuuf qoodinsi hojii haqa qabeessa ta'e akka jiraatu gochuu. Bifa walfakkaatuun carraa barnootaa nyaata, ciisicha, huccuufi meeshaalee barnootaa walfakkaatu akka argatan gochufi kkf ofkeessatti qabata.
2. Mana barnootaa keessatti gochaaleen haqa ibsan hedduutu jiru. Isaan keessaas isaan ijoo kanneen armaan gadiiti.
- Barattoota mana barnooticha hunda; dhiira dhalaa, ijoollee soressaa ijoollee hiyyeessaa, ijoollee qonnaan bulaa ijoollee daldalaa, cimaafi laafaa osoo hin jedhin bifa walfakkaatuun ilaaluu.
 - Mirgi barattootni hundi mana barnootaa keessatti qaban akka kabajamu gochuufi dirqama qabaniis bifuma walfakkaatuun akka ba'an gochuu.

4.1.2. Barbaachisummaa Haqaa (Wayitii-1)

Seensa

Gaaffilee ka'umsaa

- Sadarkaa keessanitti dhimmoota barbaachisummaa haqaa ibsan tarreessaa.
- Haqni dhala namaaf ni barbaachisa jettanii ni amantuu? Sababoota keessan ibsaa.
- Gaaffilee seensaa armaan olitti dhiyaatan barattootni gareen ta'uu irratti mari'atanii deebii akka itti kennan godhaa.

Gocha (Hojii daree -Gareen)

- Barreeffama mata duree “**Maatii Warra Fiqir**” jedhu jalatti dhiyaate gareedhuma sanaan dubbisaniis gilgaala 2 mareen akka hojjetan godha? Yeroo xumuranis barattootni akka dhiyyeessan godha. Faayidaan bulchiinsa maatii haqa qabeessa ta'e hubachiisuun xumuraa.

Gocha (Hojii daree-Gareen)

- Barreeffama mata duree “**Maatii Warra Laaloo**” jedhu jalatti dhiyaate dubbisaniis gilgaala 3 dhuunfaan dabtara isaaii irratti akka hojjetan gochuun sororsaafii. Bulchiisni maatii haqummaa yoo hin qabaanne, rakkoolee uumamuu danda'an tarreessuun goolabaa.

Gocha (Hojii daree- Gareen)

- Itti aansuun barreeffama waa'ee barbaachisummaa haqaa fuula 50 irratti dhiyaate dubbisaniis gaaffii 1 gilgaala 4 jalatti dhiyate irratti gareen akka mari'atan godhaa. Maree irrattis barattootni dammaqinaan akka hirmaataniif keessa adeemuun jajjabeessaa. Marichi yeroo xumuramu gareen muraasni yaada ijoo irratti mari'atan dareef akka dhiyyeessan godhaa.

Ibsa

- Xumura irratti, gaaffii lamaan gilgaala 4^{ffaa} jalaa bu'uura godhachuun waa'ee barbaachisummaa haqaa goolaba gabaabaa kennaa.

Barbaachisummaa Haqaa

Haqni namoota gidduutti walmufannaan akka hin uumamneefi jireenya nagaan akka jiraatan gochuuf meeshaa gargaaru dha. Meeshaan kun namni kamiyyuu karaa malee akka hin miidhamnee fi mirgi isaas karaa sirrii ta'een akka kabajamu godha. Sadarkaa maatiitti haqni yoo jiraate, miseensonni maatii jaalalaa fi nagaan akka jiraatan taasisuu bira darbee guddinaa biyyaafi lammiiwwaniif shoora guddaa taphata.

Gandaafi naannoo manneen jireenyaatti haqni jiraachuun isaa jiraatotni naannichaa nagaan fi jaalalaan jiraachuu akka danda'anii fi guddinaa fi misoomaa naannoo isaaniif ga'ee guddaa akka gumaachan gargaara.

Haqni mana barnoota keessa yoo jiraate hawaasni mana barnootaa barataa, barsiisaa fi hojjettoonni biroon nagaan fi jaalalaan, waliif yaaduu fi wal gargaaruun hojii isaanii akka hojjetan gochuuf gargaara.

Barattoonnis dandeettii qabaniin gochaalee sirrii fi fudhatama qaban maatii isaanii, naannoo isaanii fi mana barnootaa isaanii keessatti raawwachuun irraa egama.

Fakkeenya

- Maatii isaanii keessatti abbaa fi haadhaa isaanii akkasumas miseensota maatii biroo ija walqixaan ilaaluu,
- Kabajaafi jaalala walfakkaatu miseensota maatii hundumaaf kennuu,
- Miseensi maatii kamiyyuu yeroo loogii raawwatu callisanii ilaaluu dhiisuu irra ifaafi ifatti sirrii akka hin taane itti himuun akka of sirreessuf tattaafachuu,
- Ofii isaaniis loogummaa irraabilisa ta'uu.
- Loogiin yoo godhameef illee, sirrii akka hin taanee himuun fudhachuu dhiisuu.
- Naannoo isaanii keessattis haaluma walfakkaatuun jiraatota naannichaaf kabaja sirrii ta'e kennuu.
- Naannoo jireenya isaaniitti hiriyoota isaanii ija walfakkaatuun ilaaluu, hunda isaanii akka obboleessaa fi obboleettiiti ilaaluu, ijoollee kamiif iyyuu kunuunsaafi jaalala walfakkaatu kennuu.
- Akka tasa hiriyoota isaanii gidduutti waldiddaan yoo uumame kamiifiyyuu osoo hin loogiin isa baleesse sana ati baleessiteeta jechuun badii isaa amanee dhiifama gaafatee akka waliigalan gochuufi kkf.
- Mana barnootaa keessattis barsiisota, hojjetootafi barattoota ija walqixaan ilaaluun hundumaaf kabajaafi jaalala walfakkaatu agarsiisuu.
- Hiriyoota isaanii hunda akka obboleettii ykn obboleessaatti ilaaluu.
- Akka tasaa hiriyoota isaanii gidduutti walitti bu'uuinsi yoo uumame loogii tokko malee araarsuu.

4.2. Qaamolee Haqaa Naannootti Argamaniifi Adeemsa Kenniinsa

Haqaa (*Wayitii- 2*)

Qophii daree: Meeshaalee deeggarsa barnootaa

- Suuraa fi Poostaroota waajiira gandaa, waajiira poolisii fi manneen murtii agarsiisan.

4.2.1. Sadarkaa Hawaasaatti Adeemsa Kenniinsa Haqaa (*Wayitii- 1*)

Seensa

Gaaffilee ka'umsaa

- Daree keessatti miidhaan yoo isinirra gahee gocha kana eenyutti beeksiftuu?
- Naannoo keessanitti namoota gidduutti walitti bu'iinsi yoo uumamu namoonni walitti bu'iinsa kana dhabamsiisan jiruu? Walitti bu'insa kana haala kamiin dhabamsiisu?
- Gaaffilee seensaa olitti dhiyaatan lamman, barattootni jechaan akka deebisan godhaa. Itti dabalauunis gaaffilee armaan gadii akka deebisan godhaa.
- Daree keessatti hiriyyaan keessan yoo arabse ykn yoo isin rukute eenyutti himtuu?
- Daree keessatti muuseen daree yoo isin arrabse ykn isin rukute eenyutti himtu?
- Daree keessatti miidhaan barsiisaa keessaniin yoo isin irra gahe eenyutti himtuu? Maaliif?
- Naannoo keessa jiraatan keessatti namoonni yeroo wal-lolan namoonni tasgabbeessan jiruu? Akkamitti tasgabbeessuu?

Gocha (Hojii daree-Gareen)

- Barreeffama mata duree “**Obbo Ballihuu Abshaalticha**” jedhu jalatti dhiyaatee dhuunfaan dubbisanii gilgala 5 dabtara isaanii irratti akka hojjetan godhaa. Dabtara isaaniis sorosaafi.

Ibsa

- Xumura irrattis adeemsi kenniinsa haqaa, keessumattuu sadarkaa hawaasaatti qabxiilee bu'uuraa maal maal akka of keessa qabu ibsa gabaabaa kennaa!

Sadarka Hawaasaatti Adeemsa Kenniinsa Haqaa

Sadarkaa hawaasaatti tajaajila haqaa kennuuf sadarkaalee armaan gadii keessa darbuun barbaachisa dha.

- Duraan dursa ka'umsa rakkoo kanaa baruuf yaalii gochuu.
- Ragaalee sababa isaa baruuf gargaaran tooftaalee adda addaatiin namoota adda addaa irraa sassaabuu
- Ragaaleen sassabaman sirrii ta'uu isaanii mirkaneeffachuuf yaalii gochuu.
- Namoota rakkoo qaban dabareen haasofsiisuu fi sababa isaan kennanis dhaggeefachu.
- Sababa isaan dhiyeessan ragaalee qindaa'an waliin dhugoomsuu.
- Xumura irrattis, murtoo gama kamiifiyyuu hin loogneefi haqa qabeessa ta'e kennuun rakkoo hiikuufi walitti araarsuu.

4.2.2. Qaamolee Haqaa (Wayitii-1)

Seensa

Fakkiilee .4.2 - 4.5 fi gaaffilee ka'umsaa

- Mana barnootaa, naannoo manneen jireenyaa, daree barnootaafi maatii keessatti qaamolee haqa kennan tarreessa.
- Isin mana keessanitti, mana barnootaatti ykn daree barnootaa keessan keessatti adeemsa kenninsa haqaa keessatti itti gaafatamummaa akkamii baatanii beektu?
- Gaaffilee seensaa armaan olitti dhiyaatan jechaan akka deebisan godhaa.

Gocha (Hojii daree-Gareen)

- Barattoota garee afuritti qoodaa. Qaamolee haqaa 1-4 tarreeffaman waraqaa gosa adda adaa 4 irratti barreessanii carraa haa qopheessan. Gareewwanis carraa baasuudhaan gaheen hojii qaamolee haqaa carraa kaasan maal akka ta'e irratti mari'achuun deebii akka qopheefatan godhaa. Maree kanas hordofaa. Mareen yeroo xumuramuu dabaree dabareen deebii qopheeffatan akka dhiyyeessan godhaa.
1. Jaarsolii, abbootii amantaa fi namoota beekamoo
 2. Ganda
 3. Poolisii
 4. Mana murtii

A. Qaamolee Haqaa Aadawaa

- Fakkii 4.2 ilaalanii gaaffilee fakkicha jalatti dhiyaatan jechaan akka deebisan godhaa.

Ibsa

- Itti aansuun barreeffama waa'ee Qaamolee Haqaa Adawaa akkaata kitaaba isaanii keessa jiru gabaabinaan ibsaaf (kitaaba keessa kan jiru gahaa dha).

B. Qaamolee Haqaa Ammayyaawaa

- Fakkiilee 4.3 – 4.5 ilaalanii gaaffilee fakkicha jalatti dhiyaatan akka deebisan godhaa.

Ibsa

- Waa'ee maalummaa fi barbaachisummaa qaamolee haqaa ammayyaawaa ibsa gabaaba kennaafi.

Gocha

- Gilgaala 7 garee xiqqaa ykn cimdiin mari'atanii akka hojjetan godhaa. Maricha hordofaa. Deebii isaanii dareef akka dhiyyeessan godhaa.

Goolaba

- Waa'ee maalummaa fi barbaachisummaa qaamolee haqaa ibsa gabaaba kenna.

4.3. Hojimaata Loogiifi Miidhaa Isaanii (Wayitii-2)

Qophii daree-Meeshaalee deeggarsa barnootaa

- Fakkiilee hir'ina haqaa agarsiisan.

4.3.1. Seera kabajuu dhabuu

Seensa

Gaaffilee ka'umsaa

- Seera mana barnootaa keessanii eenyutu kabajuu qabaa?
- Seericha kan hin kabajne yoo jiraate maal ta'u? Tarkaanfileen akkamii fudhatamuu qabu jettuu?
- Barattootni gaaffilee seensaa armaan olitti dhiyaataniif jechaan deebii akka kennan godhaa.

Gocha (Hojii daree- Gareen)

- Seenaa mata duree “**Gandoota Chaanaar**” (**kutaa Tokkoffaa**) jedhu jalatti dhiyaate dubbissanii gaaffilee lamaan gilgaala 8 jala jiraan irratti gareen akka mari'atan godhaa. Mareen erga xumurame yaada ijoo mare isaanii gareen murtaa'an dareef akka dhiyeessan godhaa.

Gocha (Hojii manaa-Dhuunfaan)

- Ibsa gilgaala 8tti aanee dhiyaate dhuunfa'an dubbisaniis gilgaala 9 dabtara isaanii irratti hojjetanii akka dhufan gochuun sororaafii. Kanneen haala gaariin hojjetan deebii isaanii dareef akka dubbisan godhaa. Dinqiisifachuudhanis barattootni harka akka walitti rukutaniif godhaa.

Ibsa

- Xumura irrattis, rakkoolee seera kabajuu dhiisuun dhaqqabsiisuufi seera kabajuu dhiisuun karaalee haqi sarbamu keessaa isa olaanaa ta'uu isaa agarsiisuun, barattootnis seera kabajuun isaan irra akka jiraatu gochuun golabaa.

4.3.2. Hojimaata Loogii Raawwachuu (Wayitii-1)

Seensa

Gaaffilee ka'umsaa

- Hojimaataa loogii naannoolee armaan gadiiti mula'atu jettan tarreessaa.

A. Daree barnootaa keessatti

B. Manneen Barnoota keessatti

C. Gandoota keessatti

- Namoonni maaliif hojimaata loogii raawwatu? Qabxiilee sababa ta'u jettan eera.
- Barattootni gaaffilee seensaa armaan olitti dhiyaatan gareen irratti dubbatanii deebii akka qopheessan yeroo kennaaf. Gareen muraasni deebii qopheeffatan dareef akka dhiyeessan godhaa.

Ibsa

- Xumura irrattis, waa'ee maalummaa hojimaata loogii fi miidhaa inni dhaqqabsiisuu fakkeenyaan deeggeruun ibsa gabaabaa kennaa. Hojimaata loogii hordofuun karaa isa gudda haqni itti dabuu danda'u ta'uu isaa yaadachiisaa. Xumura irrattis barattootni hojimaata loogii irraa ofeegachuu akka qaban hubachiisuun goolabaa.

Maalummaa hojimaata loogiifi midhaa inni dhaqabsiisu

Loogii jechuun looguu, gara nama tokkootti jal'isuu jechuudha. Loogii jechuun murtii dabsuu, tokko midhuun isa kan biraa immoo karaa malee fayyaduu, dhugaa dabsuu fi murtii seeraa qabeessa hin taane murtii seera fallessuun murteessuu jechuudha. Loogiin nama isa mirga qabuuf murteessa osoo hin ta'in nama isa abbaa mirgaa hin ta'iniif murteessuu ykn deeggeruu fida. Yeroo tokko tokko, nama isa mirga qabuufis akka malee fayyaduufis loogiin raawwatama. Yeroo baay'ee gochi akkasii firooma, hiriyyummaa, ykn faayidaa biroon kan walqabate ta'ee argama.

Sanyii, sabummaa, saala, bifa, amantii fi kkf bu'uureffachuun nammoota gidduutti garaagarummaa uumuu, tokko ofitti dhiyeessuu, kan biraa immoo of irraa fageessuu; tokko fira kan biroon ammoo orma, isa tokko fira jaalatama isa biraa ammoo gochuu; tokko karaa malee fayyaduuf kan biraa immoo miidhuu; tokko kabaju tokko tuffachuu fi salphisuu fi kkf raawwachuun haalota loogiin ittiin ibsamu dha.

Gocha (Hojii daree-Gareen)

- Xumura irratti gilgaala 10 jala gaaffilee lamaan jiran irratti gareen akka mari'atan godhaa. Maree kanas keessa deemuun hordofaa. Deeggersi yeroo barbaachises kennaa. Mareen yeroo xumuramu gareen murtaa'an yaada ijoo irratti mari'atan dareef akka dhiyeessan godhaa.
 - Gaaffileen itti aanan laman yaadota ijoo hirmaannaa barattoota gaafatan waanta'eef qabxiilee gurguddoo armaan gadii akka hubatan godhaa.
1. Hojimaata loogii balleessuuf isin irraa maaltu eegama kan jedhuuf qabxiilee armaan gadii irratti xiyyeeffannoon haa godhamu.
 - Duraan dursnee hojimaatiin loogii gadhee ta'uu isaa amanee fudhachuu,
 - Amanee erga fudhannee, nuttis karaa loogii qabuun fayadamuu fedhuu dhiisuu,
 - Karaa loogii qabuun faayidaan nuuf kennamullee yoo mul'ate ifatti mormuy barbaachisa waan hin taaneef hin fudhadhu jechuun gochaan agarsiisuu;
 - Hojimaatni loogii osoo raawwatuu yoo argne, qaama ilaalatutti himuun saaxila baasuu.
 2. Hojimaata loogii mana barumsaa keessatti raawwataman balleessuuf maal gochuu qabna kan jedhuuf kanneen armaan gadii of keessatti akka qabatan godhaa.
 - Lakkoofsa 1 gubbaa irratti kan ka'aman akkuma jiranitti ta'ee, dabalataan barsiisonni fi hojjetoonni hundi gadhummaa hojimaataa loogii fi midhaa inni dhaqabsiisuu hubatanii jijjiirama ilaalchaa akka fidaniif barnoota hubannoo gabbisuu kennuu.

- Namni kam iyyuu hojmaata loogii yoo raawwatee, tarkaanfiin sirreeffama akka irratti fudhatamu gochuu. Kanaafis, qajeelfama qopheessuu fi hojii irra oolchuu.

4.3.3. Rakkoolee Gochaleen Loogii Dhaqqabsiisan

Seensa

Fakkiilee 4.6 – 4.8 fi gaaffiilee ka’umsaa

- Fakkiilee armaan olitti mul’atan irraa maal hubattuu? Gochaalee akkamiitu raawwachaa jiraa?
- Gochaaleen akkasii akka hin uumamneef lammiileen maal gochuu qabu?
- Gaaffiilee seensaa armaan olitti dhiyaataniif barattootni jechaan deebii akka kennan godhaa!

Gocha (Hojii daree-Gareen)

- Seenaa mata duree “**Gandoota Chaanaar**” (**kutaa lammaffaa**) jedhu jalatti dhiyaate dubbisani gaaffiilee lamman gilgaala 11 jalatti dhiyaatan irratti gareen akka mari’atan godhaa. Maricha hordofuunis gareen muraasni yaada ijoo maree isanii akka dhiyeessan godhaa.

Ibsa

- Miidhaalee hojmaati loogii dhaqqabsiisan irratti ibsa gabaabaa barnooticha goolabaa.

Rakkoolee gochaaleen loogii dhaqqabsiisan

Hojmaata loogii ykn loogii raawwachuun gocha baay’ee gadhee dha. Loogiin jaalalaa, tokkummaa, nayeenyaa fi wal danda’anii jiraachuuf farra dha. Namoota gidduutti loliisa, jibbiinsafi, waldiddaa adda adda fida.

Hojimaata loogii ykn loogii raawwachuun, gufuu guddinaa fi nageenyaa ta’uu bira darbee burqaa rakkoolee hawaasa ta’a. Miira namoota baay’ee miidha, akkasumas abdiin akka kutatanii fi rakkoo hammaf akka saaxilaman taasisa. Hojmaatin loogii, hiyyummaa fi boodatti hafummaaf gahee guddaa gumaacha.

Kanaafuu, gochi loogii, bifa hundaanuu gochaalee miidhaa fi baay’ee gadhee waan ta’eef dhabamsiifamuutu irra jiraata.

Gocha (Hojii manaa-Dhuunfaan)

- Gilgaala 12 dhuunfaan dabtara isaanii irratti hojjetanii akka dhufan godhaa. Hojmanee isaaniis soroorraafi!

4.4. Dhaabbilee Hawaasummaa (*Wayitii- 1*)

Oophii Daree: Meeshaalee deeggarsa barnootaa

- Poostarootaa fi suuroota dhaabbilee hawaasaa agarsiisan.

4.4.1. Maalummaa Dhaabbilee Hawaasaa

Seensa

Fakkii 4.9 fi gaaffilee ka'umsaa

- Dhaabbilee armaan olitti eeraman naannoo keessan jiraachuu fi jiraachuu dhiisuu isaanii xiinxaluun gabatee kenname guutaa.
- Fakkii 4.9 ilaalanii, maal maal akka ta'e akka adda baasan godhaa. Itti aansuun fakkicha jalatti gabatee barnootichaaf akka seensaatti gargaaruuf dhiyaate akka guutan godhaa.

Gocha (Hojii daree-Dhuunfaa)

- Gabatichatti aanee ibsa dhiyaate dubbisaniil gilgaala 13 dhuunfaan dabtara isaanii irratti akka hojjetan godhaa. Sorooraaafis.

Ibsa

- Waa'ee maalummaa dhaabbilee hawaasummaa fi tajaajila isaanii gabaabaatti ibsuufiin barnooticha goolaba. (Ibsi kitaabicha keessa jiru gahaa dha)

4.4.2. Haqummaa tajaajila dhaabbilee hawaasaa

Seensa

Gaaffilee ka'umsaa

- Tajaajila hawaasummaa haqa qabeessa ta'e kennuu jechuun maal jechuu dhaa?
- Haqummaan dhaabbilee hawaasummaa maaliin ibsama?
- Gaaffilee seensaa armaan olitti dhiyaataniif deebii jechaan akka kennan godhaa.

Ibsa

- Haqummaa tajaajila dhaabbilee hawaasaa jechuun maal jechuu akka ta'eefi haqummaan tajaajila isaan kennanii maaliin akka ibsamu ibsa gabaaba kennaa.

Gocha (Hojii daree-Gareen)

- Gaaffilee lamaan gilgaala 14 keessaa jiran irratti gareen akka mari'atan godhaa. Maricha hordofuun deeggersa barbaachisu, Kanneen haala gaariin hojjetan keessa gareen murta'an deebii qopheeffatan barattoota dareef akka dhiyyeessan godhaa. Deebicha irrattis yaada dabalataa kennuun barnooticha goolabaa.

4.5. Gibira (Wayitii -2)

Ophii Daree-Meeshaalee deeggersa barnootaa

- Suura ykn poostara yeroo lammiileen gibira kaffalan agarsiisu.

4.5.1. Maalummaa fi Faayidaa Gibiraa

Seensa

Fakkii 4.10 fi gaaffilee ka'umsaa

- Fakkii 4.10 irratti waanti argitan maalii?
- Gibira jecha jedhu dhageessanii beektuu? Waanta beektan ibsaa.
- Fakkii 4.10 ilaalanii gaaffilee seensaa armaan olitti dhiyaatan jechaan akka deebisan godhaa.

Gocha (Hojii daree-Dhunfaan)

- Gaaffii fi deebii mata duree “**Gaaffii Kadijjaa**” kutaa 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} jedhu jalatti dhiyaate dubbisaniis gilgaala 15 fi 16 jala gaaffilee jiran dhuunfaan dabtara isaanii irratti akka hojjetan godhaa. Dabtara isaaniis sorooraa. Barattoota baay'ee gariitti hojjetan muraasa filuun deebii isaanii dareef akka dubbisan godhaa. Dinqisiifannaa fi jijjabinas kennaafii.

Ibsa

- Waa'ee maalummaa fi faayidaa gibiraa akkasumas gibirri yeroon hin kaffalamuu yoo ta'e rakkoo inni fiduu danda'u gabaabinaan ibsuufiin goolabaa.

Maalummaafi faayidaa gibiraa

Gibira jechuun namni kamiyyuu galii argatu irraa amma tokko hir'isee maallaqa mootummaaf kafaludha. Mootummaan qarshii sassabu kanaan jireenya ummataaf tajaajiltoota bu'uura barbaachisan dhiyeyessuufi babal'isuurra oolcha.

Fakkeenyaaf daandii, bishaan, ibsaa fi bilbila mana barnootaa, mana yaalaafi kkf babal'isuufi ummanni tajaajila barbaadu akka argatuu gochuufi misooma babal'isuuf kan gargaaruu qarshii gibira irraa walitti qabamudha.

Gibirri seeraan hin kaffalamuu yoo ta'ee, tajaajila armaan olitti eeraman argachuu hin dandeenyu. Manni barnootaa ijaaramuu hin danda'u yoo ta'ee barnoota barachuun hin danda'amu. Manni yaala hin babala'tu yoo ta'e tajaajila wal'aansaa fayyaa argachuun hin danda'amu. Tajaajila fayyaa argachuu hin dandeenyu yoo ta'e uummanni dhibee dhukkubaaf saaxillama. Wajjira poolisiin babal'isuu yoo hin dandeenye yakkamtoonni baay'atu, gochaaleen seeraan alas babal'achuu danda'a. Ummanni nagaan ba'ee nagaan galuu hin danda'u. Saamicha, reebichaa, ukkaamsaafi kkf ni baaya'ta.

Kanaafuu, gibirri guddinaaf, fayyaa fi nagaa biyyaaf ga'ee gudda qaba jennee xumuruu ni dandeenya.

Goolaba Boqonnichaa

- Barsiisa! Golaaba irra yemmuu geessan dursa barattootaaf carraa kennuun, boqonnicha keessatti maal akka barataniis fi maal akka hubatan gabaabatti akka ibsan godhaa.
- Barattoota murtaa'aniif carraa erga laattanii booda, golaaba isaa isin dhiyyeessaa.
- Xumura irratti gaaffilee keessa deebii akka hojjetan godhaa.

Deebii gaaffiilee keessa deebii

I. Himoota armaan gadiif sirrii yoo ta’an “Dhugaa” doggora yoo ta’an ammoo “Soba” jechuun deebisaa.

1. Soba 2. Dhugaa 3. Soba 4. Dhugaa 5. Soba

II. kanneen roga “A” jalatti tarreeffaman roga “B” kanneen tarreeffaman waliin walitti firoomsaa.

1. D 2. B 3. A 4. F 5. C

III. Bakka duwwaa armaan gadii jecha ykn gaalee sirrii ta’een guutaa.

1. Ganda, waajjira poolisii fi mana murtii
2. Mana barnootaa
3. Gibira

IV. Gaaffilee armaan gadiif deebii sirrii ta’e filadhaa.

1. D 2. A 3. D 4. D 5. A

V. Gaaffiilee armaan gadiif ibsa gaggabaabaa kennaa.

- Ibsi ketaaba keessatti kenname gahaa dha.

Iddattoo karoora barnootaa

4.1. HAQA

4.1.1. MAALUMMAA HAQAA

Yeroo	Gocha Barsiisaa	Gocha Barata
5'	<p>Seensa</p> <ul style="list-style-type: none"> Barnooticha eegaluuf akka ka'umsaatti gaaffilee kennamaniifi fakkii 4.1 sirriitti akka qo'ataniif deebii jechaan akka kennan gochuu. Madaalli jala'te maal agarsiisaa? Madaalli walqixaan hoo maal agarsiisaa? Madaala kana irraa maal hubattuu? Madaala isa kamiin filutuu? Maaliif? 	<ul style="list-style-type: none"> Fakkii 4.1 ilaaluun gaaffilee dhiyyaatan deebisuu.
20'	<p>Gocha (Hojii daree-Gareen)</p> <ul style="list-style-type: none"> Gilgaala 1 keessatti gaaffilee lammaan irratti gareen akka mari'atan gochuu. Maree fi deebii qopheessan keessa deemuun ilaalu. Gareelee deebii garii qopheessan filuun deebii isaanii barattoota dareef akka dhiyeessan gochuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Gaaffilee gilgaala 1 keessatti argaman irratti mari'achuun deebii qopheessu. Deebii isaanii dareef dhiyeessuu.
15'	<p>Ibsa</p> <ul style="list-style-type: none"> Deebii barattootaa cimsuun, bulchiinsa maatii fi mana barnoota keessatti gochoota haqa ibsaan kanneen gurguddoo ta'an himuu, barnooticha qabatamaanhubachuu isaanii mirkaneeffachuuf, fakkeenyaan akka ibsan barattoota murtaa'an filuun gaaffachu. 	<ul style="list-style-type: none"> Ibsicha sirriitti caqasuu Waanta ifa hin taane yoo jiraate gaaffachu. Deebii isaa dhaggeeffachu. Gaaffiif deebii kennuu.

BOQONNAA SHAN

JAALALA BIYYAA

(Waytiin ramadame -9)

Kaayyolee Gooroo: Barattoonni boqonnaa kana erga xumuranii booda:

- Jaalala biyyaa jechuun maal jechuu akka ta'e ni hubatu.
- Hariiroo jaalala biyyaa fi lammummaa gidduu jiru ni beeku.
- Gochoota miira jaalala biyyaa huban addaan ni baafatu.

Lakk.	Barannoo	Kaayyolee Gooree	Meeshaalee Deeggersa Barnotaa
1	Jaalala Biyyaa	Barnoota kana booda barattootni: <ul style="list-style-type: none">• Maalummaa jaalala biyyaa ni ibsu.• Ibstoota amala jaalala biyyaa ni tarreessuu.	<ul style="list-style-type: none">• Fakkiilee yeroo lammiileen hojiilee adda addaa hojjetan agarsiisuu
2.	Gochoota Jaalala Biyya Miidhan	<ul style="list-style-type: none">• Gochaalee Jaalal Biyyaa miidhan adda ni baafatu.	<ul style="list-style-type: none">• Fakkiilee gochaalee faallaa jaalala biyyaa miidhan agarsiisu.
3.	Maalummaa Meeshaalee Tajaajila Walee	<ul style="list-style-type: none">• Maalummaa meeshaalee tajaajila walee ni ibsu.• Sadarkaa manaa fi mana barnootaatti meeshaale waliin itti fayyadaman ni tarreessu.• Eegumsa meeshaalee tajaajila waleef taasifamuu qabu ni ibsu.	<ul style="list-style-type: none">• Fakkiilee meeshaalee mana barnootaa keessatti tajaajila walee kennan (kitaaba, gabatee gurraachan, minjaala fi kkf) agarsiisu
4	Hiyyumaa fi Boodatti Hafummaa Keessaa Ba'uu	<ul style="list-style-type: none">• Ibstoota hiyyummaa fi boodatti hafummaa ni tarreessa• Karaalee hiyyumaa fi boodatti hufummaa keessa ba'uuf nama gargaaran addaan ni baafati.	<ul style="list-style-type: none">• Suura maatii harka qalleeyyii agarsiisu.
5	Lammummaa	<ul style="list-style-type: none">• Maalummaa lammummaa ni ibsu.	
6	Alaaba Biyyoolessa		<ul style="list-style-type: none">• Kaartaa Itoophiyaa ummattoota ishee waliin waliin agarsiisu.

5.1. Jaalala Biyyaa (*Wayitii -2*)

Qophii Duree: **Meeshaalee deeggorsa barnootaa**

- Poostaroota ykn suura yeroo lammileen gocha adda addaa raawwatan agarsiisu.

5.1.1. Maalummaa Jaalala Biyyaa (*Wayitii-1*)

Seensa

Fakkii 5.1 fi Gaaffilee ka'umsaa

- Waa'ee malummaa jaalala biyyaa ergaa fakkiin kun dabarsuu ibsaa.
- Naannoo keessanitti jaalala biyyaatiin walqabatee walaloo, sirbootaa fi faarulee adda addaa ummatni itti fayyadamu kan beektan yoo jiraate dareef dhiyyeessaa.
- Fakkii 5.1 ilaalaalani gaaffilee seensaa armaan olitti dhiyaatan jechaan akka deebisan godhaa.

Ibsa

- Itti aansuun waa'ee maalummaa jaalala biyyaa ibsa gabaaba kennaa.

Maalummaa Jaalala Biyyaa

Jaalala biyyaa jechuun biyya ofii akka abbaa fi haadha ofiitti enyummaa fi abdi kooti jechuun jaallachuu, dirqama isheen nama irraa eegduu ittigaafatamummaa guutuun fudhatanii hojii irra oolchuu jechuu dha. Jaalalli biyyaa yeroo, humna, bekumsa fi qabeenya ofii guddina biyyaa fi faayidaa lammiiwaniif oolchuun ibsama. Jaalalli biyyaa guddinaa fi nageenya biyya ofiif hanga wareegamaa lubbuu kaffaluu gaafata.

Biyya jaala'chuu jechuun jaalalaa fi kabaja dhugaa onnee irraa madde ummatoota biyyatti keessa jiraatan hundaaf qabaachuu fi jaalala kanas gochaan agarsiisuu jechuu dha.

Gocha (Hojii daree-Gareen)

- Walaloo Ummataawaa ibsa kanatti aanee dhiyaate gareen dubbisani gilgaala 1 keessaa gaaffilee 2n jiran irratti mari'atanii akka deebisan godhaa.

5.1.2. Amaloota Jaalala Biyyaa Ibsan (*Wayitii 1*)

Seensa

Fakkii 5.2 fi gaaffilee ka'umsaa

- Namni tokko jaala biyyaa qaba jechuun kan danda'amu yeroo maal hojjetuu ykn yeroo amala akkamii qabaatu dhaa?
- Barattootni gaaffii ka'umsaa kana irratti gareen akka mari'atan godhaa.

Gocha (Hojii daree-Gareen)

- Seenaa mata duree “**Obbo Guutamaa fi Ijoollee Ollaa Dooccoofaa**” jedhu jalatti dhiyaate garee xixiqqaan ykn cimdiin dubbisani, gilgaala 2 keessaa gaaffilee 3n jiran mareen akka hojjetan godhaa. Marichas hordofa! Maricha yeroo xumuran gareewwan kunniin deebii isaanii barattoota dareef dhiyessun yaadi akka irratti kennamu godhaa.

Ibsa

- Xumura irrattis, amaloota jaalala biyyaa ibsan gababumatti ibsuufiin goolabaa.

Amaloota Jaalala Biyyaa Ibsan

- Amalootni jaalala biyyaa ibsan hedduutu jiru. Isaan gurguddoonis kanneen armaan gadiiti ofkeessatti qabata:

Biyya ofii akka haadhaa fi abbaa ofiitti ilaaluun kunuunsuu

- Biyya keenya fi naannoo keessa jiraanuu sirriitti beekuu fi qabeenya uumamaa fi dabareewwan seenaa ishee kunuunsuu.
- Haga dandeetti keenyatti hirriyyoota keenya, olloota keenyaa fi lammiilee keenya gargaaruu.
- Mana barnootaa fi naannoo jireenya keenyaa kunuunsuu fi qulqullina isaanii eeguu.
- Mana barnootaa fi naannoo jireenya keenyaatti qabeenya biyyaaf quuqamuu; qabeenya dhuunfaas ta’e kan walee kunuunsuu fi sirritti qabuu.
- Ofii keenya naamusa gaarii qabane, naannoo keenyattis ta’e mana barnootaa keenyaatti naamusni gadheen akka hin jiraanne gochuu; yoo jiraatanis haga dandeettii keenyaattii ittisuu fi akka sirratan gochuudhaan gochoota nageenya ummataa boorressan irratti qabsaa’uu.
- Sabummaan, qooqii fi amantaan osoo nu hin daangessiin walii walii keenyaan waljaallachuu, walkabajuu, waliif yaaduufi tokkummaa fi guddina biyyaa fi ummata keenyaa daran cimsuuf hojjechuu fi kkf dha.

Walumaagalatti, biyya jaallachuun karaa addaa addaatiin ibsama. Gocha gariin raawwachuun fakkenyaaf qo’annoofi qorannoo geggeessuun, dirree waraan, misoomaa fi kkf irratti injifatani argamuun ibsama. Hunda ol anmmoo jaalalli biyyaa gochaalae armaan gadiin caalmaatti ibsamuu ni danda’a. Isaanis:

1. Seenaa biyyaa, naannoo jireenyaa fi ummatootaa isa sirrii beekuu

Biyya jechuun, naannoo daangaa fi teessuma lafaa seera addunyaan beekamtii qabu fi naannoo kana keessasi hawaasni lammii biyyattii kan keessa jiraatu jechuu dha. Ummati biyya tokkoo lammummaadhaan tokko yoo ta’ellee sabummaa, amantii, aadaa fi qooqaan adda adda ta’uu ni danda’a.

Haala kanaan, biyya jechuun ummata jechuudha. Jaalala biyya keenyaf qabnu Itoophiyaaf qabuu guutummaatti ibsuu kan dandeenyu gaarreeniifi lageen ishee faarsuun otoo hin taane, jalqaba irratti jaalalaa fi kabaja ummattoota isheef qabnuun ta'a jechuu dha. Dhuguma ummatni waan itti jiraatuuf qabeenya umamaa biyya ofii jaallachuu fi kunuunsuun barbaachisaadha.

Jaalala biyyaa kanneen ittiin ibsinu keessaa tokko seenaa ummata ishee isa surii ta'e beekuudha. Miiirri jaalala biyyaa keenya guddachuu kan danda'u, seenaa ummattoota keenyaa isa sirrii ta'e yoo beeknee fi ummatooti kun aadaa, afaanii fi amantaa mataa isaanii qabaachuu isaanii yoo amanee fudhanne dha.

Waa'ee seenaa biyya keenyaa fi ummattoota biyya keenyaa hin beeknu yoo ta'e biyya keenya hin beeknu jechuu dha. Kana taanaan hubannoon nuti biyya keenya irratti qabnu hubannoo doggoggoraa ta'a jechuu dha. Miiirri jaalalli biyyaa hubannoo doggoggoraa irratti hundaa'e ammoo ilaalcha doggoggoraa biyya keenya irratti akka qabaannu nu taasisa. Kanaafuu, namni waa'ee biyya isaa hin beekne tokko biyya koo nan jaalladha yoo jedhe hiikkoo hin qabaatu. Kanaafuu amalli ibsama jalala biyyaa inni jalqabaa seenaa biyyaa fi ummattootaa isa sirrii ta'e beekuu dha.

2. Gochaalee nageenya waleefi nagaa ummatootaa booressuu danda'an ittisuu

Nageenya waliinii biyya tokkoo jechuun faayidaa fi nageenyi lammiilee hundaa walqixxa egamuu fi kabajamuu jechuu dha. Lammiwwan waliin jiraatan nageenya waliiniif waliin dhaabbachuu qabu. Gidduu isaaniitti mirgi lammii tokkoo yommuu sarbamu akka mirgi isaanii sarbameetti lakkaa'uu qabu. Kunis ibsama jaalala biyyaa isa lammaffaa waan ta'eef lammii keenya kam irrattiyyuu miidhaan yommuu qaqqabsiifamu mataa keenya irratti akka raawwatametti fudhachuun waliin mormuu fi akka sirratu gochuun barbaachisaadha.

3. Qabeenyaa mootummaafi ummataaf quuqamuu

Qabeenyi mootummaa fi ummataa qabeenyaa nama dhuunfaa otoo hin taane qabeenyaa lammiilee biyyattii hundaati. Sababni isaas qabeenyaan kunniin kan ittiin ijaaraman maallaqa lammiilee hundaan waan ta'eefi. Haala kanaan, ittifayyadamtooti qabeenyaa kanneenii ummattoota biyyattii ti.

Kanaafuu, lammiin kamiyyuu qabeenyaalee kanniin qabeenyaa walee isaanii ta'uu hubatanii nageenya isaaniitiif quuqamuu qabu.

Qabeenyaa mootummaa fi ummataaf quuqamuu jechuun ammo qabeenyaalee kanatti seeraan fayyadamuu fi akka hin qisaasofnee fi akka hin mancaane tattaaffii gochuu jechuu dha. Bifuma walfakkaatuun, namooti biroon qabeenyaalee kana yommuu mancaasanii fi faayidaa dhuunfaa isaaniif yommuu olchatan callisanii ilaaluu dhiisuu fi nutis qabeenyaa ummataa kanniin akka malee ittifayyadamuu irraa ofqusachuu qabna jechuudha.

5.2. Gochaalee Jaalala Biyyaa Miidhan

Oophii daree: **Meeshaalee deggersa barnootaa**

- Poosterootafi fakkiilee gochaalee diigoo mul’isan

Seensa

Jechamootaafi gaaffii ka’umsaa:

- “Yoon an du’e margi hin biqiliin.”
 - “Yeroo manni abbaakee saamamu waliin saami.”
 - “Matta’aa fi hattuun balbala hin jaallattu.”
 - Jechanooti armaan olitti dhiyaatan kun ergaa maalii akka dabarsan ibsaa.
- Jechamooti kunniin ergaa maalii akka dabarsan barattoonni gareen mari’atanii akka deebisan deggersaa fi hordoffii barbaachisu godhaafii.
 - Gareewwan maree isaanii akka xumuranitti deebii qopheeffatan dareef akka dhiyeessan godhaa.
 - Deebii isaanii ilaalchisee bakka sirreeffamni barbaachisutti sirreessuun, jechamoonni olitti dhiyaatan kun jaalala biyyaaliif balaa ta’uu isaanii ibsaaf.

Gocha (Hojii daree-Gareen)

- Seenaa Mata duree “**Abraar Qastoo**” jedhu jalatti dhiyaate barattoonni cimdiin ykn gareen dubbisaniis gilgaala 3 waliin mari’atanii akka deebisan godhaa. Hojjetanii akka xumuranitti gaaffiilee kanniin tokko tokkoon kaasuun ibsa akka irratti kennan godhaa.
- Itti aansuun gochaalee diigoo jaalala biyyaa miidhan tokko tokkoon kaasuun hubachiisaa.

Gochaalee diigoo jaalala biyyaa miidhan

- **Matta’aafi firummaan hojjechuu (Malaammaltummaa)**

Matta’aafi firummaan hojjechuun gochaalee jaalala biyyaa miidhan keessaa isa tokko. Matta’aa jechuun abbaan murtii tokko seeraa fi dambii jiruun otoo hin taane gama tokko gargaaree murtoo dabaa akka murteessu gochuuf jecha maallaqa ykn wana biraa dhoksaan kennamudha.

Gochi matta’aan raawwatamu faallaa seeraa ta’uu bira darbee, ummata miidha. Hojiin matta’aan raawwatamu jira taanaan ummanni mirga seerawaa isaatti fayyadamuu fi ittin jiraachuuf wabii hinqabu. Mirgi isaa waan jalaa sarbamuuf jaalalli ummati biyya isaaf qabu gaaffii keessa seena. Sababni isaas ummachi biyyi isaa keessatti mirgi isaa kabajamuuf akka hin dandeenye ykn mootummaan mirga kana kabachiisuuf akka hin barbaannetti waan ilaaluuf jechuudha.

- **Namoota gidduutti aadaan waldeggeruu dhibuu**

Namni yoo waliif yaadefi walgargaare fooyya’insii fi guddinni waliinii ni dhufa. Namoota gidduutti aadaan walgargaaruu fi waliif yaaduu yoo jiraate biyyattiin ni guddatti. Walgargaaruu fi waldeggeruun ibsama garalaafummaa fi jaalalaati. Aadaan walgargaarsa akkasii yoo jiraate rakkataan jiraachuu waan

hin dandeenyeef, biyyattii keessa hattuu, saamtuu fi kadhattuun hin jiraatu. Kanaanis ummachi nagaan fi jaalalaan jiraata.

Fallaa kanaan, aadaan walgargaarsaa fi waldeeggeruu hin jiru yoo ta'e garuu lakkoofsi rakkattoota ni bay'ata. Lakkoofsi kun yommuu baay'atu ammo kadhaan, hannii fi saamichi babal'ata. Haala kanaan ummanni nagaan fi jaalalaan waliin jiraachuu mannaa soda fi dhiphinaan akka jiraatu dirqama. Namni tokko biyya isaa keessatti nagaan jiraachuu yoo dadhabe ammo jaallalli inni biyya isaaf qabu balaa keessa gala.

- **Miirri maaltu na dhibee fi maaltu na galchee babal'achuu**

Dhimmoota biyyaa fi lammiiwwanii hunda irratti dammaqinaan hirmaachuu mannaa miirrii maaltu na dhibee fi maaltu nagalche jedhu babal'achaa yoo deeme, nageenyi guddinnii fi badhaadhinni biyyaa hin yaadamu.

Nageenyi, guddinnii fi badhaadhinni biyyaa dhibuun ammoo miira jaalala biyyaa akka malee miidha.

- **Qajeelfamoonni iftoomaafi gaafatamummaa sarbamuu**

Iftoomnifi ittigaafatamummaa qajeelfamoota bu'uuraa sina dimokiraatawaa keessaa isa tokkodha. Qajeelfama iftoomaa jechuun namni kamiyyuu, keessumattuu, hojiin namni sadarkaa ittigaafatamummaa tokko irra jiru hojjetu hawaasa irraa kan dhokate ta'uu hinqabu jechuudha. Icciiiti jedhamee dhimma dhoksaatti akka qabamu murtaa'een ala, ittigaafatamaan kun karaa sirrii ta'een hojjechuu fi hojjechuu dhiisuu isaa beekuu kan dandeenyu qajeelfamni kun hojii irra oluu isaatiindha. Qajeelfamni iftoomaa hojii irra akka oluuf ittigaafatamtoonni dhimma hojii isaanii ilaalchisee raga guutuu fi yeroo isaa eggate ummataa beeksisuu qabu.

Fakkeenyaaf qorumsa ilaalchisee hariiroo barsiisotaa fi barattoota gidduu jiru ilaaluu ni dandeenya. Barsiisaan kamiyyuu waraqaa qorumsa barattoota yeroon sororse deebisuu qaba. Barattoonnis waraqaa qorumsa isaanii ilaalani gaaffiilee sirriitti hojjetanii fi gaaffilee dogoggoran beekuudhaaf mirga qabu. Kun ta'uu kan danda'u qajeelfamni iftoomaa kun yoo hojii irra oledha.

Qajeelfamni iftoomaa hojii irra yoo hin oolle, barsiisichi waraqaa qorumsa barattoota seeraan hin sororsuu, qabxiis akkuma ofii barbaadetti kennuun barattoota haala gaariin hin hojjenneef qabxii guddaa kennuu; kanneen haala gaariin hojjetan ammo qabxii dhowachuu danda'a. Barattooti haala gaariin hojjetan kun waan hojjetan waan beekaniif komiin isaanitti dhagahama, jeeqamuu fi abdi kutuu danda'u.

Qajeelfamni gaafatamummaa namni kamiyyuu hojii isaa ykn ittigaafatamummaa kennameef haala gaariin yoo bahachuu baatee maaliif hin hojjenne ykn maaliif ittigaafatamummaa kee bahachuu dadhabde jedhamee kan gaafatamuu fi kanaafis tarkaanfiin sirreessaa badii kanaan walgitu irratti fudhatamuu akka danda'u qajeelfama agarsiisu dha.

Hojiirra olmaan qajeelfama gaafatamummaa, namooti hojii isaanii kabajanii haala gariin akka hojjetan jajjabeessa. Qajeelfamni kun hojiirra hin oolu yoo ta'e, rakkoolee hedduun umamuu danda'u. Hojii namatti kenname haala gaariin hojjechuu fi ittigaafataummaa ofii karaa seera qabeessa ta'een bahachuu dhabuun akkuma barbaadan ta'uu fi seera dhabinsi akka babal'atu godha. Kun ammoo hawaasa tajaajilamu irratti rakkoo guddaa qaqaabsiisa.

Gabaabumatti, qajeelfamni iftoomaa fi gaafatamummaa yoo cabe lammiwwan irra miidhaan adda addaa gahuu ni mala. Lammiwwan miidhaan irra gahe ammo miirri jaalala biyya isaaniif qaban yeroo yeroon dadhabaa deema.

- **Fedhii dhuunfaa ofii guutachuuf gochaa seera ala ta'e raawwachuu**

Fedhii dhuunfaa guutachuuf jecha namooti gochaalee seera ala ta'an raawwatu yoo ta'e, biyyattii keessatti seera dhabinsi babal'ata. Seera dhabinsi yommuu babal'atu yakki babal'ata, nagaan jiraachuun rakkisaa ta'a. Namni biyya isarra nagaan jiraachuu yoo dadhabe dhiphata, balaaleffata. Lammiin haala akkasii keessa jiraatu miira jaalala biyyaa gaarii qabaata jedhanii yaaduun rakkisaa dha.

Gochaalee diigoo daree keessatti raawwataman

Gochaalee diigoo daree keessatti raawwataman bakka lamatti qoodnee ilaaluu ni dandeenya. Isaanis gochaalee diigoo barattoota fi barsiisotaan raawwataman dha. Gochaalee diigoo barattootaan raawwataman keessaa kanneen armaan gadii eruun ni danda'ama:

- Daree keessatti barumsa kennamu haalaan hordofuu dhiisanii jeequfi adeemsa baruu fi barsiisuu qisaasessuu,
- Meeshaalee tajaajila waliinii kanneen akka teessumaa, minjaalaa, gabatee gurraachaa fi kkf ofeeggannoo fi kunuunsanii qabachuu mannaa miira maaltu na dhabdeen xureessuu, caccabsuu bubuqqisuu fi mancaasuu fi kkf,
- Hiriyyoota waliin nagaafi jaalalaan waliin jiraachuu mannaa lolafi walitti bu'insa uumuu fi kkf.

Gochaalee diigoo barsiisotaan raawwataman kanneen armaan gadii of keessaa qabata

- Barattoonni beekumsaafi dandeettii sirrii akka argataniif dhimmamanii barsiisuu mannaa yeroo barnootaa dhimmoota qoosaa fi bu'aa hin qabneen dabarsuu fi haalan barsiisuu dhabuu,
- Barattoota ija tokkoon ilaaluu dhiisuu, barattoota gidduutti garaagarummaa fi loogii raawwachuu.
- Daree barnootaa adeemsa baruu fi barsiisuuf mijaa'aa gochuu mannaa miira maatu na dhibdeen ilaalanii bira darbuu. Fakkeenyaaf naamsini daree yoommuu cabu tarkaanfii sirreessaa fudhachuu mannaa callisanii ilaaluu; qulqullina daree barnootaa badee otoo jiruu akka qulqullaa'u gochuu irraa callisanii ilaaluu fi kkf.

5.3. Maalummaa Meeshaalee Tajaajila Walee (*Wayitii-2*)

Oophii Daree: **Meeshaalee deggersa barnootaa**

- Poosteroota, fakkiilee meeshaalee mana jireenyaa tajaajila walee kennan agarsiisu.
- Poosteroota, fakkiilee fi kkf meeshaalee manneen barnootaa keessatti barattooni, barsiisonnii fi hojjetoonni waliin ittifayyadaman agarsiisu.

5.3.1. Meeshaalee tajaajila walee mana keessatti argaman (*Wayitii- 1*)

Seensa

Gaaffii ka'umsaa

- Meeshaalee tajaajila waa'ee manaa fi naannoo keessanitti argaman tarressaa.
- Barattooni gareen ta'anii gaaffii ka'umsaa kana irratti mari'atanii akka deebisan godhaa.

Ibsa

- Waa'ee maalummaa meeshaalee tajaajila walee irratti ibsa kennaa.

Meeshaalee tajaajila walee jechuun meeshaalee namni tokko qofti ittifayyadamuu otoo hin taane meeshaalee namooti naannoo jiran waliin ittifayyadaman jechuudha.

Gocha (Hojii daree-Gareen)

- Barattooni gareen ta'anii meeshaalee tajaajila walee mana keessa jiran maal fa'a akka ta'anii fi ofeeggannoo akkamii akka barbaadan mari'atanii akka deebisan godhaa. Maree kanas sirriitti hordofuun deeggersa barbaachisu kennaafi.

5.3.2. Meeshaalee tajaajila walee mana barnootaatti argaman (*Wayitii-1*)

Seensa

Gaaffii ka'umsaa

- Meeshaalee mana barnootaa keessa jiran tarreessaa.
- Meeshaalee tajaajila walee mana barnootaa keessan keessa jiran tarreessaa.
- Barattooni gareewwan xixiqqaan ta'anii gaaffilee ka'umsaa kanniin mari'atanii akka deebisan godhaa.

Ibsa

- Itti aansuun deebii barattootaa haala cimsuu danda'uun meeshaalee walee mana barnootaa keessa jiran kam fa'a akka ta'an tarreessaafii.

Meeshaalee tajaajila walee mana barnootaa keessatti argaman

Meeshaaleen tajaajila barnootaa mana barnootaa keessatti argaman meeshaalee mana barnoota keessatti argamanii fi fuula duras jiraatan ta'anii barattooni, barsiisonni fi hojjetoonni mana barumsaa hundi waliin itti fayyadaman dha. Fakkeenyaaf, teessumni daree keessatti argamu, minjaalonni, gabatee gurraacha, meeshaalee deeggersa barnootaa, kitaabilee, chaartiiwwan, fakkiilee fi kkf, meeshaalee taphaa adda addaa, hujummoo bishaanii, mana fincaanii fi kkf eruun ni danda'ama.

Gocha (Hojii daree - Gareen)

- Barattoonni garee isaanii duraan ta’anii meeshaaleen tajaajila walee mana barumsaatti argamaniif ofeeggannoon akkamii akka isaan barbaachisu akka irratti mari’atan godhaa. Maree kanas hordofuun deggersa barbaachisu godhaafii. Mare kana akka xumuranitti gareewwan deebii qopheeffatan dareef akka dhiyeessan dhaa.

Gudunfaa

- Deebii barattootaa kana cimsuu fi gabbisuun mana keessattis ta’e mana barnootaa keessatti ofeeggannoo meeshaalee tajaajila waleef taasifamuu qabu ilaalchisee ibsa gabaabaa kennuun gudunfaa.

5.3.3 Meeshaalee tajaajila waleef ofeeggannoo godhamuu qabu

Akka waliigalaatti meeshaalee tajaajila walee hundi osoo hin xuraayiniifi osoo hin manca’inn yeroo dheeraaf akka turu gochuuf of eeggannoo guddaadhaan kunuunssinee qabachuutu nurra jiraata.

Fakkeenyaaf:

- Teessumaa fi minjaalota soofuu dhiisuu.
- Keenyan daree barnootaa soofuufi xureessuu dhiisuu.
- Teessumaa fi minjaalota irra ba’uu dhiisuu.
- Qulqullina daree barnootaa eeguu.
- Meeshaalee ispoortiifi taphaa haala gaariin qabuun itti fayyadamu.
- Ujummoo bishaaniitti seeraan fayyadamu.
- Mana fincaanii qulqullinaan qabachuufi kkf.

Gocha (Hojii daree-Gareen)

- Barattootni fedhii isaaniitiin gareen akka ijaaramanii fi gaaffilee sadan (3) gilgaala 5 jalatti argaman hojjetanii akka dhiyeessan godhaa. Hojii isaanii sorooruudhaan gareewwan haala gaariin hojjetan dareef akka dhiyeessan godhaa.
- **Gaaffii armaan gadii dabaltan yoo dhiyeessitaniif gaarii ta’a.**
- Biyyi kan walii ta’uu ishee irraan kan ka’e of eeggannoo waliin akkamii gochuutu barbaachisa?

5.4. Hiyyummaa fi boodeetti hafummaa keessaa ba’uu (Wayitii 2)

Oophii Daree: Meeshaalee deeggarsa barnootaa

- Poostarootaa fi fakkiilee namoota qamaa fi uffataan midhaman agarsiisuu.

5.4.1. Ibstoota hiyyummaafi bodeetti hafammaa (Wayitii- 1)

Seensa

- Walaloo ummataafi gaaffii ka’umsaa:

Haati hinjiru hinjiru, mucaan biddeena jedha,

Rakkoon hiyyummaa hamaadaa, quufanii nyaachuun essa jira.

- Walaloon kun hiyyummaan hamaa ta'uu isaa akkamiin akka ibse irratti mari'adhaa.
- Biyyi keenya Itoophiyaan biyyoota hiyyeeyyii keessaa tokko ta'uu isaarratti walligaltuu? Deebiin keessan eyyee yookiin irratti walii hin gallu kan jedhu yoo ta'e sababa wliin ibsaa.
- Barattoonni cimdiin ta'anii gaaffiilee kanniin akka hojjetan godhaa. Walaloo ummataa kana haalaan akka dubbisani hiyyummaan hagam hamaa akka ta'e agarsiisu irratti akka mari'atan godhaa. Walaloo kana fakkaatu kan beekan yoo qabaatan akka barreessan godhaa. Maree kanas irra naanna'uun hordofaa. Deebii isaanii fi walaloo barreessanis dareef akka dubbisan godhaa.

Gocha (Hojii daree-Gareen)

- Barattoonni gareen ijaaramanii qabxiilee armaan gadii irratti akka mari'atan godhaa.

Maatiin ijoolleen isaanii haalaan nyaachisuu, uffisuu, meeshaalee barnootaa isaan barbaachisu bituu, yommuu isaan dhukkubu yaalchisuudhaaf galii ittiin bulan akka qabanii fi akka hin qabne dabaree dabareen miseensota garee isaaniitti akka himan godhaa. Miseensota garee kanneen keessaa meeqatu maatiin isaanii galii ittiin bulan gahaa akka qabanii fi meeqa isaaniitu akka hin qabne akka galmeessan godhaa.

- Naannoo isaaniitti kilinikaa fi buufati fayyaa jiraachuu fi jiraachuu dhabuu isaa gaaffachuun gareewwan kanneen keessaa gareen dhaabileen hawaasaa kun naannoo keenyatti argamu jedhan meeqa akka ta'anii fi kanneen ammo naannoo keenya keesa hin jiran jedhan meeqa akka ta'an akka galmeessan godhaa.
- Maree isaanii akka xumuranitti gareewwan kun dabareen yaadota ijoo irratti mari'atan dareef akka dhiyeessan godhaa.
- Gareewwan deebii isaanii dhiyeessanii akka raawwatanitti:

“Maatiin ijoolleesani nyaata gahaa nyaachisuu, uffata isaan barbaachisu uffisuu, meeshaalee barnootaa isaan barbaachisu bituufi yoo dhukubsatan kan itti yaalchisan galii gahaa yoo hin qabaanne; akkasumas ummati naannoo isaatti mana yaalaa, mana barnootaa fi dhaabilee hawaasaa barbaachisoo ta'an biroo yoo hin argatu ta'e, dhimmooti kun ibsitoota hiyyummaa fi booddeetti hafummaati jechuu hin dandeenyu?” gaaffii jedhu kaasuudhaan mareen waliigala daree akka irratti geggeeffamu godhaa. Yommuu maree kana hordoftan barattoonni hiyyummaa fi booddeetti hafummaa biyya isaanii amanii akka fudhatan gochuu akka ta'e hin dagatiinaa.

Ibsa

- Ittifufuun waa'ee hiyyummaa fi booddeetti hafummaa ibsa gabaabaa kennaafii.

Ibsitoota hiyyummaa fi booddeetti hafummaa

- Nyaatan of danda'uu dhabuu,

- Lammiiwwan keenya miliyoonaan lakkaa'aman midhaan gargaarsa biyya alaa argamuun jiraachaa kan jiran ta'uu,
- Tooftaan qonna ammayyaa kan hin babal'ane fi galteewwan misooma qonnaaf barbaachisan; meeshaaleen fooyya'anii fi xaa'oon biyya alaatii kan galanii fi biyya keenyatti kan hin omishamne ta'uu isaa,
 - **Hojiileen misoomaa gurguddaa ta'an hojjetamuu dhabuu,**
- Haala hanga ammaa jiruun biyya keenya keessatti deeggarsaa fi liqaa biyya alaa malee humna keenyaan qofa hojiilee misoomaa gurguddaa hojjechuu kan hin dandeenye ta'uu isaa.
 - **Warshaaleen keenya meeshaalee dheedhii biyya keessaan of danda'anii hojii hojjechuu dhabuu,**
- Warshaalee hedduun meeshaalee jijjiirraa irraa egalee meeshaalee dheedhii omishuudhaaf, barbaachisan biyya alaatii kan fidatan ta'uu isaanii; dhiyeessi meeshaaleen kanneenii yoo irraa cite warshaaleen kun tasa hojii kan dhaaban ta'uu isaa.

Gocha (Hojii daree –Gareen)

- Gaaffilee 2 gilgaala 6 jala jiran barattootni gareedhaan hojjetanii akka dhiyyaatan godhaa. Gareeleen kun deebii isaanii dareef akka dhiyeessan godha.

5.4.2. Hiyyummaa fi boodatti hafummaa keessa ba'uuf tarkaanfiiwwan furmaata (Wayitii -1)

Seensa

Gaaffii ka'umsaa

- Hiyyummaa fi boodetti hafummaa keessa ba'uudhaaf tarkaanfiiwwan furmaata ta'u jettanii kan yaaddan tarreessaa.
- Armaan olitti waa'ee ibstootaa fi jibbisiisummaa hiyyummaa fi boodatti hafummaa barattootni hubataniiru. Kana bu'uureffachuudhaan hiyyummaa fi boodatti hafummaa dhabamsiisuuf furmaata ta'uu danda'a kan jedhan gareen mari'atanii akka deebisan godhaa.

Ibsa

- Kana booda hiyyummaa fi boodatti hafummaa keessaa ba'uudhaaf furmaatni murteessaan maal maal akka ta'e ibsa gabaaba kennaa!

Hiyyummaa fi boodetti hafummaa keessaa ba'uuuf kanneen gargaaran

1. Sirna hiyyummaa fi boodetti hafummaa keessaa ba'uudhaaf gargaru diriirsuu; imaammataa fi tarsiimoo kanaaf gargaaru qopheessuun hojii irra oolchuu,
3. Hiyyummaa fi boodetti hafummaa keessaa ba'uuf jabaatanii hojjechuu,
4. Guddina misoomaa saffisaa ta'e mirkaneessuu,
5. Tajaajila fedhii gaarii kennuu,
6. Hojii osoo hin tuffatin of danda'uudhaaf tattaaffachuu.

Gocha (Hojii daree-Dhuunfaan)

- Gilgaala 7 dhuunfan dabtara isaanii irratti akka hojjetan gochuun soroorsaafi.

5.4.3. Tajaajila Fedhii Irratti Hundaa'e

Seensa

Gaaffilee ka'umsaa

- Tajaajila fedhii gaarii jechuun maal jechuu dhaa?
- Namootni ykn waldaaleen naannoo keessanitti tajaajila fedhii gaarii irratti bobba'an gochaalee akkamii raawwachaa jiruu?
- Gaaffilee ka'umaa kana barattootni jechaan akka deebisan godhaa.

Gocha (Hojii Daree – Gareen)

- Seena mata duree “**Gocha Gaarii Fedhiin Raawwatame**” jedhu barattootni gareen ijaaramunii akka dubbisaniifi gilgaala 8 hojjetanii akka dhufan godhaa. Gareeleen deebii isaanii dabareen dareef akka dhiyeessan godhaa.

Ibsa

- Itti aansuudhaan maalummaa gochaa gaarii fedhii irratti hundaa'ee fi sadarkaa maatii, daree barnootaa fi mana barnootaa keessatti tajaajila fedhii gaarii kennamuu danda'an irratti ibsa gabaabaa kennaa.

Maalummaa gocha fedhii gaarii

- Maalummaa gocha fedhii gaarii ilalchise ibsi kitaaba keessatti kenname gahaa waan ta'eef itti fayyadamaa.
- Fakkeenya gochaalee tajaajila fedhii gaarii maatii keessatti kennamuu danda'an:
 - Hojjetoota mana keessaa barnoota isaanii irratti akka ciman deeggeruu.
 - Duraan yoo mana barumsaa hin seenne ta'e akka qubee lakka'anii dubbisan deeggeruu.

Fakkeenya tajaajila fedhii gaarii daree barnootaa keessatti kennamuu danda'an:

- Barattoonni barnoota isaaniitti ciccimoo ta'an kanneen lallaafoo ta'an gargaaruu.
- Barattootni qaama miidhamtoota yoo jiraatan deeggersa gochuuf.

Fakkeenya fedhii gaarii sadarkaa mana barumsaatti kennamuu danda'an:

- Yeroo mana barnootaan alatti hawaasa naannoo walaalummaa keessaa baasuudhaaf sagantaa barnootaa qabame keessatti dammaqnaan hirmaachuu.
- Yeroo boqonnaa ofiitti barattoota barnoota isaaniitti lallaafoo ta'an walitti qabani qayyabachiisuu.
- Barattootni harka qaleeyiin barnootaa isaanii akka addaan hin kunne gargaaruu.
- Barattoota qaama miidhamtoota gargaaruu.

5.5. Lammummaa (*Wayitii -1*)

Seesa

Nyaadhullee dhugullee, kufullee ka'ullee,
Eenyumtuu hin beekamu, biyya ofii malee.

(Walaloo ummataawaa)

- Ergaa walaloon ummataa kun dabaruun barsiisaa keessan waliin irratti mari'adhaa.
- Barattootni waa'ee lammummaa armaan dura kan beekan yoo qabaatan adda baaffachuu akka dandeesisuuf gaaffii ka'umsaatti gaaffii armaan gadii dabaluun akka hojjetan godhaa.
- Jecha lammummaa jedhu dhageessanii beektuu? Maal jechuu isinitti fakkaataa?
- Barattootni walaloo ummataa armaan olii gareen xiinxalanii ergaa maalii akka dabarsu akka ibsan godhaa.
- Marii akka xumuranitti deebii isaanii dareef akka dhiyeessan godhaa. Itti aansuudhaan yaada mataa keessanii dabaluun xumuraa.

Gocha (Hojii daree-Dhuunfaan)

- Barattootni gilgaala 9 dhuunfaan dabtaraa isaanii irratti akka hojjetan gochuun soroorsaf.

Ibsa

- Waa'ee lammummaa ilaalchisee ibsa gabaabaa kennaa. Dirqamoota lammummaa lammii Itoophiyaa tokko irraa egaman maal maal akka ta'an ibsaafi. Jechi "**Biyyi koo maal naaf gootee?**" jechuu irraa "**Ani biyyaa koof maalan godhe?**" jedhu maal jechuu akka ta'e ibsaafi.

Maalummaa Lammummaa

Lammummaa jechuun dhaloota, fedhii, sanyii fi amantaan adda otoo hin bahiin miseensa seeraa biyya tokkoo ta'uu jechuudha. Miseensa seeraa biyya tokkoo jechuun seeraa mootummaa biyyattiin kan buluu fi mirgaa fi dirqama lamummaan mirgi kun argamsiisu qabaachuu jechuu dha.

Dirqamooti lammummaa lammii Itoophiyaa tokko irraa egaman hedduu yemmuu ta'an kanneen armaan gadii isaan gurgudoo dha.

- Olaantummaa seeratti amanuu fi raawwii isaatiifis tumsa gochuu. Kana jechuun olaantummaa seeraa kabajuufi kanneen biroonis akka kabajan gochuuf qabsaawuun dirqama lammummaa lammiwwan Itoophiyaa hundaati. Sababini isaas, olaantummaan seeraa yoo hin kabajamne mirgooti namummaa, mallaqni fi qabeenyi keenya wabummaa waan hin arganneef,
- Kabajamu olaantummaa seeraatiif kanneen gufuu ta'an; gochaalee malaamaltummaa, loogummaa fi naamusa badaa bakkaa fi yeroo kamittiyyuu ejjennoon mormuu, saaxiluufi akka hin raawwatamnees dammaqinaan ittisuu; Haala rakkisaa kam keessattiyyuu dhugaa fi amanammaan jiraachuu;
- Namoota gidduutti garaagarummaan mirgaa akka hin jiraannee amanee raawwii isaatiifis kan qabsaa'u; loogii jibbuufi kan balaaleffachuu,

- Walqixummaa amantiiti kan amanuu fi kanaafis kan qabsa'uu.
- Hanga dandeetti isaatti beekumsa, humnaa fi maallaqa isaatiin biyyaa fi ummata isaatiif waan bu'aa buusu hojjechuu; dhimmoota naannoo fi biyyaa kam keessattiyyuu fedhii guutuun hirmaachuu,
- Yeroo hunda kan tattaafatu, hojjetaa cimaa naamusa gaarii qabu ta'uu, ofitti amanuufi biyyaafi lammii ofiif hojii bu'a qabeessa ta'e hojjechuu; hirkattummaa jibbuu, hojiin kabaja, bu'uura guddinaa fi badhaadhinaa ta'uu isaa hubatanii jabaatanii hojjechuu.

5.6. Alaabaa Biyyoolessaa (Wayitii -1)

Oophii Daree: **Meeshaalee deeggersa barnoota**

- Alaaba biyyoolessa

5.6.1. Maalummaa fi barbaachisummaa alaabaa biyyoolessaa fi faaruu biyyoolessa

Seensa

Fakkii 5.3 fi Gaaffii ka'umsaa

- Ergaa fakkiin kun dabarsu maalii?
- Waa'ee abaabaa biyyoolessaa fi faaruu biyyoolessaa barattoonni waan beekan yoo qabaatan adda baafachuuf gaaffiilee armaan gadii dhiyeessaaf.
- Alaabaa jechuu dhageessanii beektuu? Haata'u malee maal jechuudha?
- Faaruu biyyoolessaa jechuu dhageessanii beektuu? Inoo maal jechuu akka ta'e beektuu?
- Barattoonni fakkii 5.3 ilaalanii fakkichi maal akka agarsiisu jechaan akka deebisan godhaa.

Gocha (Hojii daree-Gareen)

- Barreeffama mata duree “**Saraawwitii fi Hiriyyootasaa**” jedhu jalatti dhiyaate dubbisani gaaffiilee 4n gilgaala 10 jala jiran gareen akka hojjetan godhaa; maree isaaniis hordofaa.

Ibsa

- Itti aansuudhaan waa'ee maalummaa alaabaa biyyoolessaa fi faaruu biyyoolessaa ilaalchisee ibsa gabaabaa kennaa.

Alaaba Biyyoolessaa

Alaabaan mallattoo biyyoolessaa biyya tokkooti. Alaabaan biyyoolessaa biyya tokkoo halluu adda addaa qabaata. Haaluuwwan kun hiika adda addaa yoo qabaatanis inni ijoon mallattoo biyyoolessaa waan ta'eef hiikoo guddaa qabaachuu isaati.

Yeroo gaariis ta'e yeroo gadhee miira biyyoolessaa lammiiwwanii kakaasuu fi lammii hunda kaayyoo tokkoof akka hiriiraa gochuu keessatti alaabaan shoorra guddaa taphata. Fakkeenyaaf, daangaan biyyaa yommuu diinaan sarbamu lammiiwan walqabatani daangaa akka kabachiisan gochuu keessatti alaabaan gahee guddaa qaba.

Waltajiilee waldorgomii nageenyaa addunyaawaa kanneen akka Oloompikii irratti alaabaan miira biyyoolessaa dorgomtootaafi ummataa kakaasuu bira darbee biyyattii haala gaariin beeksisuu beeksisuu keesattis shoora olaanaa taphata.

Walumaagalatti, alaabaan biyyoolessaa, saboonni, sabalammoonni fi ummattoonni walqixxummaa fi tokkummaan waliin jiraachuuf hawwii qaban kan itti ibsatan, fakkeenya (mallattoo) wareegamaa, gootummaa, walta'insafi sabboomummaati.

Akkaata Mootummaa Federaala keyyata **3** jalatti ibsameen alabaan biyyoolessaa Ityoophiyaa irri magariisa, gidduun isaa keelloo jalli isaa diima ta'ee gidduutti asxaa biyyoolessaa ni qabaata.

Gocha (Hojii manaa- Gareen)

- Barattootni garee fedhii isaanii hundeeffataniin gilgaala 11 hojjetanii akka dhufaniif, dareef akka dhiyeessan godhaa.
- Deebii isaanii irratti hundaa'uudhaan waa'ee maalummaa fi faayidaa alaabaa biyyoolessaa akkasumas haala qabiinsaa fi kunuunsa alaabaa ilaalchisee ibsa gabaabaa kennuun xumuraa.
- **Qabxiilee armaan gadii irratti xiyyeeffadha**
 - Lammiin kamiyyuu alaabaa biyyoolessaatiif kabaja barbaachsisu kennuu fi kunuunsuun akka irra jiraatu,
 - Faaruu alaabaa biyyoolessaa sammuutti qabachuun kabaja sirna alaabaa irratti faaruudhaan deeggeruun akka irra jiraatuu fi kunis yeroo hunda raawwachuu akka qabu,
 - Alaabaan akka hin xuroofneefi akka hin qisaasofne ofeegannoon qabamuun akka irra jiraatu.

Goolaba Boqonnaa

- Barsiisa! Goolaba kanarra yommuu geessan boqonnaa kana keessatti barattoonni maal maal akka barataniifi maal akka hubatan gabaabinaan akka ibsan carraa kennaafii!
- Barattoota muraasaaf carraa erga kennitanii booda goolaba isin kenna!
- Xumura irrattis gaaffilee keessa deebii akka hojjetan godhaa!

Deebii gaaffilee keessa deebii

I. Jechoota armaan gadii sirrii yoo ta'e "Dhugaa" dogoggora yoo ta'e 'Soba' jechuun deebisaa.

- | | |
|-----------|-----------|
| 1. Dhugaa | 4. Soba |
| 2. Dhugaa | 5. Soba |
| 3. Soba | 6. Dhugaa |

II. Roga "A" jalatti kanneen tarreeffaman kanneen roga "B" jala jiran waliin walitti Firoomsaa.

- | | | | | | |
|------|------|------|------|------|------|
| 1. E | 2. D | 3. C | 4. A | 5. B | 6. F |
|------|------|------|------|------|------|

III. Gaaffilee armaan gadiif deebii sirrii filadhaa.

- | | | | |
|------|------|------|------|
| 1. E | 2. E | 3. C | 4. C |
|------|------|------|------|

IV. Bakka duwaa armaan gadii jecha ykn gaalee sirrii ta'een guutaa.

1. Birmadummaa
2. Fayyadamaa
3. Alaabaa

V. Gaaffilee armaan gadii gabaabinaan deebisaa!

- Qabxiileen kitaaba barataa keessatti ibsaman gaaffilee kanneeniif ga'aa dha.

Idaattoo Karoora Barnoota

5.1. Jaalala Biyyaa

5.1.1. Maalummaa Jaalala Biyyaa

Yeroo	Gocha Barsiisaa	Gocha Barataa
5'	Seensa <ul style="list-style-type: none"> Barnooticha eegaluuf akka ka'umsaa fi onnachiistuutti kan dhiyaate fakkii 5.1 fi gaaffilee dhiyaatan sirriitti qo'atanii deebii akka kennan gochuu, Fakkichi waa'ee maalummaa jaalala biyyaa ergaa inni dabarsu akka ibsan gochuu, Fakkeenyota, jechamoota, walalootaa, faruuwwan fi sirbootaa naannoo isaaniitti beekaman keessaa waa'ee jaalala biyyaa kan ibsan barattoota dareetti akka himan gochuu, 	<ul style="list-style-type: none"> Fakkii 5.1 ilaaluun gaaffilee dhiyaatan deebisuu. Waa'ee jaalala biyyaa waanta beekan hirriyoota isaaniitti himuu.
15'	Ibsa <ul style="list-style-type: none"> Waa'ee maalummaa jaalala biyyaa fakkeenyaan ibsuu Gaaffii yoo qabatan akka gaafatniif carraa kennuu. Gaaffii barattootaaf deebii kennuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Ibsicha sirriitti dhaggeeffachuu Waan hin galleef yoo jiraate gaaffachuu, Deebii isaa dhaggeeffachuu,
15'	Gocha (Hojii daree-Gareen) <ul style="list-style-type: none"> Ibsa waa'ee maalummaa jaalala biyyaa walalootti aanee dhiyaatee gareen dubbisanii gilgaala 1 mareen akka hojjetan gochuu, Maricha hordofuun deeggersa barbaachisu kennuu, 	<ul style="list-style-type: none"> Barreeffamicha gareen dubbisuu Gilgaala 1 keessa gaaffilee lamaan jiraan irratti mari'achuun deebii isaanii qopheessanii dhiyyeessuu.
5'	Goolaba <ul style="list-style-type: none"> Barnoota guyyicha gabaabsanii kessa deebi'uun goolabuu fi barattootni yaada ijoo hagam akka hubatan mirkaneeffachuuf yaada ijoo barnoota guyyichaa gabaabsanii akka himan gochuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Goolabicha dhaggeeffachuun yaada ijoo barnoota guyyichaa gabaabsanii himuu.

BOQONNAA JA'A

MIIRA ITTIGAAFATAMUMMAA

(Wayitii ramadame- 12)

Kaayyoolee Gooroo

Barattooti boqonnaa kana barattanii erga xumuranii booda:

- Maalummaa ittigaafatamummaa ni hubatu.
- Gosoota ittigaafatamummaa adda addaa ni beeku.
- Hojii isaanii gaarummaa, amanamummaa fi qulqullinaan raawwachuun sadarkaa isaaniitti ittigaafatamummaa lammummaa isaanii ni bahatu.

Lakk.	Barannoo	Kaayyoolee Gooree	Meeshaalee Deggeessaa
1	Maalummaa Darqama Ittigaafatamummaa Fudhachuu	<ul style="list-style-type: none"> • Maalummaa ittigaafatamummaa ni ibsu. • Maalummaa ittigaafatammummaa fudhachuu ni ibsu. 	<ul style="list-style-type: none"> • Poosteroota, footoowwan barattoonni barnoota isaani yommuu hordofan ykn hojiilee adda addaa hojjetan agarsiisu.
2	Maalummaa fi Barbaachisummaa Waadaa	<ul style="list-style-type: none"> • Maalummaa waadaa ni ibsu, • Waadaa maatii fi mana balumsaa keessatti galan kabajuu akka qaban ni dubbatu. 	<ul style="list-style-type: none"> • Poosteroota, fotoowwan yommuu waadaan galamu mul'isu.
3	Gaarummaa, Amanamummaa fi Haqummaa	<ul style="list-style-type: none"> • Malummaa gaarummaa, amanamummaa fi haqummaa ni ibsu. • Sadarkaa isaaniitti hojiilee hojjetan gaarummaa amanamummaa fi haqummaan raawwachuuf ni tattaafatu. 	<ul style="list-style-type: none"> • Fakkiilee yommuu lammiwwan hojiilee adda addaa raawwatanii fi itti gaafatamummaa isaanii bahaan agarsiisu.
4	Barbaachisummaa Ittigaafatamummaa Bahu	<ul style="list-style-type: none"> • Ittigaafatamummaa sadarkaa sadarkaan jiran bahachuun barbaachisaa ta'uu isaa ni ibsu. • Sadarkaa isaaniitti ittigaafatamummaa kennameef ni bahatu. 	<ul style="list-style-type: none"> • Fakkiilee yommuu lammiwwan hojiilee adda addaa raawwatanii fi itti gaafatamummaa isaanii bahaan agarsiisu.
5	Maalummaa Qabeenyaa Umammaafi Dabarreewwan Seenaa	<ul style="list-style-type: none"> • Maalummaa qabeenyaa umamaa fi dabareewwan seenaa ni ibsu. • Qabeenyaa umamaa fi dabareewwan seenaa haala kamiin kunuunsuun akka danda'amu ni himu. 	<ul style="list-style-type: none"> • Poosteroota qabeenyaa umamaafi dabareewwan senaa agarsiisan.

6	Dhukkuba HIV/AIDSii	<ul style="list-style-type: none"> • Maalummaa HIV/AIDSii ni ibsu, • Sadarkaa isaaniitti karaalee dhukkubni kun itti daddarbu ni tarreessu, • Miidhaa dhukkubni kun daa'immaan irra geessisu ni hmu. • Mataa isaanii dhibee HIV/AIDSii irraa ni egu. 	<ul style="list-style-type: none"> • Fakkiilee, poosteroota daa'imman harka qalleeyyii agarsiisu.
---	---------------------	--	--

6.1. Maalummaa Ittigaafatamummaa Fudhachuu (Wayitii 2)

Qophii daree: **Meeshaalee deggersa barnootaa**

- Poosteroota, fakkiilee yommuu barattoonni barnoota hordofan agarsiisu.
- Poosterootaa, fakkiilee yommuu barattoonni hojiilee adda addaa hojjetan agarsiisu.

Seensa

Fakkii 6.1 fi gaaffiilee ka'umsaa.

- Gochii barattootaa fakkicha irrati argitan maal agarsiisa?
 - Biqiltuu dhaabuun faayidaan isaa maali?
 - Fakkii 6.1 mata daree kanatti aansee dhiyaate ilaalaanii gaaffiilee 2n fakkichan wal-qabatee kennaman jechaan akka deebisan godhaa.
 - Gaaffiilee armaan gadiis dabalataan yoo kennitan gocha armaan olii caalmaatti jabeessa.
1. Waa'ee maalummaa ittigaafatamummaa ilaalchisee gochaa Biruk fa'i irraa maal hubattan?
 2. Walumaagalatti gochaa Biruk fa'i irraa isin maal barattan?

Gocha (Hojii daree- Gareen)

- Barreeffama mata duree “**Mooraa Magariisa**” jedhu jalatti dhiyaate dubbisani gaaffiilee 3 gilgaala 1 jalatti kennaman cimdii cimdii akka hojjetan godhaa. Maree kanas hordofaa. Gareewwan maree isaanii akka xumuranitti deebii isaanii maree dareedhaaf akka dhiyeessan godhaa.
- Deebii isaanii qabxiilee armaan gadii akka hammatuuf yaalii godhaa.

Gaaffii Iffaa:

Gocha Biruk fa'irraa waa'ee maalummaa ittigaafatamummaa waa hedduu akka baratan tilmaamuun ni danda'ama. Fakkeenyaaf, hojii manaa keessatti hanga dandeettii isaanii hirmaachuuf dirqama qabaachuu isaanii; dirqama kanas enyuyyuu osoo isaan hin ajajiin kaka'umsa mataa isaaniitiin raawwachuu akka qaban; hojii manaan alas mana barnootaa fi naannoo jiraatan keessatti hanga humni isaaniif hayyametti hojiilee adda addaa raawwachuun barbaachisaa ta'uu isaa hubachuu qabu. Walumaagalatti. ittigaafatamummaa jechuun dirqamoota kanniin fakkaatan enyuyyuu otoo namatti hin himiin ofii beekani raawwachuu jechuu ta'uu isaa hubataniiru jechuu dha.

Gaaffii 2^{ffaa}:

Gocha Biruk fa'irraa dhimmoota jireenya isaaniif faayidaa qabeessa ta'an hedduu akka argatan hubachuun ni danda'ama. Keessummattuu dhimmi guddaan hojiin kan dhiiraa ykn kan dubartii jedhamee qoodamuun akka irra hin jiraanne hubachuu isaaniiti. Kanaafuu, hojiin kun kan dhiiraati, Kun ammoo kan dubartiiti jedhanii otoo hin filatiin humni isaanii hanga hayyameefitti hojii kamiyyuu hojjechuun akka isaan irra jiraatu amananii fudhachuu fi hojjechuun akka isaan irra jiraatu hubachuu isaanii, yommuu ta'u dhimmi 2^{ffaa} ammoo hojii kamiyyuu yeroo fi bakki otoo hin daangessiin walta'inaan hojjechuun bu'aa qabeessa akka nama taasisu hubachuu dha.

Isaanis taanaan mana keessattis ta'e naannoo fi mana barnootaa keessatti hojiilee hojjechuu danda'an walta'inaan hojjechuuf qophaa'ummaa qabaachuu akka qaban; Kana malees, yeroo mana barnootaan ala qabanis hojii bu'aa qabeessa ta'eef olchuuf sagantaan ittifayyadamuun barbaachisaa ta'uu isaati.

Ibsa

- Maalummaa ittigaafataummaa fi dirqama ittigaafatamummaa fudhachuu ilaalchisee ibsa gabaabaa fakkeenyaan deggeruun kennuun gudunfaa.

Maalummaa Ittigaafataummaa fi Dirqama Ittigaafatamummaa Fudhachuu

Ittigaafatamummaa jechuun hojii tokko kaawwachuuf ykn dhimma tokko raawwachuudhaaf dirqama nurra jiruu fi imaanaa nutti kenname agarsiisuuf yaadrimee ittifayyadamudha. Fakkeenyaaf, barsiisaan tokko “ittigaafatamumaan koo barattoota sirriitti barsiisuudha” yommuu jedhu, barsiisichi barattoota sirriitti akka barsiisuuf maatii, biyyii fi mootummaan imaanaa itti kenneera. Kanaafuu, sirrii barsiisuuf dirqamni irra jira jechuu dha.

Ittigaafatamummaa fudhachuu jechuun ammoo hojii tokko haala gaariin raawwachuudhaaf dhiibbaa, tokko malee fedhii fi jaalalaan hojicha fudhachuu jechuudha. Hojii fudhatan kanas haala gaariin raawwachuun barbaachisaa dha. Yoo ta'uu baate gaafatamummaa qaqqabsiisu.

Dirqama ittigaafataummaa fudhachuu jechuun namni kamiyyuu hojii hojjechuu danda'u tokko haala gaariin raawwachuuf dirqama qabaachuu isaa ibsuuf jecha ittifayyadamnu dha. Dirqamni kun hojii haala seera qabeessa ta'een hojjechuu fi yoo hojjechuu baatan ammoo seeraan gaafatamuun jiraachuu isaa agarsiisa. Namni hojii fudhatee haaluma barbaadamuun raawwate ittigaafataummaa isaa bahate jechuudha. Namni hojii fudhate kana akkaataa barbaadamuun raawwachuu dadhabe ammoo ittigaafataummaa isaa waan hin bahaneef gaafatama jechuudha.

Haala kanaan barattoonni maatii keessattis ta'e daree barnootaa keessatti naamusa gaarii agarsiisuuf ittigaafatamummaa qabu. Kana jechuun gochaalee fudhatama hin qabne irraa fagaachuu, meeshaalee mana barnootaa fi daree barnootaa kunuunsanii qabachuun isaan irraa egama jechuudha. Barattoonni haala gaariin barachuu kan danda'an naamusaa fi dambii mana barnootaa yoo kabajanii fi

ittigaafatamummaa isaanii haala gaariin yoo bahatandha. Kun yoo ta'uu baate adeemsi baruu fi barsiisuu jeeqama.

Barattoonni ittigaafatamummaa isaanii bahachuu dadhabuun rakkoon yoo umame gaafatamummaa isaas kan fudhatu barattootuma ta'a. Asirratti gaafatamummaa fudhachuu jechuun waan balleessineef gaafatamuu fi tarkaanfii sirreessaa nurratti fudhatamu amanee fudhachuu jechuu dha.

Bifa walfakkaatuun, ijoolleen hanga humna isaaniitti hojii mana keessaa hojjechuuf yaalii gochuu qabu. Fakkeenyaaf, siree isaanii afachuu, meeshaalee mana keessaa ofeeggannoon eguu, biqiltoota bishaan obaasuu fi kan kana fakkaatu hojjechuuf ittigaafatamummaa qabu. Kana yoo raawwatan ittigaafatamummaa isaanii bahanii jechuu dha; yoo hin ta'iin ittigaafatamummaa isaanii hin bahannee jechuudha. Ittigaafatamummaa isaanii kana bahachuu dadhabuudhaan kan ka'e rakkoon yoo umame ammoo gaafatamtoota ta'uu jechuudha.

Gocha (Hojii manaa-Dhuunfaan)

- Ibsa gilgaala 1 jalatti aanee dhiyaate dubbisuudhaan gaaffilee 4n gilgaala 2 jalatti kennaman dabtara isaaniirratti hojjetanii akka dhufan godhaa.
- Deebii isaaniis sororsaafii; kanneen haala gaariin hojjetan keessaa filuun barattoonni murtaa'an deebii isaanii dareef akka dubbisan gochuun dinqisiifachuun jajjabeessaa.

6.2 Maalummaa fi Barbaachisummaa Waadaa (Wayitii- 1)

Qophii Daree: Meeshaalee deeggersa barnootaa

- Poosteroota, fakkiilee yommuu waadaan galamu agarsiisan

Seensa

Jechamaa fi gaaffiilee ka'umsaa

“Kan jedhan hafuu mannaa, kan dhalan baduu wayya.”

- Haala jechaa armaan oliitiin waadaa jechuun maal jechuudhaa?
- Waadaan maaliin ibsama?
- Namni waadaa kabaju maal jedhamee waamama?
- Jechama mata duree kanatti aanee dhiyaate dubbisuudhaan gaaffiilee seensaa kanniin jechaan akka deebisan godhaa.

Gocha (Hojii daree-Gareen)

- Barreeffama mata duree **“Dukkana Gannaa”** jedhu jalatti dhiyaate dubbisanii gaaffiilee shan gilgaala 3 jalatti kennaman gareen mari'atanii akka hojjetan godhaa. Deebii isaanii maree gareef akka dhiyeessan godhaa.

Ibsa

- Dhuma irrattis waa'ee maalummaa fi faayidaa waadaa ilaalchisee ibsa gabaabaa kennuun xumuraa.

Maalummaa fi Faayidaa Waadaa

Waadaa jechuun namni kamiyyuu hojii tokko raawwachuudhaaf ykn dhimma tokko raawwachuudhaaf mataa isaaf, nama biraaf, biyyaa fi kkf yaada eyyee mirkaneessuudha. Fakkeenyaaf, barataan tokko har'aa jalaqabee daree keessatti barsiisaa koo sirriitti nan hordofa, sagantaa qayyabannaa qopheeffadheen qayyabadha, haala kanaanis barataa cimaa nan ta'a jechuudhaan yoo ofitti dubbte, mataa ibaf waadaa galee jedhama. Yaada kana barsiisota isaatti yoo dubbate ammoo barsiisota isaaf waadaa galee jechuu dandeenya.

Waadaan jecha mirkaneessaa waan ta'eef waan faayidaa qabeessa ta'e tokko raawwachuuf imaanaa yoo fudhanne, imaanaa fudhanne kana raawwachuuf raga mirkaneessaa kennine jechuudha. Raawwachu dandeenya jennee imaanaa fudhanne tokko sirriitti akka raawwannuuf waadaan nuti galluu mataan isaa nu kakaasa. Kanaafuu, waadaan waantota barbaachisoo fi bu'aa qabeessa ta'an akka raawwannu waan nu hubachiisuuf bay'ee barbaachisaa dha.

Gocha (Hojii manaa-Dhuunfaan)

- Barreeffama waa'ee maalummaa waadaa ibsu gilgaala 3ti aansee dhiyaate barattoonni dhuunfaan dubbisanii gaaffiilee 3 gilgaala 4 jalatti kennaman dabtara isaanii irratti akka hojjetan gochuun sororsaaf.
- Barattoota deebii fooyya'aa dabisan filachuun deebii isaanii dareef akka dubbisan godhaa.

6.3. Maalummaa Gaarummaa, Amanamummaafi Haqummaa (Wayitii-1)**Qophii Daree: Meeshaalee deeggarsa barnootaa**

- Fakkii barattuun tokko quubeessaa nama jalaa badee ture lafaa argattee barsiisaa isheetti deebistee yoommuu kennitu agarsiisuu.

Seensa**Gaaffii ka'umsaa**

- Gaarummaa, amanamummaa fi haqummaa jechuun maal jechuudha?
- Barattoonni calmaatti akka hirmaachuu danda'anitti hojiilee maatii fi mana barnootaatti raawwataman keessatti gaarummaa, amanamummaa fi haqummaan maaliin akka ibsaman barattoota gaafadhaa.

Gocha (Hojii daree-Gareen)

- Barreeffama mata duree “**uqqubii Cuuloofaa**” jedhu jalatti dhiyaate dubbisanii gaaffiilee 3 gilgaala 5 jalatti kennaman gareen mari'atanii akka hojjetan godhaa.

- Gaaffii sadaffaa irratti “**Maaliif?**” kan jedhu dabaluuu Aragaan barreessummaa irraa ka’uun “**sirrii dha**” yookiin ammo “sirrii miti” yoo jedhanis sababa akka dhiyeessan godhaa. Maree kanniins hordofuun gareewwan deebii isaanii daref dhiyeessanii akka irratti mari’atamu godhaa. Dhuma irrattis yaada sirreessaa dabaluuudhaan xumuraa.

Ibsa

- Gaarummaa, amanamummaa fi haqummaa ilaalchisee ibsa fakkeenya qabatamaan deggeruun xumuraa.

Gaarummaa, Amanamummaafi Haqummaa

Gaarummaan hojii maatiin keenyas ta’e manni barumsaa keenya nuuf kennu mamii tokko malee fedhii guutuun fudhachuudhaan haala gaarii ta’een raawwachuun amala ibsamudha. Haala walfakkaatuun deeggarsa namni kamiyyuu nu gaafatu ilaalchisee komee tokko malee amma humna keenyaa gargaaruu kan nu dandeessisu ibsama ilaalcha gochaa gaariiti jechuu dha.

Amanamummaan waadaa mataa ofiifis ta’e hawaasaaf galan mamii tokko malee karaa gaarii ta’een haalli ittiin raawwatamu ittiin ibsamudha.

Ajaja haadhaa fi abbaa ofii miira ittigaafatamummaa guutu qabuun raawwachuu, qajeelfamaa fi dambii mana barumsaa barsiisonni arganis arguu baatanis kabajuu fi qabeenyaa mana barnootaaf quuqamuu fi eguun ibsamoota miira amanamummaati.

Haqummaa jechuun ammo dhugaaf dhaabbachuu, sobuu fi waliin dhahuu dhiisuu jechuu dha. Amalooti kun hunduu guddina biyya keenyaa fi fooyya’insa jireenya keenyaaf murteessoo dha. Kanaafuu, nutis taane lammiiwwan biroon hojii kamiyyuu gaarummaa, amanamummaa fi haqummaan raawwachuudhaan maatii keenya, mana barumsaa keenyaa fi biyya keenya tajaajiluun akka nurraa egamu ibsaafii.

6.4. Barbaachisummaa Ittigaafataummaa Bahachuu

(Wayitii- 2)

Qophii Daree: Meeshaalee Deeggarsa Barnootaa

- Poosteroota, suurota, barattooni yommuu baratan agarsiisu.
- Poosteroota, suurota barattooni yommuu hojii adda addaa hojjetan agarsiisu.

Seensa

Fakkii 6.2 fi Gaaffiilee ka’umsaa

- Naannoo keenya kunuunsuu yoo dhiifne rakkoon umamuu danda’u maali?
- Rakkoo naannoo furuudhaaf hirmaannaan taasifamu maal jedhama?
- Hirmaannaa namoonni rakkoo naannoo isaanii furuudhaaf godhan maal jedhama?
- Fakkii 6.2 ilaalanii gaaffiilee ka’umsaa armaan olitti kennaman jechaan akka deebisan godhaa.

Gocha (Hojii daree-Gaean)

- Barreeffama mata duree “**Asteerii fi Gaarummaa Ishee**” jedhu jalatti dhiyaate dubbisani gaaffilee 3n gilgaala 7 jalatti kennanan irratti gareen akka mari’atan godhaa. Maree kanneenis hordofuun gareeleen murtaa’an deebii isaanii dareef akka dhiyeessan godhaa. Barattoonni akka Asteer ittigaafatamummaa isaanii bahachuu akka qaban irratti xiyyeeffachuun hubachiisaa.

Ibsa

- Xumura irrattis mana barumsaa fi jireenya hawaasummaa keessatti waa’ee maalummaa fi barbaachisummaa ittigaafatamummaa bahachuu fi kanneen keessatti ittigaafatamummaa barattoonni qaban ilaalchisee ibsa gabaabaa fakkeenyaan deggerme kennuun xumuraa.

Maalumaa fi Barbaachisummaa Ittigaafatamummaa Bahuu

Lammiin kamiyyuu maatii, ummataa fi biyya isaaf waan faayidaa qabu tokko hojjechuuf dirqama qaba. Dirqama kana guutummaatti hojii qabatamaan mirkaneessuun ammo ittigaafatamummaa bahachuu jedhama. Ittigaafatamummaa bahachuu jechuun namni kamiyyuu jireenya isaa keessatti hojii humni isaa hayyameef raawwachuun maatii, biyyaafi lammii isaaf bu’aa faayidaa qabeessa ta’e argamsiisuu jechuudha.

A. Ittigaafatamummaa barattoonni maatii isaanii keessatti qabanii fi

barbaachisummaa ittigaafatamummaa kanas bahachuu

Jireenya maatii keessatti ijoolleen maatii isaaniif hojiilee adda addaa raawwachuuf ittigaafatamummaa hedduu qabu. Ittigaafatamummaa maatiin ijoollee isaaniirraa barbaadan keessaa kanneen armaan gadii eeruun ni danda’ama.

- Hojiilee manaa keessatti akka humna isaaniitti hirmaachuu,
- Meeshaalee tajaajila dhuunfaa fi waliinii kunuunsuu,
- Barnoota isaanii haalaan qayyabachuu,
- Miseensota maatii waliin walkabajuu fi waljaallachuun nagaan jiraachuu,
- Ajaja haadhaa fi abbaa kabajanii fudhachuu fi raawwachuu fi kkf..

Ittigaafatamummaa kanneenii fi kanneen kana fakkaatan akka gaariitti barachuun baay’ee barbaachisaadha. Sababni isaas barattoonni ittigaafatamummaa isaanii yommuu bahatan maatiin isaanii waan isaanitti gammadaniif maatiin nagaa fi jaalalaan waliin akka jiraatu gahee guddaa waan qabuuf.

B. Ittigaafatamummaa barattoonni mana barnootaa keessatti qabanii fi

barbaachisummaa ittigaafatamummaa kanas baachuu

Barattoonni barattoota ta’uu isaaniitiin kan ka’e mana barnootaa isaanii keessatti hojiilee adda addaa raawwachuuf ittigaafatamummaa hedduutu irraa eram. Isaan keessaa kanneen gurguddoon:

- Dambii fi qajeelfama mana barumsaa kabajuu; kanas kan cabsu gochaa kamiyyuu raawwachuu dhiisuu.
- Daree keessatti barumsa haala gaariin hordofuu, hojiiilee manaa fi daree kennaman sirriitti hojjechuu.
- Barsiisota, dura bu'ootaa fi hojjetoota mana barumsichaa hunda kabajuu.
- Gumiilee adda addaa keessatti dammaqinaan hirmaachuu; qulqullina daree fi mooraa mana barumsaa eguu keessatti dammaqinaan hirmaachuu.
- Qabeenyaa daree fi mana barumsaaf kunuunsa barbaachisu gochuu fi kkf fa'i dha.

Ittigaafatamummaa kanneeniifi kkf bahachuun sochiin hojii mana barumsaa fi adeemsi baruu fi barsiisuu milkaa'aa fi bu'aa qabeessaakka ta'u waan godhuuf baay'ee barbaachisaadha. Haala kanaan barattooni barumsa isaaniitiin bu'aa qabeessa ta'u.

C. Ittigaafatamummaa barattooni naannoo jiraatan keessatti qabanii fi barbaachisummaa ittigaafatamummaa kana bahachuu.

Naannoo jiraatan keessatti barattooni hariiroo namoota naannoo waliin qaban irraa kan ka'e hojiiilee baay'ee hojjechuu akka qaban hawaasni naannoo irraa barbaada. Ittigaafatamummaa hawaasni naannoo barattoota irraa eegu keessaa kanneen gurguddoon:

- Namoota naannoof (hawaasa naannoof) kabaja barbaachisu kennuu,
- Hojiiilee qulqullina naannoo keessatti dammaqinaan hirmaachuu,
- Meeshaalee tajaajila walee naannootti argaman kunuunsuu fi seeraan itti fayyadamuu.
- Hiriyyoota isaanii naannootti argaman waliin walkabajuu, waljaallachuu fi nagaan waliin jiraachuu fi kkf.

Barattooni ittigaafatamummaa kanneenii fi kkf seeraan bahachuun isaanii baay'ee barbaachisaadha. Ittigaafatamummaa isaanii kana haalaan yoo bahatan nannoon isaanii jireenyaaf mijaawaa, nagaa fi jaalalli kan keessatti babal'ate ta'a jechuudha.

Gocha (Hojii daree- Dhuunfaan)

- Ibsa gilgaala 7tti aansee dhiyaate dubbisani gaaffiilee 3n gilgaala 8 jalatti kennaaman dabtara isaanii irratti dhuunfaan akka hojjetan gochuun sororsaafii.

6.5. Maalummaa Qabeenyaa Umamaafi Dabareewwan seenaa (Wayitii -2)

Ophii Daree: Meeshaalee deeggersa barnootaa

- Poosteroota qabeenyaa umamaa fi dabareewwan seenaa agarsiisan.

Seensa

Fakkii 6.3, 6.4 fi gaaffiilee ka'umsaa

- Fincaa'aan Xiis Abbaay maaliin beekamaa?
- Siidaawwan Dhagaa Xiyyaa essatti argama?
- Fakkiilee kanneen keessaa kamtu qabeenyaa umamaa akka ta'ee fi kamtu ammoo dabaree seenaa akka ta'e adda baasaa.
- Fakkiilee mata duree kana jalatti dhiyaatan ilaalanii gaaffiilee ka'umsaa itti aananii kennaman hojjetanii jechaan akka deebisan godhaa.

Gocha (Hojii daree-Gareen)

Gaaffii fi deebii abbaa fi mucaa mata duree “**Badhaasa Caaltuu**” jedhu jalatti dhiyaate dubbisani gaaffiilee 3 gilgaala 9 jalatti kennaman gareelee xixxiqqaan akka irratti mari'atan godhaa.

Ibsa

- Itti aansuudhaan waa'ee maalummaa qabeenyaa umamaa fi dabareewwan seenaa ilaalchisee ibsa gabaabaa kennaa. Dabalataanis barattoonni qabeenyaa umamaa misoomsuu fi dabareewwan seenaa kunuunsuun ittigaafatamummaa lammii hundaa ta'uu isaa fi barattoonnis sadarkaa isaaniitti ittigaafatamummaa kana haala kamiin bahachuu akka danda'an hubachiisuudhaan gudunfaa.

Maalummaa Qabeenyaa Umamaafi Dabareewwan Seenaa

Maqaan isaa akkuma ibsutti qabeenyaa umamaa jechuun bu'aa hojii harka dhala namaa otoo hin ta'iin qabeenyaa umamaan argamanii dha. Fakkeenyaaf laga, haroo, bineeldota, lafa, bosona fi kkf qabeenyaa umamaa jedhamu.

Dabaree senaa jechuun ammo bu'aa hojii harkaa dhala namaa ta'ee dhalootaa dhalootatti daddarbaa bara keessatti haala jireenya dhala namaafi sadarkaa qaroomina dhalootaa ibsuudhaan akka raga seenaatti kan tajaajilu dha. Bocaalee adda addaa, fakkiilee, siidaawwan, meeshaalee nam tolchee adda addaa fi kkf dabareewwan seenaa jedhamu.

Qabeenya Umamaa Misoomsuu

Qabeenyaa umamaa misoomsuun gocha baay'ee barbaachisaa fi murteessaa dha. Qabeenya umamaa misoomsuu jechuun qabeenyi kun ofumaa akka hin qisaasofnee fi haala ummata fayyaduu danda'uun hojii irra olchuu jechuudha.

Qabeenyaa umamaa keessumattuu lafa, bishaan, bosonaa fi bineeldota haala gaariin kunuunsuu fi misoomsuun ittigaafatamummaa lammiiwwan hundaati. Fakkeenyaaf, laga jallisuun misooma midhaanii, kuduraalee fi muduraalee adda addaa omishuun yoo danda'ame midhaan nyataan ofdanda'uu bira darbee gabaaf dhiyeessuun faayidaa biyyaa fi ummataaf olchuun ni danda'ama.

Bifuma walfakaatuun, lageewwan naannoo keenyatti argaman akka hin xuroofneefi tajaajila faayidaa qabeessa adda addaaf olchuun ittigaafataummaa lammii hundaati.

Lafa ilaalchisees lafa duwwaan mooraa fi naannoo keenya keessatti argamu bakka kosiin ittigatamu qofa ta'ee akka hin hafnee kuduraalee fi muduraalee adda addaa irra dhaabuun tajaajilaaf akka oolan gochuun ittigaafatamummaa hunda keenyaati.

Bosona ilaalchisee ammo, namni hundumtu naannoo isaatti biqiltoota adda addaa dhaabuu fi kunuunsuudhaan guddisuun irraa egama. Kana malees mukeewwan duraan jiran eguu fi kunuunsuuf ittigaafatamummaa qabna.

Dabareewwan seenaa kunuunsuunis guddina biyyaaf dhimma barbaachisaa fi murteessaa dha. Kanafuu lammiiwwan hundumtuu, barattoota dabalatee dabareewwan seenaa eguu fi kunuunsuuf, ittigaafataummaa qabu.

Gocha (Hojii daree – Gareen)

- Ibsa gilgaala 9ti aansee dhiyaate dhuunfaan dubbisnii gaaffiilee 4 gilgaala 10 keessatti kennaman dabbara isaanii irratti hojjetanii akka dhufan godhaa. Deebii isaaniis sororsaaf. Gareelee haala fooyyee qabuun hojjetan filuudhaan deebii isaanii dareef akka dubbisan gochuun dinqisiifachuun jajjabeessaa.

6.6. Dhukkuba HIV/AIDSii (Wayitii 2)

Oophii Daree: Meeshaalee deggersa barnootaa

- Fakkii ijoollee qaamni isaanii rakkinaan miidhame mul'isu.

Seensa

Gaaffii ka'umsaa

- HIV/AIDSiin maal akka ta'e beektuu? Waanuma beektan dubbadhaa.

Barattoonni waa'ee HIV/AIDSii waan beekan yoo qabaatan akka dubbatan afeeraa.

Nannoo keessa jiraatanitti barattoonni ijoollee maatiin isaanii dhukkuba kanaan du'an kan beekan yoo qabaatan ijoolleen maatii isaanii dhukkuba kanaan dhaban kunis haala kamiin jiraachaa akka jiran waan beekan akka himan godhaa. Akka tasaa barattoonni dhibee kanaan maatii isaanii dhaban daree keessa yoo jiraatan haamileen isaanii akka hin xuqamnetti ofeeggannoo gochuun barbaachisaadha.

Gocha (Hojii manaa – Gareen)

- Barreeffama mata duree kana jalatti kenname dubbisanii gaaffiilee 2n gilgaala 11 jalatti kennaman irratti gareen akka mari'atan godhaa. Maree gareelees hordofaa. Gareeleen murtaa'an deebii isaanii dareef akka dhiyeessan gochuun mareen ifa ta'e akka irratti geggeeffamu godhaa.

Ibsa

- Xumura irratti waa'ee maalummaa HIV/AIDSii fi karaalee dhibeen kun ittiin daddarbu akkasumas miidhaa dhibeen kun ijoollee irratti qaqqabsiisufi dhukkuba kana ofirraa ittisuuf maal gochuun akka barbaachisu ilaalchisee ibsa gabaabaa kennuun gudunfaa.

HIV/AIDSiin Maali?

Jecha gabaajee Afaan Ingiliffaa AIDS jedhu keessatti qubeewwan jiran tokkoon tokkoon isaanii **Akuwaayerd, Imiyuunoo, Difisheensii, Sindiroom** jechoota jedhamaniif kan dhaabbatan dha. Dhukkuba HIV/AIDSiif sababa kan ta'an Vaayireesii Afaan ingiliffaan HIV (Human Immiyunoo Difisheensii Vaayirus) jedhamee waamamu dha. Vaayireesiin kun seelii dhiiga adii dhukkuba nama irraa ittisu ajjeessuudhaan sirna dhukkuba ittisu qaama namaa dadhabsiisa.

Kana irraa kan ka'e qaamni namaa dhukkuba ofirraa ittisu dadhabaa waan deemuuf dhukkubaalee daddarboo adda addaaf salphaatti saaxilama. Sababa kanaan namoot dhukkuba kanaan qabaman du'aaf saaxilamu.

Akka waliigalaatti namni tokko HIV/AIDSii qaba jechuudhaaf mallottoowwan armaan gadii mul'achuu qabu.

- a) Sababa vaayireesii HIV irraan kan ka'e sirni dhukkuba ittisu qaama dadhabaa yoo deeme ykn,
- b) Seelii adiin qaama keessa jiruu fi dhukkuba nama irraa ittisu sababa vaayireesii kanaan dadhabuu isaa fi dhukkuboonni lubbuuf sodaachisan adda addaa yommuu mul'atan.

Vaayireesiin HIV erga nama qabee kaasee gara sadarkaa AIDSiiti ce'uuf gidduugaleessaan turtii waggoota 5-8 fudhata. Namoonni vaayireesii HIVn yoo qabamanillee sirni dhukkuba ittisu qaama isaanii keessa jiru dhukkuba waan isaan irraa ittisuuf yeroo dheeraatiif fayyaalessa ta'anii jiraachuu ni malu. Haata'u malee namooti kun fayyaalessa fakkaatanii yoo jiraatanillee vaayireesicha namoota birootti dabarsuu danda'u.

Mallattoon dhukkuba AIDSii qaama namaa irratti mul'achuu kan jalqabu sirni dhukkuba ittisu qaama namaa yommuu dadhabuu fi miidhaa vaayireesichi qaamairra geessisu dandamachuu yommuu dadhabu dha.

Dhukkubni TB fi sombaa cimaa ta'e yommuu nama mudatan ykn ammo yommuu fayyaan qaama namaa guutuu ta'uu dhabu fi hanqinni nyaataa yommuu nama mudatu, sirni dhukkuba ittisu qaama waan dadhabaa deemuuf vaayireesichi saffisaan gara AIDSiiti ce'a.

HIV/AIDSiin attamiin akka dadarbuu fi akkamiin ittisuun akka danda'amu

Weerara HIV/AIDSiif sababoota walxaxoo hedduutu jiru. Sababoota balaa kanaaf nama saaxilan keessaa hiyyummaa, beekumsaa fi hubannoo dhabuu, godaansaa fi bakkaa bakkatti naanna'uun kanneen ijoodha. Saal qunnamtii namoota baay'ee waliin raawwachuun vaayireesii HIVf nama saaxiluu bira darbee dhukkuboota karaa kanaan daddarban biroofis sababa guddaa dha.

Biyyoota Afrikaa gammoojjii Sahaaraan gaditti argaman keessatti tamsa'ina vaayireessii HIVf 90% sababa kan ta'u saal-qunnamtii gadi dhiisii ta'e dha. Sadarkaa 2^{ffaa}tti sababa kan ta'u ammoo HIV haadha irraa gara muccati darbu dha.

Vaayireesiin HIV akkamiin namaa namatti daddarba?

Vaayireesiin HIV jiraachuu kan danda'u dhiiga, dhangala'aa saala dubartii, dhangala'aa saala dhiiraafi aannan harma dubartii vaayireesii kanaan qabamtee keessa yommuu ta'u gara namoota biroottis darbuu kan danda'u dhangala'oota qaamaa kanaa yommuu waljijjiiranidha.

Vaayireesiin HIV karaalee armaan gadii tamsa'a

A. Saal-qunnamtii

- Nama vaayireesii kana waliin jiraatu waliin saal qunnamtii raawwachuun karaalee vaayireesiin kun ittiin tamsa'u keessaa isa guddaadha. Afrikaa keessatti namooti haaraan harka caalu karaa isaan vaayireessichaaf saaxilaman sababa saala qunnamtii gadi dhiisii ta'een dha.

B. Dhiiga

- Meeshaalee qaran qaba kanneen akka marfee, millaicii sirriitti hin affeelamane fayyadamuu.
- Dhiiga vaayireesichaan faalame nama biraaf kennuu.

Karaalee Vaayireesichi itti daddarbuu hin dandeenye

AIDSiin dhukkubsatoota waliin walqaqqabuun, qilleensa ykn afuuraan, ilbiisota adda addaan daddarbuu hin danda'u.

Kanaafuu, vaayireesichi karaalee armaan gadii daddarba jedhanii sodaachuun barbaachisaa miti.

- Dhukkubsataa AIDSii waliin mana tokko ykn daree tokko keessa jiraachuu.
- Jaalalaa fi kabaja ibsachuuf harka walqabuu, wal hammachuu fi maddii waldhungachuu.
- Mana fincaanii qulqullinni isaa eegametti dhukkubsataa AIDSii waliin fayyadamuu,
- Waliin nyaachuu fi kkf.

HIV/AIDSii attamiin ittisuun danda'ama?

A. Saal-qunnamtii ilaalchisee

1. Ofqusachuu; tasumayyuu saalqunnamtii raawwachuu dhiisuu
2. Amanamuu; haadha warraafi abbaa warraa ofiin waliin qofa saal qunnamtii raawwachuu.

B. Dhiiga ilaalchisee

1. Meeshaalee ittiin gurra uratan, dhaqna qabaa fi kkf tajaajilan ittifayyadamuun dura sirriitti afteelamuu isaanii mirkaneessuu.
2. Amma dandametti hir'inni dhiigaa akka hin muddanne ittisuun dhiiga nama biraa fudhachuu dhiisuu, dhiiga nama biro fudhachuun dirqama yoo ta'e ammo dhiigichi qoratamee vaayireessii HIV irraa bilisa ta'uu mirkaneessuun barbaachisaa dha.

3. Nama dhiigee fi madaa'e yommuu gargaarru ykn waan dhiiga qabu tokko yommuu xuqnu goowaantii fayyadamuun barbaachisaadha. Fakkeenyaaf, nama kufee ykn ammo rukkutamee dhiige tokko garaarsa yaalii jalqabaa yommuu kenninuuf goowaantii uffachuu qabna.

Rakkoolee AIDSiin maatii fi Hawwasa irratti qaqabsiisu

- Miseensonni maatii hojii hojjechuu danda'anii fi maatii gargaaruu danda'an ni du'u. Kana irraa kan ka'u, ba'aan jireenya maatii miseensota maatii muraasa, keessumattuu dubartoota irratti tuulama.
- Daa'imman sababa dhibee kanaan maatii dhaban baay'atu. Maatii baay'eenis daa'immaa maatii dhaban kana ofitti fudhatanii guddisuuf dirqamu.
- Lakkoofsi namoota hojii hojjetan xiqqaachaa garuu ammoo lakkoofsi nama nyaatuu baay'achaa yommuu deemu namni baay'een keessumattuu daa'imman nyaata madaalawaa dhabuun rakkoo fayyaa gadheef saaxilamu.
- Namoota dhukubsatan kana waldhaanuu fi qoricha bituuf waan qaban (fakkeenyaaf sa'a) gurguruun dirqama ta'a. Kun ammo madda galii maatii sanaa akka malee miidha.
- Namooti baratani fi bu'aa buusuu danda'an umurii malee waan du'aniif beekumsaa fi ogummaan dhaloota itti aanutti darbuu hin danda'u. Kun ammoo hiyyummaa fi booddeetti hafummaan akka ittifufee jiraatu godha.

Hiyyummaan dabalaa yommuu deemutti daa'ima maatii hinqabne gara mana barumsaa deemu waan hin dandeenyeef lammii hin barannee baay'ata.

Rakkoo biyya irratti qaqabsiisuu

Sababa AIDSn dandeettiin omishtummaa lammiiwwanii yommuu dadhabaa deemu, guddinni misoomaa baadiyyaa, magaalotaa fi walumaa galatti ammoo akkuma biyyaatti kufaa deema. Namooti dhukuba AIDSiin qabaman hojii humnaa gurguddaa hojjechuuf dandeettii dhabu; sababa dhukkuba adda addaatiin hojii idilee isaanii irraa hafu, warri kaan ammo miseensota maatii dhukubsatan kunuunsuu fi warra du'an awwaaluuf jecha hojii irra hafuuf dirqamu. Kun ammo hojiilee qonnaa, warshaa fi dhaabilee tajaajila kennanii sadarkaa olaanaan miidha. Dabalataanis weerara vaayireesii kanaa ittisuufi tajaajila yaalaa kennuun dirqama waan ta'uuf baajeti biyyattii fi hojiin tajaajilla fayyaa sadarkaa olaanaan dadhabaa deema.

Goolaba Boqonnaa

- Barsiisa! Goolaba irra yommuu geessan boqonnaa kana keessatti maal maal akka baratani fi maal akka hubatan gabaabaan akka ibsaniif dursa barattootaaf carraa kennaa.
- Barattoota muraasaaf carraa erga kennitanii booda, isin goolabaa.
- Xumura irrattis gaaffiilee keessa deebii akka hojjetan godhaa.

Deebii gaaffilee keessa deebii

I. Himoota armaan gadii sirrii yoo ta'e "Dhugaa" dogoggora yoo ta'e ammoo "Soba" jechuun debisaa

1. Dhugaa 2. Soba 3. Dhugaa 4. Dhugaa 5. Soba

II. Roga "A" jalatti kanneen tarreeffaman roga "B" jalatti warra tarreeffaman waliin walitti firoomsaa

1. D 2. E 3. F 4. B 5. G 6. C 7. A

III. Bakka duwwaa guutaa

1. Dabreewwan seenaa
2. HIV/AIDSii
3. Qabeenyaa umamaa

IV. Gaaffiilee armaan gadiif deebii sirrii filadhaa

1. A 2. D 3. B 4. D 5. B

V. Gaaffiilee armaan gadiif deebii gabaabaa kennaa

- Ibsi Kitaaba keessatti kenname gahaadha.

Eddattoo Karoora Barnootaa

6.1. Maalummaa Dirqama Ittigaafatamummaa fudhachuu

Yeroo	Gochaa Barsiisaa	Gochaa Barataa
5'	<p>Seensa</p> <p>Fakkii 6.1 fi Gaaffiilee ka'umsaa</p> <ul style="list-style-type: none"> Gochi barattootaa fakkicha irratti mul'ayu maal agarsiisa? Biqiltuu dhaabuun faayidaa maalii qaba? 	<ul style="list-style-type: none"> Fakkii 6.1 ilaalanii gaaffiilee ka'umsaa jechaan deebisuu.
15'	<p>Gocha (Hojii daree-Gareen)</p> <ul style="list-style-type: none"> Barreeffama "Mooraa Magarsiisa" jedhu dubbisaniil gilgaala 1 cimdiin mari'atanii akka hojjetan gochuu. Maree hordofuu fi deebii isaanii dareef akka dhiyeessan gochuu, 	<ul style="list-style-type: none"> Barreeffamicha cimdiil ta'anii dubbisuu, Gaaffilee 3 gilgaala 1 keessatti kennaman irratti mari'achuun deebii isaanii qopheeffachuu, Deebii isaanii barattoonni dareef dhiyeessuu.
15'	<p>Ibsa</p> <ul style="list-style-type: none"> Waa'ee maalummaa ittigaafatamummaa fi dirqama ittigaafatamummaa fudhachuu fakkeenyaan ibsuu. Kan hingalleef yoo jiraate akka gaafataniif carraa kennuu, Gaaffii barattootaaf deebii kennuu 	<ul style="list-style-type: none"> Barreeffamicha gareen dubbisuu Gaaffiilee 2 gilgaala 1 jalatti kennaman irratti mari'atanii deebii qopheessuu.
5'	<p>Goolaba</p> <ul style="list-style-type: none"> Barnoota guyyichaa gabaabinaan keessadeebi'uun goolabuu fi barattoonni dhimmoota ijoo ta'an hubachuu isaanii mirkaneeffachuuf waan hubatan gabaabaatti akka himan gochuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Ibsa kennamu sirriitti hordofuu, dhageeffachuu. Waan ifa hin taane yoo jiraate gaafachuu Deebii kennamus dhageeffachuu.

BOQONNAA TORBA

AADAA HOJII CIMAA

(Wayitii - 9)

Kaayyolee Gooroo

Barattoonni boqonnaa kana erga xumuranii boodaa:

- Maalummaa aadaa hojii cimaa ni hubatu.
- Mirga hojii heeraawa ni beeku.
- Maalummaa naamusa ogummaa ni beeku.
- Barbaachisummaa kabaja hojii fi aadaa hojii cimaa ni hubatu.

Lakk.	Barannoo	Kaayyolee Gooree	Meeshaalee Deegersii Barnoota
1	Hojii Uumuu	<ul style="list-style-type: none">• Barbaachisummaa hojii uumanii jiraachuu fakkeenyaan ni ibsu• Hojiin kabaja ta'uu isaa fakkeenyaan ni ibsu	<ul style="list-style-type: none">• Chaartota, suurotaa fi fiilmii namoonni yeroo hojii hojjetan agarsiisuu.
2	Osoo Hin Hojjetin Nyaachuu	<ul style="list-style-type: none">• Maalummaa osoo hin hojjetin nyaachuu; miidhaa fi jibbisiisuma isaa waliin ni ibsu.	<ul style="list-style-type: none">• Fakkii namoota hojii hiikanii taa'an agarsiisu.
3	Mirga Hojii Heerawaa	<ul style="list-style-type: none">• Hojii barbaadan fi bakka barbaadanitti hojjechuun mirga lammii hundaa ta'uu isaa fakkeenyaan ni ibsu.	<ul style="list-style-type: none">• Fakkiilee yeroo lammiileen gocha adda adda raawwatan agarsiisan
4	Maalummaa Naamusa Ogummaa	<ul style="list-style-type: none">• Maalummaa naamusa ogummaa ni ibsu.	<ul style="list-style-type: none">• Fakkiilee yeroo lammiileen ogummaa adda addaa irratti boba'anii hojjetan agarsiisuu.

7.1. Hojii Uumuu (Wayitii -2)

Oophii Daree: **Meeshaalee deeggersa barnootaa**

- Poostaroota, suuraa kkf yeroo namoonni hojii hojjetan agarsiisu.

7.1.1. Hojii Uumuu jechuun maal jechuu dhaa? (Wayitii -1)

Seensa

Fakkii'ee 7.1 fi gaaffilee ka'umsaa

- Fakkiilee armaan olii irraa maal akka hubattan ibsaa.
- Oggeessota gosa hojiilee fakkicha irratti mul'atu hojjetan kan beektan yoo qabaattan hiriyyoota keessanitti ibsaa.
- Fakkiilee 7.1 ilaalanii gaaffilee ka'umsaa fakkiileetti ananii dhiyaatan jechaan akka kennan deebisan godhaa.

Ibsa

- Hojii uumuu jechuun maal jechuu akka ta'e fakkeenya gabaabaa kennuun ibsaafii.

Hojii Uumuu jechuun maal jechuu dha?

Hojii uumuu jechuun, dhaabilee mootummaa ykn dhuunfaaf miindaanqacaramuuf eggachuu mannaa hojii mataa ofii umanii mataa ofiifi maatii ofii bulchuu fi carraa hojii namoota birofilee uumuu danda'uu jechuudha. Fakkeenya, daldala xixiqqaa, hojii mukaa, hojiilee harkaa adda addaa fi kkf irratti hojii uumanii isaan jiraachuun akka danda'amu fakkeenyaan ibsaafii.

Gocha (Hojii daree-Gareen)

- Seena mataduree “Mana hojii sibiilaa xiqqittii” jedhuun dhiyaate dubbisaniil gilgaala 1 keessaa gaaffilee sadan jiran irratti gareen akka mari'atan godhaa. Mareenis akka xumurameetti gareen muraasni deebii isanii dareef akka dhiyeessan godhaa. Isinis yaada sirreessaa dabalataa kennuun akka mari'atan godhaa.

Gocha (Hojii daree-Dhuunfaan)

- Barreeffama mata duree “Hojiif hidhadhaa” jedhu jalatti dhiyaate dhuunfaan dubbisaniil gilgaala 2 jalaa gaaffilee sadan jiran dabtara isaanii irratti akka hojjetan gochuun soroorsaafi.

7.1.2 Hojii Uumanii Jiraachuuf haallan Bu'uura Barbaachisan (Wayitii- 1)

Seensa

- Namoonni hojii uumanii jiraachuuf maal maaltu isaan barbaachisa jettanii yaaddu?
- Barattootni gaaffii armaan olitti dhiyaatee jechaan akka deebisan jijjabeessaa.

Gocha (Hojii daree- Gareen)

- Barreeffama waa'ee seenaa “**Sannaayit Faqqadaa**” irratti dhiyaatee dubbisani gilgaala 3 keessa gaaffilee jiran gareen qoodamuun akka irratti mari'atan godhaa. Maricha hordofuun deeggarsa barabaachisu kennaafii.

Gocha (Hojii daree- Gareen)

- Ibsa gilgaala 3tti aanee dhiyaate dubbisani gaaffiilee gilgaala 4 fi 5 gareen akka hojjetan godhaa. Marichi yeroo xumuramu deebii isaanii dareef akka dhiyaatu gochuun yaada sirreessaa kennaafii.

- Deebiin kennamuu qabxiilee armaan gadii akka of keessatti qabatu godhaa.

1. Namni kamiyyuu hojii ummatee jiraachuuf waantoota bu'uura lama guutamuu qabu. Isaanis kaka'umsa mataa ofiifi hojiin kamiyyuu kabaja ta'uu isaa hubachuudha.
2. Aadaan hojii cimaan jireenya mataa ofii fi maatii foyyessuu irra darbee guddina biyyaa ariifachiisuu fi jireenyi lammiiwwanii akka fooyya'u taasisa.
3. Hojiin ulfina yommuu jedhamuu hojiin xiqqaa fi guddaa hin qabu jechuu dha. Hojiin kun gaariidhaa ykn gaarii miti jechuun sirrii miti. Hojii kamiiniyyuu osoo hin tuffatiin hojjechuun barbaachisaadha. Hojii guddaa xiqqaa jennee kan tuffannuu ykn fillu yoo ta'ee guddachuu fi duroomuu hin dandeenyu. Bu'uurri guddinaa fi badhaadhumaa hojin hundumtuu kabaja ta'uu isaa amanee hojjechuun dha.

7.2. Osoo hin hojjetin nyaachuu (Wayitii -2)**Oophii Daree: Meeshaalee deeggarsa barnootaa**

- Poostaroota, suuraa fi kkf yeroo namoonni hojii gosa addaa addaa hojjetan agarsiisuu.

7.2.1. Osoo hin hojjetin nyaachuu jechuun maal jechuudha? (Wayitii 1)**Seensa****Gaaffilee ka'umsaa**

- Barattootni yeroo mana barnootaati deebi'an hojii hojjetan yoo jiraate barattoota dareef akka ibsan godhaa.
- Osoo hin hojjetin nyaachuun gadhee ta'uu isaa fakkeenyo tokko tokko akka himan godhaa.
- Barattootni gaaffilee seensaa armaan olitti dhiyaatan jechaan akka deebisan godhaa.

Ibsa

- Osoo hin hojjetin nyaachuu jechuun maal akka ta'e ibsa kitaabicha irra jiru kennaafii.

Gocha (Hojii daree-Gareen)

- Ibsa gaaffilee seensaatti aansee dhiyaate dhuunfaa isaaniitiin dubbisani gilgaala 6 dubtara isanii irratti akka hojjetanii gochuun soroorsaafii.

7.2.2. Rakkolee osoo hin hojjetiin nyaachuun dhaqabsiisu

Seensa

Gaaffii ka'umsaa

- Haga dandeettii isaaniitii hojiilee hojjechuu qabna jedhan akka tarreessan godhaa.
- Gaaffiin ka'umsaa kun caalmaatti hirmaachisuu akka danda'uuf gaaffilee armaan gadii dabalaafii.
- Mana keessan keessatti dandeetti keessaniin hojiilee hojjetamuu danda'an tarreessaa.
- Mana barnootaa keessan keessatti dandeettii keessaniin waantoota hojjetamu danda'an tarreessaa.
- Naannoo keessan keessatti dandeettii keessaniin waantoota hojjetamuu danda'an tarreessaa.
- Barattootni gaaffilee armaan olitti dhiyaatan jechaan akka debisan godhaa.

Gocha (Falmii)

- **“Osoo hin hojjetin nyaachuun gaarii dha, rakkoo hin qabu”** fi **“Osoo hin hojjetin nyaachuun gadhee dha”** yaadota jedhan irratti barattooni cimdii cimdiin dabaree dabareedhaan fuulduratti ba'uun walfalmii akka geggeessun godhaa. Falmii gaariifi ho'aa akka gaggeesaniifi garee lammaniif yaada wal falmii eeruun deeggersa godhaafii.
- Cimdoonni muraasni erga waliin falmanii booda, yaadota garee lamman irraa dhiyaate bu'uureffachuun barattootaa daree hundaa waliin maree gabaabaa godhaa. Marichi “Osoo hin hojjetin nyaachuun rakkoo guddaa kan fidufi maatiin keenya osoo hin hafiin akka nutti gaddanifi, nu jibbaan taasisa” yaada jedhu irra akka ga'an godhaa.
- Kana malees, qaamni dhala namaa faayyaaleessa ta'ee jiraachuuf sochii qaamaa ga'aa ta'e gochuun akka irra jiraatuu fi hojii osoo hin hojjetin ta'uun dhukkubsataa akka nama godhu akka beekan ibsa gabaabaa kennaafii.

Gocha (Hojii manaa-Dhuunfaan)

- Mata duree “Rakkolee osoo hin hojjetiin nyaachuun fidu” jedhu jalatti ibsa dhiyaate dubbisani gaaffilee sadan gilgaala 7 jala jiran dabtara isaani irratti akka hojjetan godhaa. Dabtara isaaniis soroorsaaf.

7.2.3. Osoo hin hojjetiin nyaachuu jibbuu

Seensa

Gaaffii ka'umsaa

- Osoo hin hojjetiin nyaachuun maaliif jibbama?
- Barattootni gaffii ka'umsaa armaan olitti dhiyaate jechaan akka deebisan godhaa.

Ibsa

- Osoo hin hojjetin nyaachuun jibbamuun akka isaan irra jiraatu sirriitti ibsaafii.

Osoo hin hojjeetin nyaachuu jibbuu

Osoo hin hojjetiin nyaachuun gocha namni kamiyyuu jibbuu qabudha. Osoo hin hojjetiin nyaachuu jechuun fayyaa fi humni osoo jiruu osoo homaa hin hojjetiin (bu'aa tokko osoo hin buusiin) kanneen biroon kan hojjetan, kan itti dadhaban, kan itti dhama'anii fidan nyaachuu jechuu dha. Osoo hin hojjetiin nyaachuu jechuun, dhama'insa tokko soo hin godhin firii dadhabbiin fi bu'aa hojii warra kaaniitti fayyadamu jechuu dha. Kan inni biraan itti dadhabe callisanii nyaachuun immoo hanna fi saamicha irra adda ba'ee hin ilaalamu. Kanaafuu, gochaa kana jibbuutu nurra jiraata.

Gocha (Hojii manee-Dhuunfaan)

- Seenaa mata duree “Magartuu fi Mooraa Mana Isaanii” jedhu jallatti dhiyaate dubbisanii gilgaala 8 keessa gaaffile sadan jiran akka hojjetan gochuun soroorsaaf.

Gocha (Hojii manaa- Dhuunfaan)

- Gilgaala 8tti aanee ibsa dhiyaate akka dubbisanii dhuunfaan gilgaala 9 dabtara isaanii irratti akka hojjetan godhaa. Dabatara isaanis soroorsaaf.

7.3. Mirga Hojii Heerawaa (Wayitii- 2)

Qophii Daree: Meeshaalee deeggersa barnootaa

- Fakkii, Poostaroota fi kkf yeroo lammiwwan hojiilee adda adda hojjetan agarsiisu.

7.3.1. Mirga Hojii Fedhan Hojjechuu (Wayitii- 1)

Seensa

Fakkii 7.2. fi gaaffilee ka'umsaa

- Namoonni fakkii kanarratti argitan gosa hojii kamirratti kan boba'an isinitti fakkaata?
- Isin gara fuulduraatti maal hojjetanii jiraachuu barbaaduu?
- Fakkii 7.2 ilaaluun gaaffilee ka'umsaa hojjetanii akka deebisan godhaa.
- Barattoota darabeen maqaan waamuun gara fulduraatti yeroo guddatan hojii akkamii hojjetanii jiraachuu akka barbaadan akka himan godhaa.
- Ittifufuudhaanis, hojii barbaadan kamiyyuu hojjetanii jiraachuu akka hin dandeenye waanti isaan daangessu jira ykn hin jiru jedhanii kan amanaman ykn tilmaamuu yoo ta'e gaaffachuu fi deebii kennaniif immoo sababa akka dhiyeessan godhaa.

Mirga Bakka Barbaadanitti Hojjechuu

- Barattoonni bakka barbaadaniitti ykn biyyaa barbaadan deemani hojii hojjechuu akka barbaadan gaafadhaa.
- “Naannoo itti hojjetan fi gosa hojii hojjetanii namni biraan yoo fileef (murteesseef) gaarii dha?” gaaffii jedhuuf barattoonni gaariidha yookiin garii miti jechuun sababa isaa waliin kaasanii gareen akka irratti mari'atan godhaa.

- Gareeleen marii isaanii akka xumuranitti yaada ijoo maree isaaii dabareedhaan dareef akka dhiyyeessanii yaadni itti kennamu godhaa. Itti aansuun yaadi sirreessaa kennuufiin namni kamiyyuu mirga hojii barbaade hojjechuufi bakka itti hojjetu filachuu heera mootummaatiin mirkanaa'ee kan qabu ta'uu isaa ibsuun goolabaa. Dhimma kana kana ilaalchisee keeyyata heera Mootummaa Federaalawaa Itoophiyaa ibsuu ni dandeessu.

7.3.2. Mirga Qabeenya Dhuunfaa Horachuu (Wayitii -1)

Seensa

Gaaffii ka'umsaa

- Qabeenya dhuunfaa yeroo jedhamu maal jechuudhaa.
- Gaaffii armaan olitti dhiyaate barattootni jechaan akka deebisan godhaa.
- Barattootni yeroo guddatan qabeenya guddaa qabaachuu barbaadan maal maal akka ta'e dabareen akka tarreessan godhaa, yoo xiqqaate hanga qabeenyaa 3tti akka eeran godhaa.
- Barattootni qabeenya qabachuu barbaadan kana waanti akka isaan hin arganne ittisuu jira/hin jiru jedhanii amanu yoo ta'e gaaffahaa. Deebii kennaniif immoo sababa akka dhiyeessan godhaa.

Ibsa

- Isaan boodaas mirgoota hojii heerawaa gabaabinaan ibsuufiin goolabaa.

Mirgoota Hojii Heerawaa

Mirgi hojii nama kamiif iyyuu heeyyamamee fi heeraa mootummaatiin beekamtii argate mirga hojii herawaa jechuun beekama. Mirgoonni hojii heeraawaan kunis kanneen armaan gadiiti.

- Namni kamiyyuu gosa hojii barbaadee fi filatee hojjechuuf mirga qaba.
- Namni kamiyyuu kutaalee biyyatti kamiin keessaa jiraachaa bakka barbaadeetti hojii filatee hojjechuuf mirga qaba.
- Namni kamiyyuu qabeenya mataa isaa horachuuf mirga qaba.

7.4. Ogummaafi Naamusa Ogummaa (Wayitii -2)

Oophii Daree: Meeshaalee deeggersa barnootaa

- Poostaroota fi fakkiilee yeroo lammiileen hojii gosa adda addaa hojjechaa jiran agarsiisuu.

7.4.1. Qajeelfamoota Ogummaa Kabajuu (Wayitii -1)

Seensa

Gaaffilee ka'umsaa

- Ogummaa yeroo jedhamu maal fa'a of keessatti hammata?
- Naamusa ogummaa jechuun maal jechuu dhaa?
- Mata duricha jalatti gaaffilee ka'umsaa dhiyaatan barattootni gareen irratti mar'atani deebii akka kennan godhaa.

Gocha (Hojii daree-Dhuunfaan)

- Ibsa gaaffilee seensaatti aanee dhiyaate akka dubbisanii fi gilgaala 12 dabtara isaanii irrati akka hojjetan gochuun soroorsaafii.

Ibsa

- Waa'ee ogummaafi maalummaa naamusa ogumma ilaalchisee ibsa gabaabaa kennuun goolabaa.

Ogummaafi Maalummaa Naamusa Ogummaa

Ogummaa jechuun hojii leenjii addaa fi barnoota idilee sadarkaa beekumsa fi dandeettii gaafatu ykn barbaadudha. Fakkeenyaaf, barsiisummaa, ogummaa fayyaa, mahaandisummaafi kkf. Oggeessa kan jennu immoo ogummaa kanaan leenjii addaa fudhatee hogummaa kana idilee hojii isaa godhatee nama hojjetu dha.

Naamusa ogummaa jechuun oggeessi tokko hojii isaa sirriitti hojjechuuf qajeelfamoota hordofuu qabuu fi sirriitti hojii irraa oolchuu qubudha. Qajeelfamoonni kunis ogeessi kamiyyuu yeroo hojii isaa hojjetu waanta sirri gochuu qabuu fi waanta sirrii hin taanee gochuu hin qabne kan of keessatti qabataniidha.

7.4.2. Dhimmoota bu'uura oggeessa tokko irraa eegaman (Wayitii- 1)

Seensa

- Dambii fi naamusa ogummaaf bitamuu jechuun maal jechuu dhaa?
- Barattootni gareen ta'uun gaaffii ka'umsaa kana mareen akka hojjetan godha. Maricha hordofaa. Gareeleenis deebii isaanii barattoota dareef akka dhiyeessan godhaa.

Ibsa

- Ogeessi tokko ogeessa gaarii ta'uuf dhimmoota bu'uura eeguu qabu ibsaaf.
- Ogeessi tokko ogeessa gaarii ta'uuf wantota hedduutu irraa eegama. Isaan keessaas kanneen ijoo ta'an kanneen armaan gadiitti.

A. Naamusa ogummaafi qajeelfamoota hojiif bitamu

Ogummaa kamiyyuu dambii fi qajeelfama hojii mataa isaa qaba. Dambii fi qajeelfamni hojii kun akkaata gosaa fi amala hojiichaatiif ta'utti hojii bu'aa qabeessa ta'e haala hojjechiisuu danda'uun qopha'aa. Fakkeenyaaf, naamusni ogummaafi qajeelfamootni hojii barsiisota namuusaafi qajeelfamoota hojii ogeessota fayyaa waliin walcina qabamee yeroo ilaalamu garaa garummaa qabaata.

Naamusni ogummaa barsiisummaa barattoota amala gaarii qaban, beekumsaa fi dande'eetti gahaa qaban horachuu irratti xiyyeeffata. Qajeelfamni hojii barsiisummaa barattoota akkasii horachuudhaaf hojiilee fi qajeelfamoota tarreeffamaan barsiisaan hordofuu fi raawwachuu qabu kan agarsiisuu dha.

Dambiin ogummaa ogeessota fayyaa dhukkubsatoota karaa sirrii ta'een waldha'nuu fi fayyisuu irratti kan xiyyeeffatuudha. Qajeelfamoota hojii ogeessota fayyaa dhukkubsatoota dhibamanii gara mana yaalaa dhufan naamusa gaariin simatanii waldhaanuudhaaf tajaajila tarreeffamaan hordofamuu qabu kan agarsiisuudha.

Ogeessi kamiyyuu ogummaa isaatiin hojii gaarii fi bu'a qabeessa ta'e hojjechuudhaaf dambii ogummaa fi naamusa hojii ogummichi gaafatu sirriitti beekke haala dambii fi qajeelfamoota kanaan hojii isaa hojjechuun irra eegama.

B. Dandeettii ogummaa gabbisuu

Ogeessi kamiyyuu ogummaafi dandeettii ittiin hojii jalqabeen qofa jiraachuu hin qabu. Caalmaatti bu'aa qabeessa ta'uudhaaf ogummaa fi dandeettii qabu kana yeroo yeroon guddisuu fi gabbisaa deemuu qaba. Sababni isaas tekinooolojiin saffisaan gaddachaa waan deemuuf argannoowwan haaraan yeroo hunda waan jiraataniif haalli hojiin itti hojjetamuus guddina tekinooolojii kanaafi argannoowwan kana waliin wal simatee deemuu waan qabuuf.

C. Tajaajilamtoota bu'aa ogummaaf amanamuu

Ogeessi tokko ogeessa gaariidha jedhamuuf namoota ogummaa sanatti fayyadamaniif beekumsa, dandeettiifi naamusaa isaatiin jaalatamaafi amanama yoo ta'e qofa. Fakkeenyaaf, barattootni "ebeluu barsiisaa cimaadha" yemmu jedhan barsiisaan kun barattoota isaatiin haala gaariin kan ilaalamuu fi naamusaa fi dandeettii isaatiin fakkeenya gaarii ta'uun kan beekamedha jechuu dha.

Goolaba Boqonnaa

- Barsiisa! Goolaba kana irra yemmuu geessan boqonnaa kana keessatti barattootni maal maal akka barataniif maal akka hubatan gabaabaatti akka ibsaniif carraa kennaaf. Carraa kanaas barattoota murta'aniif erga kennitanii booda ofii keessan golabaa. Xumura irrattis gaaffilee keessa deebii akka hojjetan godhaa.

Deebii Gaaffilee Keessa Deebii

I. Himoota armaan gadii sirrii yoo ta’an “Dhugaa” dogoggora yoo ta’an immoo “Soba” jechuun deebisaa.

1. Dhugaa 2. Soba 3. Soba 4. Soba 5. Dhugaa

II. Raga ‘A’ jalatti kanneen tarreeffaman roga ‘B’ jalatti kanneen tarreeffaman waliin walitti firoomsaa.

1. D 2. F 3. A 4. H 5. E 6. C 7. B

III. Bakka duwwaa armaan gadii jecha ykn galee sirrii ta’een guutaa.

1. Hojiin kabaja ta’uu hubachuu fi tattaaffii fi kaka’umsa mataa ofii gabbiffachuu.
2. Naamusa ogummaa

IV. Gaaffilee armaan gadiif deebii sirrii ta’e filadhaa.

1. D 2. C 3. A 4. A 5. D

V. Gaaffilee armaan gadiif deebii gabaaba kenna

- Qabxiileen kitaaba keessatti eeraman gahadhaa.

Iddattoo Karoora Barnootaa

7.1.1. Hojii Uumuu jechuun maal jechuu dhaa?

Yeroo	Gocha Barsiisaa	Gocha Barataa
5'	<p>Seensa</p> <p>Fakkii 7.1 fi Gaaffilee ka'umsaa lamaan jalatti dhiyaatan</p> <ul style="list-style-type: none"> Fakkilee armaan olitti dhiyaatan irraa maal akka hubatan hirriyyoota isaaniitti akka himan gochuu. Ogeessoti fakkiilee kanneen irratti mula'tan maal akka raawwatan kan beekan yoo qabaatan hirriyyoota daree isaaniif akka ibsan gochuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Fakkii 7.1. ilaaluudhaan gaaffilee ka'umsaa dhiyaatan jechaan deebisuu.
10'	<p>Ibsa</p> <ul style="list-style-type: none"> Hojii uumuu jechuun maal jechuu akka ta'e fakkeenya kennuun ibsuu. Waanti isaanii hin galee yoo jiraate akka gaafatan carraa kennu. Gaaffilee gaafataman deebisuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Ibsa kennamu sirriitti caqasuu. Gaaffii yoo qabatan gaaffachuu. Deebii kennamu caqasu.
20'	<p>Gocha (Hojii Daree-Gareen)</p> <ul style="list-style-type: none"> Seenaa mata duree "Mana Hojii Sibiilaa Xiqittii" jedhu dubbisaniis gilgaala 1 gareen mari'atanii akka hojjetan gochuu. Gareewwan deebii isaanii dareef akka dhiyeessan gochuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Seenicha dubbisaniis gaaffilee sadaan gilgaala 1 keesatti argaman irratti mari'atanii debii qopheessuu. Deebii isaanii barattoota dareef dhiyeessuu.
5'	<p>Goolaba</p> <ul style="list-style-type: none"> Barnoota guyyicha gabaabsanii keessa deebi'uun golaabuuf barattooni dhimmoota ijoo hammam akka hubatan mirkaneessuuf waan hubatan gababinaan akka himan gochuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Ibsicha sirriitti caqasuu. Waan ifa hin taane yoo jiraate gaaffachuu. Deebii kennamu caqasuu.

BOQONNAA SADDEET

OF DANDA'UU

(Wayitii ramadame -8)

Kaayyoolee Gooroo:

Barattoonni boqonnaa kana baratani erga xumuranii booda:

- Maalummaa ofdanda'uu ni hubatu,
- Faayidaa ofitti amanamummaa ni hubatu
- Faayidaa kanneen biroo irraa barachuuf of qopheessuu ni beeku.

Lakk.	Barannoo	Kaayyoolee Gooree	Meeshaalee Deggersaa
1	Maalummaa Ofdanda'uu	Barnoota kanaan booda barattoonni: • Maalummaa Ofdanda'uu ni ibsu.	• Posterootaa fi fotoowwan yommuu barattoonni haasa'aniifi, qayyabatanagarsiisuu.
2	Ofitti Amanamummaa	• Ofitti amanamummaa jechuun maal jechuu akka ta'e fakkeenya kennuun ni hubatu.	• Poosteroota yommuu barattoonnii hojii adda addaa hojetan agarsiisu.
3	Ejjennoo Qabaachuu	• Maalummaa fi barbaachisummaa ejjennoodhaan cimuu ni ibsu.	• Fakkiilee yommuu namooti wal falman agarsiisu
4	Amaloota Hubannoo Dogoggoraa Mataa Keenya Irratti Qabnu Ibsan	• Rakkooolee hubannoon dogoggoraa ofirratti qabnu qaqqabsiisan ni tarreessu,	• Fkkiilee yommuu namoonni mari'atan mal'isu.
5	Dandeettii Mataa Keenyaa Beekun Kan Biroo irraa Barachuuf Of Qopheessuu.	• Dandeettii ofii beekuu jechuun maal jechuu akka ta'e ni ibsu, • Faayidaa namoota biroo irraa barachuuf qophaa'uu ni himu, • Muuxannoo fi beekumsa namoota biroo irraa barachuf ni tattaafatu.	• Fakkiilee yommuu namoonni mar'atan agarsiisu.
6	Gochaalee Guddinaa fi Badhaadhina Biyyaa Miidhan	• Gochaalee guddinaa fi badhaadhina biyyaa miidhan adda ni baafatu.	

8.1. Maalummaa Ofdanda'uu

Oophii Daree: **Meeshaalee deggersa barnootaa**

- Poosteroota fi fakkiilee yommuu barattoonni haasa'an, qayyabtaanii fi kkf agarsiisu.

Seensa

Fakkii'ee 8.1 fi 8.1 gaaffiilee ka'umsaa

- Fakkiilee lamaan keessaa kan ofdanda'uu agarsiisu isa kami?
- Of danda'uudhaaf hojiilee maatii fi mana barumsaa keessatti hojjetan dabareedhaan barattoota dareef ibsaa.
- Fakkiilee 8.1 fi 8.2 ilaalaati gaaffiilee armaan olitti dhiyaatan jechaan deebisaa.

Gocha (Hojii daree – Gareen)

- Walaloo Mataa duree “**Barattoota Ciccimoo**” jedhu jalatti kenname barttoonni lamaan tokko sagalee olkaasanii dareef akka dubbisan godhaa.
- Gaaffiilee 2 gilgaala 1 jalatti dhiyaatan gareedhaan mari'atanii akka hojjetan godhaa. Maree kanas hordofuudhaan gareewwan murtaa'an yaada ijoo irratti mari'atan dareef akka dhiyeessan godhaa.

Ibsa

- Maalummaafi faayidaalee of danda'uu ilaalchisee gochaalee maatii fi mana barnootaa keessaa fakkeenya qabatamoo kennuun gudunfaa gabaabaa kennaa.

Maalummaafi faayidaalee Ofdanda'uu

Ofdanda'uu jechuun waantoota jireenya keenyaaf nu barbaachisanii fi humna, beekumsaa fi dandeettii qabnuun ofii keenya hojjetachuu dandeenyu namooti biroon akka nuuf hojjetan barbaaduufi eggachuu dhiisnee ofuma keenya hojjetannee ittifayyadamuu jehuudha.

Ofdadanda'uu fi warra kaan irratti hirkkachuu dhiisuun faayidaa guddaa qaba. Ijoolleen maatii isaanii keessatti hojiilee hojjetachuu danda'an ofii hojjechuu dhiisanii fakkeenyaaf bakka ciisicha isaanii maatiin isaanii akka afaniif, qulqullina dhuunfaa isaanii maatiin akka eganiif yoo barbaadanii fi eggatan maatii isaanii irratti hirkatan jechuudha. Haala kanaan maatii irratti yoo hirkatan ammoo maatiin ijoolleesanitti gammaduun hafee itti aaruufi gadduun dhufa.

Hirkattummaan kun haala kanaan yoo ittifufe ammoo miirri hirkattummaa kun isaan waliin waan guddatuuf ijoolleen kun jaalala hojii dhabaa waan deemaniif jireenya hiyyummaa geggeessuuf dirqamu.

Gama biraatiin ammoo ijoolleen umurii ijoollummaa isaanii irraa jalqabani hojii humni isaanii hayyamuuf hojjechaa yoo guddatan, maatii isaanii gamachiisu. Amalli kunis isaan waliin yoo guddachaa deeme miirri jaalala hojii isaan keessatti cimaa waan deemuuf bor lammii qabeenya horatee jireenya gaarii jiraatu, biyyaafi ummata isaanii gargaaraniifi biyya boosan ta'u.

Gocha (Hojii manaa-Dhuunfaan)

- Gaaffilee gilgaala 2 jalatti kennaman dhuunfaan dabtara isaanii irratti hojjetanii akka dhufan godhaa.

8.2. Ofitti Amanamummaa (Wayitii- 1)

Qophii Daree: Meeshaalee deggersa barnootaa

- Poosteroota fi fakkiilee yommuu barattoonni hojii hojjetan ykn qayyabatan agarsiisu.

Seensa

Gaaffii ka'umsaa

- Ofitti amanamummaa jehuun maala jechuu akka ta'e barattoonni murtaa'an jechaan akka deebisan godhaa.

Gocha (Hojii Daree- Gareen)

- Seenaa gabaabaa mata duree “**Ashabbirii fi Haadhasaa**” jedhuu jalatti dhiyaate dubbisanii gaaffiilee lama gilgaala 3 keessatti kennaman gareen ykn cimdiin irratti mari'atanii akka hojjetan godhaa. Maree kanas hordofuun deggersa barbaahisu kennaa. Gareeleen deebii qopheeffatan dareef akka dubbisanii fi deebiiwwan kanniin irrattis barattoonni yaada akka kennan gochuun isin sirreeffama barbachisu kennaa.

Ibsa

- Itti fufuudhaanis waa'ee maalummaafi faayidaa ofitti amanamummaa ilaalchisee ibsa gabaabaa kennuun barattoonnis miira ofitti amanamummaa qabaachuu akka qaban hubachiisuun gudunfaa.

Maalummaafi Faayidaa Ofitti Amanamummaa

Ofitti amanamummaan namni tokko gocha, hojii ykn ammoo yaada tokko beekumsaafi dandeettii isaatti fayyadamun raawwachuu akka danda'u miira mirkaneessuudha.

Ofitti amanamummaan dhala namaaf faayidaa guddaa kan qabu yommuu ta'u faayidaalee gurguddoo armaan gadii akka fakkeenyaatti eruun ni danda'ama. Isanis:

- Ofitti amanamummaan yoo jiraate dandeettiiwwan garagaraa hedduun keessa keenya jiraachuu isaa akka beeknu nu gargaara;
- Rakkoo kamiyyuu tattaaffii fi qabsoo mataa keenyaan ofirraa qolchuufi mo'ichaan akka baanu nu jajjabeessa; dandeetti qabnu akka gabbifannuu fi ilaalcha gaarii akka qabaannu nu gargaara;
- Mataa keenyaaf kabaja gaarii akka qabaannuu fi waan gaarii akka yaadinu nu jajjabeessa;
- Gabaabaabinaan, ofitti amanamummaan bu'uura milkaa'inaati.

Gocha (Hojii mana-Dhuunfaan)

- Ibsa gilgaala 3tti aanee dhiyaate barattoonni dhuunfaan dubbisanii gaaffiilee 2 gilgaala 4 jalatti kennaman akka hojjetan gochuun sororsaaf.

8.3. Ejjennoo Qabaachuu (*Wayitii- 2*)

Qophii Daree: **Meeshaalee Deggersa Barnootaa**

- Fakkiilee yommuu namooti walfalman agarsiisu.

Seensa

Fakkii 8.3 fi gaaffii ka'umsaa

- Fakkiin armaan olitti dhiyaate maal agarsiisa?
- Fakkii 8.3 ilaalanii fakkiin kun maal agarsiisuu akka barbaade akka himaniif barattoota murtaa'aniif carraa kennaa.

Gocha (Hojii Daree-Gareen)

- Barreeffama mata duree “**Kutannoo Zakkii fi Gocha Hiriyyootasaa**” jedhu jalatti dhiyaate dubbisaniif gaaffiilee 2 gilgaala 5 keessatti kennaman gareen ykn cimdiin mari'atanii hojjechuun gareewwan muraasni deebii isaanii dareef akka dhiyeessan gochuun xumuraa.

Ejjennoon cimuu fi haldureewwan barbaachisan

Ejjennoodhaan cimuu jechuun waan gochuu (raawwachuu) qabna jennee itti amanneefi murteessine tokko shakkii fi mamii tokko malee raawwachuu jechuu dha. Fakkeenyaaf, barattaan tokko barnoota kootti qabxii gaarii fiduudhaaf yeroo qayyabannaa koo qisaasessee taphaaf hin oolchu jedhee yoo murteeffate, murtee kanas otoo hin diigiin yeroo qayyabannaa isaa qayyabannaaf qofa yoo oolche ejjennoodhaan cimee jechuudha.

Tapha kan taphatus yeroo sagantaa qayyabannaa isaan ala ta'a. Hiriyootti isaa taphaaf isa kakaasanis ta'e waanti kamiyyuu yoo umame murtoo kana hin diigu; hin gowoomsamus. Murtoon kunis hin jijjiiramu.

Fakkeenya kana irraa yommuu kaanu, ejjennoodhaan cimuu jalqaba irratti ejjennoon jirachuu qaba. Itti aansuun waanti ejjennoon cimuu nama barbaachisu ejjennoo ofii ifaa fi bilisa ta'e qabaachuuf sirriitti yaaduu fi madaalanii murteessuun barbaachisaadha.

Galma yaannee fi barbaannu tokko bira gahuuf ejjennoon cimuu meeshaa guddaa nu gargaarudha. Kanaafuu, faayidaa ejjennoo cimaa ta'e qabaachuun argamsiisu hubachuudhaan haala walfakkaatuun bu'aa argamsiisuu fi sadarkaa guddaarra gahuuf ejjennoo ofii walaba ta'e qabaachuun barbaachisaadha.

- Ejjennoo akkasii qabaachuufi murteessuudhaaf ammoo sirriitti yaaduu fi kallattii adda addaan madaaluun murteessuu, murtoo sirriitti yaadamee murtaa'e kana ammo mamii tokko malee hojii irra olchuun barbaachisaa akka ta'e hubachiisuudhaan barumsicha goolabaa.

Gocha (Hojii manaa-Dhuunfaan)

- Gaaffiilee 2 gilgaala 6 jalatti kennaman dhuunfaan dabtara isaanii irratti akka hojjetan gochuun sororsaaf. Kanneen haala foyya'a ta'een hojjetan dareef akka dubbisan godhaa.

8.4. Amaloota Hubannoo Doggorra Ofirratti Qabnu Ibsan (Wayitii- 2)

Qophii Daree: Meeshaalee Deggersa Barnootaa

- Poosteroota fi footoowwan yommuu namooti mari'atan agarsiisu

8.4.1. Miira Olaantummaa (Wayitii -1)

Seensa

Gaaffii ka'umsaa

- Miira olaantummaa jechuun maal jechuu akka ta'e waan beektan ibsaa.
- Gaaffii seensaa olitti kenname barattoonni jechaan akka deebisan godhaa.

Gocha (Hojii daree-Gareen)

Seenaa mata duree “**Summii Oftuulammaa**” jedhu jalatti dhiyaate dubbisuun gaaffiilee gilgaala 7 keessatti kennaman gareen mari'atanii akka hojjetan godhaa. Mare kanas hordofaa.

Ibsa

- Itti aansuudhaan miira olaantummaa jechuun maal jechuun akka ta'ee fi miidhaa inni qaqqabsiisu irratti ibsa gabaabaa kennaa. Kana malees, miirri olaantummaa amaloota hubannoo dogoggoraa ofirratti qabnu ibsan keessaa tokko waan ta'ef miira akkasii irraa bilisa ta'uun akka isaanirra jiraatu amansiisuudhaan gudunfaa.

Maalummaa Miira Olaantummaa fi Miidhaa Isaa

Miira olaantummaa jechuun yaada ana qofaatu beekadha, yaada koo qofaatu sirriidha; kan warra kaanii sirrii miti; gama kamiinuu ani warra kaaniin nan caala miira jedhuun guutamani warra kaaniin tuffachuu jechuu dha. Miirri akkasii kun namoota biroo waliin waljaallachuu, waliigaluu fi nagaan jiraachuu akka hin dandeenye gufuu nutti ta'a. yaadi kun kabajaa fi xiyyeeffannoo warri kaan nurraa argachuu qaban akka hin arganne waan godhuuf akka nutti hindhiyaannee fi akka nu jibban taasisa. Sababa kanaan, miirri olaantummaa amaloota hubannoo doggora ofirratti qabnu ittiin ibsaman keessaa tokkoo fi miidhaa akkasii kan qaqqabsiisu waan ta'eef dhabamsiifamuu qaba.

Goch (Hojii mannaa-Dhuunfaan)

- Ibsa gababaa gilgaala 7tti aansee dhiyaate dubbisanii gaaffiilee 2 gilgaala 8 jalatti kennaman dabtara isaanii irratti akka hojjetan gochuun sororsaaf.

8.4.2. Miira Gadaantummaa (Wayitii- 1)

Seensa

Gaaffii ka'umsaa

- Barattoota! Mana barnootaa keessatti wantota miirri gadi antummaa akka isinitti dhagamu godhan tarreessaa.
- Gaaffii seensaa olitti dhiyaate barattoonni jechuun akka deebisan godhaa.

Gocha (Hojii daree-Gareen)

- Mata duree “**Fiqirtee**” jedhu jalatti barreeffama gabaabaa dhiyaate dubbisanii gaaffiilee gilgaala 8 jalatti kenname gareen mari’atanii akka hojjetan godhaa. Mare kanas hordofuun gareeleen maraasni qabxiilee ijoo irratti mari’atan dareef akka dhiyeessan godhaa.

Ibsa

- Itti aansuudhaan miira gadaantummaa jechuun maal jechuu akka ta’ee fi rakkoo miirri kun qaqqabsiisu gabaabinaan hubachiisaa. Haala kanaan miirri gadaantummaa amaloota hubannoo doggoraa ofirratti qabnu ittiin ibsamu keessaa tokko waan ta’eef dhabamsiisuun akka isaan irra jiraatu amansiisuun xumuraa.

Miira gadaantummaafi miidhaasaa

Miira gadaantummaa jechuun ani amma warra kaanii hin beeku, waan warri kaan hojjetan hojjechuu hin danda’u, ani dadhabaadha; warri kaan ammoo cimoodha fi yaadi kana fakkaatu keessoo keenya mo’achuun warra kaaniin qofa dhiqisiifachuu fi mataa ofii tuffachuu jechuu dha. Miirri akkasii kun mataa keenya akka jibbinu, akka gadi ofqabnuu fi waanta bu’aa qabeesaa ta’e tokko hojjechuuf akka hin tattaafanne kan nu taasisu waan ta’eef yaada miidhaa guddaa qaqqabsiisu dha. Kanaafuu, miirri gadaantummaa amala ibsama hubannoo doggoraa ofirratti qabnu keessaa isa tokko waan ta’eef dhabamsiifamuu qaba.

Gocha (Hojii daree – Dhuunfaan)

- Ibsa gabaabaa gilgaala 8ti aanee dhiyaate dubbisanii gaaffiilee 2n gilgaala 9 jalatti kennaman dabatara isaanii irratti akka hojjetan gochuun sororsaafii.

8.5. Faayidaa Dandeettii ofii Beekanii kanneen Biroo Irraa Barachuu

(*Wayitii -1*)

Qophii Daree: Meeshaalee deggersa barnootaa

- Posteroota, footoowwan... yommuu namooti mari’atan agarsiisu.

Seensa

Gaaffii ka’umsaa

- Walii waliin barachuu jechuun maal jechuudha?
- Gaaffii armaan oliirratti barattootni gareen akka mari’atan gochuun gareeleen murtaa’an deebii isaanii dareef akka dhiyeessan godhaa.
- Gaaffilee armaan gadiis dabalataan yoo dhiyeessitaniif barattoonni caalmaatti akka hirmaatan godhaa.

Ibsa

- Dandeettii ofii beekuu jechuun maal jechuudha?
- Namoota biroo, obboleessa fi obboleettii, abbaa fi haadhaa, akkasumas daree keessatti hiriyoota keessan irraa waan barattan qabduu? “Eyyee” yoo jettan maal maal akka barattan tarreessaa. “Lakkii” yoo jetan ammo sababa isaa ibsaa.
- Itti aansuudhaan dandeettii ofii bekuu jechuun maal jechuu akka ta'ee fi faayidaa namoota biroo irraa barachuuf ofqopheessuu ilaalchisee ibsa gabaabaa kennuun barattoonnis dhimma kana hojii irra akka olchan hubachiisuun gudunfaa.

Dandeettii ofii beekuufi faayidaa warra kaanirraa barachuu

Dandeettii ofii beekuu jechuun miira gadaantummaan booji'amanii dandeettii ofii gadi qabani tuffachuu ykn ammo miira olaantummaa liqamfamanii dandeettii ofii hinqabne akka waan qabaniitti ilaaluu dhiisanii dandeettiifi beekumsa ofii sirriitti madaalanii beekuu jechuudha. Namoota gidduu garaagarummaan beekumsaa fi dandeettii akka jiru ni beekama. Fakkeenyaaf, daree keessatti barataan tokko gosa barnoota Lammummaafi Amala Gaariitiin barattoota biroo caalaa dandeettii fi beekumsa qabachuu ni danda'a. Barataa biraan ammoo gosa barnoota Herreggaan barattoota biroo caaluu ni danda'a.

Kanaafuu, dandeetti mataa ofii beekuun fayidaa guddaa qaba. Faayidaan isaas gosa barnootaa kamirratti xiyyeeffachuu akka qabnu, kamirratti yeroo bal'aa ramadduun qayyabachuun akka barbaachisuu, namoota biroo irraa maal gaafannee hubachuu akka qabnu akka beeknu nu gargaara.

Dandeettii ofii beekuun warra kaan irraa barachuuf qoapaa'ummaa qabaachuun bu'aa fooyya'aa fiduuf akka nama gargaaru hubachuun barbaachisaadha.

Waanta hin beekne tokko gaafatanii hubachuun mallattoo qoroomaa fi gamnumaati. Sadarkaa biyyaattis taanaan sadarkaa guddinaa fi badhaadhina biyyaa ol kaasuuf muuxannoo guddina biyyootaa fi mootummoota biroo irraa barachuun gahee guddaa taphata.

Gocha (Hojii daree-Gareen)

- Ibsa gabaabaa gaaffii seensaatti aansee dhiyaate dubbisanii gaaffiilee gilgaala 10 jalatti kennaman gareen mari'atanii akka hojjetan godhaa. Maree kanneenis hordofuun gareewwan deebii qopheeffatan dabareen dareef akka dhiyeessan godhaa. Deebii kanneen irrattis yaadi akka kennamu gochuun xumura irratti yaada sirreeffamaa kan mataa keessanii ittidabaluun gudunfaa.

8.6. Gochaalee Guddinaa fi Badhaadhina Biyyaa Miidhaan (Wayitii-1)

Oophii Daree: Meeshalee deggersa barnootaa

- Daldalli kontroobaandii maalii? Meeshaalee karaa daladala kontroobaandii galan waan beektan himaa.
- Fakkii 8.4 ilaalanii barattoonni gaaffii seensaa kana jechaan akka deebisan godhaa.

Gocha (Hojii daree- Gareen)

- Seenaa gabaabaa mata duree “**Qoricha Yeroon Irra Darbe**” jedhu jalatti dhiyaate dubbisani gaaffilee 2n gilgaala 12 jalatti kennaman gareedhaan akka hojjetan godhaa.

Ibsa

- Waa'ee maalummaa daldala kontroobaandii fi miidhaa inni qoqqabsiisu irratti ibsa gabaabaa kennaa.

Kontroobaandii jechuun daldala seeraan alaa jechuudha. Daldala seeraan alaa jechuun ammoo meeshaalee adda addaa biyya keessaa gara biyya alaatti yookiin biyya alaa gara biyya keessatti dhoksaan baasuu ykn galchuu jechuudha.

Meeshaalee kanneen dhoksaan baasuu fi galchuun kan barbaachise gibira mootummaatiif galuu qabu kaffaluu dhiisuu dhaaf. Daldalli kontroobaandii galii mootummaan argachuu qabu akka hin arganne waan godhuuf guddinaa fi misooma biyyaatiif gufuu guddaa dha. Kana caalaas meeshaaleen alaa galan kun sadarkaan qulqullina isaanii sirriitti beekamuu waan hin dandeenyeef miidhaa hanga du'aatti qoqqabsiisuu ummata irraan ga'uu ni danda'a. Fakkeenyaaf, qorichaa fi nyaata qulqullina hin qabne, meeshaalee ijaarsaa sadarkaan isaan hin eegamneef kkf eeruun ni danda'ama.

Gocha (Hojii daree-Gareen)

- Ibsa gilgaala 13tti aanee dhiyaate dubbisani gaaffilee lamaan gilgaala 13 jalatti kennaman dhuunfaan dabtara isaanii irratti akka hojjetan gochuun soroorsaaf.

Goolaba Boqqonaa

- Barsiisa! Goolaba kanarra yommuu geessun barattoonni boqqonnaa kana keessatti maal akka baratani fi hubatan akka ibsaniif carraa kennaa.
- Barattoota murta'aniif carraa erga kennitani booda isin goolaba.
- Xumura irrattis gaaffilee keessa deebii akka hojjetan godhaa.

Deebii gaaffilee keessa deebii

I. Himoota armaan gadii sirrii yoo ta'e "Dhugaa" dogoggora yoo ta'e "Soba" jechuun deebisaa.

1. Dhugaa 2. Soba 3. Soba 4. Soba 5. Dhugaa

II. Lakkoofsa 1-7 gochaawwan mata duree hojiiwwan raawwataman jedhu jalatti tarreeffaman" hirkattummaa" ykn "Ofdanda'uu" kan ibsan ta'uu isaanii hubachuun bakka kenname irratti mallattoo /✓/ ka'uudhaan firoomsaa.

- | | |
|-----------------|-----------------|
| 1. Hirkattummaa | 5. Ofdanda'uu |
| 2. Ofdanda'uu | 6. Hirkattummaa |
| 3. Hirkaffummaa | 7. Ofdanda'uu |
| 4. Ofdanda'uu | |

III. Bakka duwwan armaan gadii jecha ykn gaalee sirrii ta'een guutaa.

1. Hirkattummaa 2. Ofdanda'uu 3. Ejjennoon cimuu

IV. Gaaffilee armaan gadiif deebii sirrii filadhaa.

1. D 2. D 3. B 4. D 5. D

V. Gaaffilee armaan gadiif deebii gaggabaabaa kennaa

- Yaada kitaaba barataa keessa jiru fayyadamuun dhiyeessuu.

Iddattoo Karooraa Barnootaa

8.1. Maalummaa Ofdanda'uu

Yeroo	Gocha Barsiisaa	Gocha Barataa
5'	<p>Seensa Fakkiilee 8.1 fi 8.2 Gaaffilee ka'umsaa lamaan fakkii 8.1 jala jiran.</p> <ul style="list-style-type: none"> Fakkiile lamaan keessa ofdanda'u kan agarsiisu kam akka ta'e akka ibsan gochuu, Ofdanda'uudhaaf hojiilee mana fi mana bartnootaa keessatti hojjetan dabareedhaan dareef akka dhiyeessan gochuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Fakkiilee 8.1 fi 8.2 ilaaluun gaaffiee ka'umsaa dhiyaatan jechaan deebisuu.
15'	<p>Gocha (Hojii daree- Green)</p> <ul style="list-style-type: none"> Mat duree 'Barattoota Ciccimoo' jedhuu jalatti barreeffama dhiyaate barattoonni lamaan tokko sagalee olkaasanii akka dubbisan gochuu, Gilgaala 1 irratti gareen mari'atanii akka hojjetan gochuu, Maree hordofuu fi barattoonni murta'an deebii isaanii dareef akka dhiyeessan gochuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Barreeffamicha dubbisuu Gaaffilee lamaan gilgaala 1 jalatti kennaman irratti mari'atanii hojjechuu, Deebii isaanii dareef dhiyeessuu
15'	<p>Ibsa</p> <ul style="list-style-type: none"> Maalummaa fi faayidaa of danda'uu qabataman ibsuu, Gaaffilee akka deebisan jajjabeessu, Gaaffilee deebisuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Ibsicha dhageeffachu, Gaaffii gaaffachuu, Deebii kennamu dhuggeeffachuu.
20'	<p>Goolaba</p> <ul style="list-style-type: none"> Barnoota guyyichaa gabaabinaa keessa deebi'uun barattoonni hagam akka hubatan mirkaneessuuf yaadawwan ijoo barnoota guyyichaa akka himan gochuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Ibsa kennamu dhaggeeffachu, Waanta ifa hin taanee gaafachuu, Deebii kennamu dhaggeeffachu.
5'	<p>Gocha (Hojii mana- Dhuunfaa)</p> <ul style="list-style-type: none"> Gaaffilee gilgaala 2 jalatti kennaman dabtara isaanii irratti hojjetani akka dhufan gochuun soroorsuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Hojii mana hojjechu Dabtara isaanii soroorsiisuu

BOQONNAA SAGAL

AADAA QUSANNA

(Wayitii -9)

Kaayyolee Gooroo: **Barattootni boqonnaa kana erga xumuranii booda:**

- Maalummaa qusannaa ni hubatu.
- Aadaa qusannaa gabbifachuun ofdanda'uuf akka nama fayyadu ni beekuu.
- Naannoo isaaniitti aadaa qusannoo gabbisuun maaliif akka barbaachisu ni hubata.

Lakk.	Barannoo	Kaayyolee gooree	Meshaalee Deggersa Barnootaa
1	Maalummaa Qusannaa	Barattootni barnoota kana booda: <ul style="list-style-type: none">• Maalummaa kaayyolee qusannaa ni tarreessu.	<ul style="list-style-type: none">• Fakkiilee fi kaartuunotaa waa'ee qusannaa agarsiisaan.
2	Karooraa fi Dandeettii Ofiitiin Qajeelfamuu	<ul style="list-style-type: none">• Maalummaa kaarooraa fi dandeettii ofiitiin qajeelfamu ni ibsu.• Karooraa fi dandeettii isaaniitiin ni jiraatu.	<ul style="list-style-type: none">• Karoora waggaa mana barumsaa,• Karoora barsiisaa kan waggaa, ji'a fi torbanii
3	Gochaalee Maatii Keessatti Gufuu Qusannaa Ta'an	<ul style="list-style-type: none">• Gochaalee matii keessatti gufuu qusannaa ta'an ni tarreessu.	<ul style="list-style-type: none">• Fakkiilee cidhaa, afeerraa fi kkf agarsiisuu.

9.1. Qusannaa (Wayitii- 2)

Qophii Daree: **Meshaalee deeggersa barnootaa**

- Fakkii, Poostarootaa fi kkf waa'ee qusannaa barsiisan.

9.1.1. Maalummaa Qusannaa

Seensa

- Fakkii 9.1 fi gaaffii ka'umsaa
- Fakkiileen lamaan kun ergaa maalii dabarsuu?
- Fakkiilee mata duree kana jala jiran ilaalani gaaffilee itti aananii dhiyaatan jechaan akka deebisan godhaa.

Ibsa

- Isaan booda waa'ee maalummaa qusannaa ibsa gabaaba kennaa.

Maalummaa Qusannaa

Qusannaa jechuun galii argamu irraa baasii manaafi waantota barbaachisoo biroof sirritti ramaduun kan irraa hafe immo gara fulduraatti rakkoo nama mudachuu danda'u furuuf kkf itti yaadani olkaa'achu jechuudha.

- Qabxiilee armaan gadiif xiyyeefannoon haa godhamu.
- Qusannaa jechuun sassattuummaa jechuu osoo hin taane meshaa guddaa mataa ofii, maatii ofii fi biyya ofii ijaaruuf nama dandeesisuu dha.
- Qusannoon kan godhamu, qarshii baay'ee fi irraa hafa ykn qabeenya guddaa yoo qabaatan qofa osoo hin ta'iin hanguma human ofii galii xiqqoo argatan irrann irratti hundaaun raawwatamuu qaba.
- Namni hundinuu haqa dundeettii isaati galii argatu karooraan jiraachaa hanga human isaa idileedhaan qusachuu qaba. Waanti xixiqqoon qusatamaa deemamu kun adeemsa keessa kuufamee baay'ee akka ta'u yaaliwwanii fi muuxannoowwan adda addaa mirkaneessaniiru.
- Qusannaa jechuun qarshii fi qabeenya qabnu karaa sirrii ta'een itti fayyadamuu jechuu dha. Qabeenya karaa sirrii ta'een itti fayyadamuu jechuun ammoo qabeenyaa nu harka jiru irraa guyyaatti waantoota nu barbaachisan qofaaf baasnee kan irraa hafuu ammoo ol kaa'uu fi walitti qabuudhan kan ibsamu ta'a.
- Qabeenya ilaalchisee sirriitti itti fayyadmuu jechuun, qabeenya qabnu tajaajilaa yeroo dheeraa kennuu akka danda'uu fi qulqullinaan fi ofeegannoon itti fayyadamuu dha.
- Meeshaalee deeggera barnootaa mana barnootaa keessatti argaman: minjaalota, teessumaa fi kkf kara sirrii ta'een itti fayyadamuu dhiifnee akka malee yoo itti fayyadamne meeshaaleen kun yeroo isaanii malee dulloomu, caccabuu, manca'uu ni danda'u. Kun ammoo mana barnootichaa baasii hin barbaachifneef saaxila.

Gocha (Hojii duree- Gareen)

- Barreeffama maalummaa qusannaa ibsu gaaffii seensaatti aanee dhiyaate dubbisani gaaffilee lamaan (1^{ffaa} fi 3^{ffaa}) gilgaala 1 keessatti dhiyaatan irratti gareen mari'atanii akka hojjetan godhaa. Marichas hordofuun deeggersa barbaachisu godhaafii. Marichi akka xumurameetti gareen muraasni hojii isaanii dareef akka dhiyeessan godhaa.

Gocha (Hojii manaa- Dhuunfaan)

- Barattootni gaaffii 2^{ffaa} gilgaala 1 keessatti argamu hojjetanii akka fidan gochuun sororsaafii. Gaariitti kan hojjetan keessa filuun barattoota dareef akka dhiyeessan godhaa.

9.1.2. Kaayyolee Qusannaa (*Wayitii- 1*)

Seensa

Gaaffii ka'umsaa

- Kaayyoon qusannaa inni guddaan maal isinitti fakkaata?

9.1.2.1. Hirkatummaa irraa bilisa ta'uu

- Gaaffilee seensaa mata duricha jalatti dhiyaatan barattootni jechaan deebisuu akka yaalan jajjabeessa.

Gocha (Hojii daree-Gareen)

- Seena waa'ee "Obbo Saamu'eelii fi Adde Burtukaan" dubbisaniil gilgaala 2 gareen akka hojjetan godhaa. Gareeleenis hojii isaanii barattoota dareef akka dhiyeessan godhaa.

Ibsa

- Isaan boodaa kaayyoon qusannoo inni tokkoo fi guddaan hirkatummaa irraa bilisa ta'uuf akka ta'e gabaabinaan ibsuun goolabaa. (Kitaabicha keessa kan jiru ga'aa dha).

9.1.2.2. Rakkoo nama qunamuu danda'u dandamachuu.

Gocha (Deebii- Jechaan)

- Barattootni fakkiilee 9.3 fi 9.4 mata duricha jala jiran irraa maal akka hubatan jechaan akka dubbatan godhaa.

Gocha (Hojii Daree- Gareen)

- Seena mata duree "Ol ka'aa malee ol kaatanii hin fudhatan" jedhu jalatti dhiyaate dubbisaniil gaaffilee lamaan gilgaala 3 keessa jiran gareen akka irratti mari'atan godhaa. Marichas hordofuun gareeleen yaada ijoo maree isaanii dabareen dareef akka dhiyeessan godhaa. Xumura irratti yaada sirreeffamaa mataa keessanii itti kennuun ifa godhaafii.

Gocha (Hojii manaa-Gareen)

- Gilgaala 3tti aanee ibsa dhiyaate dhuunfaan dubbisaniil gilgaala 4 dabtara isaanii irratti hojjetanii akka dhufan godhaa. Dabtara isaaniis soroorsaaf.

Ibsa

- Kaayyoon qusannoo inni lammaffaan rakkoo gara fulduraatti nama qunamuu danda'u dandamachuu akka ta'e gabaabinaan ibsuufiin goolabaa. Yaadoti kitaabicha keessa jiraan golaabuudhaaf gahaadhaa.

9.2. Karooraa dandeettii ofiitiin qajeelfamuu

Qophii Daree: Meeshaalee deeggersa barnootaa

- Karooraa mana barnootaa fi karooraa barsiisaa kan wagga, ji'a, torbanii fi guyyaa.

9.2.1. Maalummaa karooraa fi dandeettii ofiitiin qajeelfamuu

Seensa

- **Jechamaa fi gaaffii ka'umsaa**
 - *“Akka abaluun sirbaan, qolee nama jallisa”*
- Jechama kana irraa maal akka hubattan ibsaa.
- Karoorri maal akka ta'e beektuu? Haga beektan himaa.
- Barsiisa! Gaaffii jechama armaan olitti dhiyaatee jalatti dhiyaate jechaan akka deebisan godhaa.

Ibsa

- Itti aansuunis waa'ee maalummaa karooraa fi dandeettii ofiitiin qajeelfamuu ilaalchisee ibsa gabaabaa kennaa.

Maalummaa karooraa fi dandeettii ofiitiin qajeelfamuu

Karooraa jechuun fula duraa jechuunis har'aa kaasee, bor, iftaan, torbaan, ji'a hara'a ykn hanga waggaa dhuufuut waan hojjechuu qabnuu fi qophii fi murtee dursinee raawwachuu qabnuu jechuudha.

Waanta gochuu qabnu yeroo murteessinu waanti baay'een tilmaama keessa galan ni jiru. Fakeenya barattootni karooraa qo'annaa qopheessuu yoo barbaadanii duraan dursanii yeroo barnootaatiin alatti (Waiixataa – Jimaataatti) sa'a meeqa akka qaban beekuun isaanra jiraata. Itti aansuun Sambataa fi Dilbata hojii mana keessaa fi taphaaf sa'a ramaduu qaban hagam ta'uu akka qabu murteeffachuutu irra jiraata. Xumura irrattis “Galgala galgala haga sa'a meeqaatti qo'achuu dandeenyaa?” gaaffii jedhu deebisuu danda'uu qabu. Gaaffii kana deebisuun salphaa miti.. Sababni isaas sa'atiin hirribaa meeqa ta'uu akka qabu adda baasanii murteeffachuu qabu. Yoo xiqqate sa'aatiin 8-9 hirribaaf isaan barbaachisa. Haala kanaan halkan sa'a 3-4 qayyabachuu qabu. Kana irraa ka'uudhaan Wiixata – Jimaataattis ta'e Sambataa fi Dilbata akkasumas, galgala galgala sa'a meeqa qayyabachuu akka qaban beekaniiru. Beekumsa kana irraa ka'uudhaan karooraa qayyabannaa isaanii qopheeffachuu ni danda'u jechuudha.

Haala kanaan, sagantaan qayyabannaa isaanii karooraa kanaan qajeelfama. Karooricha yeroo qopheeffatan dandeettii isaanii sirriitti tilmaama keessa waan galchaniif dandeettii isaaniitiin qajeelfamaa jiru jechuudha. Garuu, karooraa isaanii dhiisanii guyyaa tokko halkaan keessa hanga sa'a 6tti yoo qayyabatan dandeettii isaaniitiin ol waan turaniif hirribni isaan rakkisa. Barnoota guyyicha barachuu ykn hojii hojjechuu hin danda'an. Karooraa fi dandeettii ofiitinn qajeelfamuun gocha abshaalotaati kan jedhamuuf kanaafi.

Gocha (Hojii daree Gareen)

- Barreeffama mata duree **“Cidha Gaa'elaa”** jedhu jalatti dhiyaate gareen dubbisaniis gilgaala 6 keessa gaaffilee jiran akka hojjetan godhaa. Gaaffilee armaan gadiis dabalataan dhiyeessaaf.
 1. Obbo Faasiliin rakkoo akkamitu qunama jettanii tilmaatuu?
 2. Seenicha irrann barnoota maalii argattanii?

3. Obbo Faasiliin akka dandeetti isaaniitiin akka hin qajeelfamne maaltu isaan godhee? Marichas hordofuun gareeleen deebii isaanii dareef akka dhiyeessan godhaa.
- Deebiin gaaffiilee 1-3 dubbisicha keessa jira. Gaaffiilee 4ffa fi 5ffaf ammo deebiin kallattii waan hin kennamneef, deebiiwwan kanneen keessatti qabxiileen armaan gadii jiraachuu isaanii mirkaneeffadhaa.
4. Obbo Fasil qarshii liqeeffatan yeroon kaffaluu waan hin dandeenyeef namootarraa liqeeffatan waliin wal dhabuu ni danda’u. Jarreen kunis himachuu ni danda’u. Sanyiin midhaanii facaafamuuf ta’ee nyaatamee waan dhumeef waan facaasan dhabanii lafti qonnaa isaanii duwwaa hafuu ni danda’a. Ganna ba’uuf midhaan ol kaa’atanis waan nyaatamee dhumeef maatiin isaanii beela’uu ni danda’u. Kaffaltii barnoota Ijoollee isaaniifis qarshiin waanta hin jirreef, ijoolleen isaanii barnoota addaan kutuu ni danda’u. Gabaabadhumatti Obbo Faasil hiyyummaa keessa ba’uu hin daneenye keessa galaniiruu jechuu dha.
5. Karooraa fi Dandeettii ofiitiin qajeelfamuu dadhabuun rakkoo hammafi hiyyumaaf nama saaxiala.

Gocha (Hojii manaa-Dhuunfaan)

- Ibsa gilgaala 5tti aanee dhiyaate dhuunfaa isaaniin dubbisaniin gilgaala 6 manatti hojjetanii akka dhufan gochuun sororsaafi.

9.2.2. Karooraa fi Dandeettii Ofiitiin Qajeelfamuu (Wayiti- 1)

Seensa

Gaaffii ka’umsaa

- Karooraa fi hanga dandeettii ofitti jiraachuu jechuun maal jechuu dhaa?
- Barattootni gaaffii ka’umsaa armaan olitti dhiyaate jechaan akka deebisaniin godhaa.

Gocha (Hojii daree – Gareen)

- Barreeffama mata duree “Hiruutii fi Abbabaa” jedhu jalatti dhiyaate gareen dubbisaniin gilgaala 7 irratti akka mari’atan godhaa. Ibsa gilgaala 8tti aanee dhiyaate gareedhuma jiran kanaan dubbisaniin gilgaala 9 akka hojjetan godhaa. Gareeleen deebii isaan dareef akka dhiyeessan fi yaadni akka itti kennamu gochuun isinis yaada dabalataa kennaaf.

Ibsa

- Xumura irrattis, maalummaa fi faayidaa karooraa fi hanga dandeettii ofiitti jiraachu ilaalchisee ibsa gabaabaa kennuun goolabaa.

Maalummaa fi Faayidaa karooraa fi hanga dandeettii ofiitiin jiraachuu

Karooraa fi hanga dandeettii ofitti jiraachuu jechuun karooraa fi hanga human ofinggeeffamuu qajeelfama jireenya keenyaa godhannee hojii irra oolchuu jechuudha. Karooraa fi hanga dandeettii ofiitiin jiraachuun namni kamiyyuu galii argatuun jiraachuu akka danda’u gochuu fi baasiin isaa galii

isaa ol ta'ee liqaa keessa galee akka hin rakkanne taasisa. Kun immoo namni kamiyyuu matan isaa namoota biroon dorgomsiise jiraata osoo hin ta'iin akka humanfi mana isaatti akka jiratu gochuuf gargaara.

9.3. Gochaalee maatii keessatti gufuu qusannaa ta'an (Wayitii-2)

Oophii Daree: Meeshaalee deeggersa barnoota

- Filmota, suurota fi poostarootaa cidha ykn afeerrii adda addaa agarsiisan.

Seensa

Gaaffii ka'umsaa

- Waa'ee qusannaa hubannoo hanga ammaatti argattan bu'uureffachuun maatii keessan keessatti gochaalee gufuu qusannaa ta'an maal fa'a akka ta'an ibsaa.
- Barattoota gareen ijaaruun gaaffii ka'umsaa armaan olitti dhiyaate irratti mari'atanii deebii akka qopheessan godhaa. Marichas hordofuun gareeleen kun deebii isaanii dareef akka dhiyeessan godhaa.

Ibsa

- Itti aansuunis maatii keessatti gochaalee gufuu qusannaa ta'an maal fa'a akka ta'an ilaalchisee ibsa gabaaba kennuun goolabaa.

Gochaalee maatii keessatti gufuu qusannaa ta'an

Maatii keessatti gochaaleen gufuu qusannaa ta'an hedduu jiru. Isaan keessa gurguddoon kanneen armaan gadii akka fakkeenyaatti ilaaluun ni danda'ama.

Cidha humnaa olii

Cidha qopheessuun gocha gaarii aadaa keenyaan deeggaramu yoo ta'e iyyuu humnaa ol yoo ta'e maatiin waanta qabu qofaan fayyadamee qopheessuu waanta hin dandeenyeef liqii barbaachisa hin taane keessa gala. Kunis guutummaatti qusannoon akka hin jiraanne godha.

Taskaaraa

Maatii tokko keessatti miseensi matichaa yoo du'e, akka amantii isaatti afeerriin yaadannoo addaa addaa amantichaan hayyamame ni raawwatama. Afeerriin kun humnaa ol yoo ta'e garuu maatiin kun baasii guddaa keessa waan galchuuf qusannaa ni dadhabsiisa.

"Maabara" (afeerrii amantaawaa)

Maatii tokko keessa akkaataa amantaa maatiin kun hordofuun afeerriin adda addaa ni jiraata. Kunis amantichaan kan heyyamame ta'uu ni danda'a. Haata'u malee amantichi kan gaafatuun olitti "An eenyuun gadii ta'een" miira jedhuun afeerriin godhamu baasii guddaaf waanta nama saaxiluuf miidhaa guddaa qaba.

Kabaja ayyaanaa humnaa olii

Maatiin tokk, ayyana kamiinuu hanga human isaa karaa sirrii ta'een yoo kabaje rakoo hin qabu. Haa ta'u malee ayyaneeffanaan humnaa ol ta'ee fi dandeettii maatii waliin kan wal hin simne jireenya maatichaa kan miidhuufi kan jeequ ta'a.

Dhugaatii

Dhugaatiin baasii hin barbaachifne namatti fiduu bira darbee fayyaa dhala namaa miidhaa, wal'aansaf baasiin akka hin jiraanne godha. Haalli kun ammo hojiirraa hafuufi hojii irraa ari'amuus fiduu ni danda'a. Haala kanaan dhugaatiin qusannaa gufachiisuu bira darbee hanga galii dhabsiisuutti geesisa.

Araada adda addaa

Tamboo xuuxuu, jimaa nyaachuu, qumaara taphachuu fi kkf haala jireenya maatii sadarkaa olaanaatti miidhu bira darbee waanti qusatamu tasa akka hin jiraanne godha.

Gocha (Hojii daree- Gareen)

- Barattootni ibsa gaaffii seensaatti aanee dhiyaate gareen dubbisaniil gilgaala 8 mareen akka hojjetan godhaa. Itti dabaluuinis hirmaanna barattootaa cimsuuf gaaffilee armaan gadii dubbisicha irratti hundaa'uun akka deebisan godhaa.
1. Maatii keessatti gochaalee gufuu qusannaa ta'an tarreessaa.
 2. Araada jechuun maal jechuu dhaa? Fakkeenyan ibsaa.
 3. Araadni haala kmiin gufuu qusannaa ta'uu danda'a? Fakkeenyaan kennuun ibsaa.

Goolaba Boqonnaa

- Barsiisa! Golaaba kana irra yommuu geessan dursa barattootaf carraa kennuun boqonnicha keessatti maal akka barataniifi maal akka hubatan gabaabinaan akka ibsan godhaa.
- Barattoota muraasaaf carraa erga kennitanii booda ofii keessan goolabaa.
- Xumura irrattis gaaffilee keessa deebii akka hojjetan godhaa.

Deebii gaaffilee keessa deebii

I. Jechoota armaan gadii sirrii yoo ta’an “Dhugaa” dogoggora yoo ta’an immo “Soba” jechuun deebisaa.

1. Soba 2. Dhugaa 3. Dhugaa 4. Dhugaa 5. Soba

II. Himoota “A” jalatti tarreeffaman kan “B” jala jiranii keessa filuun firoomsaa.

1. C 2. A 3. B 4. E 5. D

III. Gaaffiilee armaan gadiif deebii sirrii filadhaa.

1. A 2. D 3. B 4. D 5. D

IV. Gaaffilee armaan gadiif deebii gabaaba kennaa.

Yaadota ijoo kitaabicha keessa jiran gargaaramaa.

Iddattoo karoora Barnootaa

9.1.1. Maalummaa Qusannaa

Yeroo	Gocha Barsiisaa	Gocha Barataa
5'	<p>Seensa</p> <ul style="list-style-type: none"> Barnooticha eegaluuf akka ka'umsaatti fakkii 9.1 dhiyaate ilaalanii deebii jechaan akka itti kennan gochuu. Suuronni lamman ergaa maalii akka dabarsan akka himn gochuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Fakkii 9.1 ilaaluun ergaa fakkiin kun dabarsu akka himuu.
20'	<p>Ibsa</p> <ul style="list-style-type: none"> Waa'ee maalummaa qusannaa fakkeenyaan ibsuu. Waanta ifa hin taaneef akka gaafatan gochuu. Gaaffichaaf deebii kennu. 	<ul style="list-style-type: none"> Iba kennamu sirriitti caqasuu. Waanta hin galleef gaafachuu. Deebii kennamu dammaqinaan dhaggeeffachuu.
15'	<p>Gocha (Hojii manaa- Gareen)</p> <ul style="list-style-type: none"> Gaaffilee lamaan(1 fi 3) gilgala 1 jala jiran gareen mari'atanii akka hojjetanii fi dareef akka dhiyeessan gochuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Gaafficha irratti gareen mari'achuun deebii qopheessuu. Deebii qopheeffatan dareef dhiyyeessuu.
	<p>Wayitii itti aanuuf</p> <p>Gocha (Hojii mana -Gareen)</p> <ul style="list-style-type: none"> Gaaffii 2ffaa gilgala 1 jalatti dhiyaate dhuunfaan dabtara isaanii irratti hojjetanii akka dhufan itti himu. 	<ul style="list-style-type: none"> Hojii manaa hojjetanii dhufuun, soroorsisifachuu.

BOQONNAA KUDHAN

DAMMAQINAAN HIRMAANNAA UMMATAA

(Wayitii ramadame- 6)

Kaayyolee Gooroo:

Barattoonni boqonnaa kana erga xumuranii booda:

- Maalummaa dammaqinaan hirmaanaa ummataa ni beeku.
- Faayidaa hirmaannaan ummataa guddinaaf qabu ni hubatu
- Barbaachisummaa hojii nageenyaa, guddinaa misooma naannoo fi mana barumsaa keessatti hirmaachuu ni hubatu.

Lakk.	Barannoo	Kaayyolee Gooree	Meeshaalee Deggersaa
1	Dammaqinaan Hirmaannaa Ummataa	Barnoota kanaan booda barattoonni: <ul style="list-style-type: none">• Dammaqinaan hirmaannaa ummataa jechuun maal jechuu akka ta'e ni ibsu.• Sochiilee adda addaa mana barumsaa keessatti taasifaman keessatti dammaqinaan hirmaatu.	<ul style="list-style-type: none">• Poosterootafi fiilmii yommuu ummati jigii ykn daadoon hojjetu, walga'ee mari'atu, bakka bu'oota isaa filatu, nagaa fi tasgabbi kabachiisu fi kkf agarsiisu.
2	Barbaachisummaa Dammaqinaan Hirmaannaa Ummataa	<ul style="list-style-type: none">• Barbaachisummaa fi faayidaa hirmaannaa ummataa dammaqina qabu ni tarreessu,	<ul style="list-style-type: none">• Poosteroota, fotoowwan hirmaannaa lamiilee agarsiisu.
3	Waldaalee Siivikii	<ul style="list-style-type: none">• Maalummaa waldaalee siivikii ni ibsu,• Faayidaa gumiilee mana barnootaa keessatti hirmaachuu irraa argatan ni ibsu.• Waldaalee siivikii mana barumsaa jiran keessatti ni hirmaatu.	<ul style="list-style-type: none">• Poosteroota, footwwan sochii waldaalee siivikii agarsiisan

10.1. Maalummaa Dammaqinaan Hirmaannaa Ummataa (Wayitii -2)

Qophii Daree: Meeshaalee deggersa barnootaa

- Poosteroota, fakkiilee yommuu ummanni gamtaan hojjetu agarsiisu.
- Poosteroota, fakkiilee yommuu ummanni waliin mari'atu agarsiisu.
- Poosteroota, fakkiilee yommuu ummanni bakka bu'oota isaa filatu agarsiisu.
- Fiilmii, suura yommuu ummanni nageenya naannoo isaa hordofu agarsiisu.

10.1.1. Maalummaa Dammaqinaa Hirmaannaa Ummataa

Seensa

Fakkii 10.1 fi gaaffiilee ka'umsaa

- Fakkii olitti dhiyaate irraa maal hubattan?
- Fakkii kana irratti barattoonni mul'atan gocha raawwachaa jiran kana irratti maalii fi akkamiin akka boba'an ibsaa.
- Barsiisa! Barattoonni gareen ykn cimdiin ta'anii fakkii 10.1 kitaaba barataa fuula 148 irra jiru ilaalanii gaaffilee armaan olitti kennaman irratti mari'atanii akka hojjetan godhaa. Maree kanarra naanna'uun hordofaa.
- Mareen akka raawwatetti gareelen maraasni deebii qopheeffatan dareef akka dhiyeessan godhaa.
- Deebii kennaman keessaa qabxiilee gaggaarii ta'an gabatee gurrachaa irratti galmeessaa.
- Itti aansuudhaan qabxiilee armaan gadii xuquun gudunfaa.
- Fakkii kana irraa kan hubannu barattoonni mana barnootaa isaanii qulqulleessuuf waliin bahanii dammaqinaan hojjechaa jirachuu isaanii;
- Barattoonni hojii qulqullinaa kana keessatti haala kanaan kan hirmaatan qulqullina mana barnoota isaanii sirriitti eggachuu fi mooraa qulqulluu fi hawwachiisa akka ta'u gochuuf dha. Hojii qulqullinaa kana irratti haala kanaan qooda fudhachuu kan danda'an balfaan farra fayyaa ta'uu isaa waan hubatanii fi naannoo akkasii keessa jiraachuun ammo barnoota isaanii haala gaariin akka hin baranne nu taasisa jedhanii waan yaadaniif mana barnootaa fi naannoo keenya qulqulleessuu qabna jedhanii waan amananiif dha.

Gocha (Hojii daree- Gareen)

- Seenaa mata duree “**Rakkoo Kutaa 5^{ffaa} B**” jedhu jalatti dhiyaate gareen dubbisanii gaaffiilee 3 itti aananii kennaman akka irratti mari'atan godhaa.

Gocha (Hojii daree-Dhuunfaan)

- Gaaffiilee 3 hojii dareetti aananii dhufan dhuunfaan dabatara isaanii irratti akka hojjetan gochuun sororsaafii.

Gocha (Hojii manaa-Gareen)

- Gareen ta'uudhaan gaaffiilee 2n keessaa tokko filatanii akka hojjetan godhaa. Hojichi xumuramee yommuu dhiyaatu, sororsuudhaan gareeleen caalmaatti haala gariin hojjetan deebii isaanii dareef akka dhiyeessan godhaa.

Goolaba

- Xumura irratti waa'ee maalummaa dammaqinaan hirmaannaa ummataa ilaalchisee ibsa gabaabaa kennuun guddunfaa.

Maalummaa Dammaqinaan Hirmaannaa Ummataa

Hirmaannaa ummataa dammaqina qabu jechuun kaka'umsa mataa ofiitiin hojiilee adda addaa biyyaa fi ummata fayyadan walta'inaan dhimmamanii hojjechuu jechuudha. Kana jechuun hojiilee waliin hojjetamuu qaban keessatti fedhaa fi si'oomina guutuun hirmaachuu jechuudha.

Hirmaannaan ummataa si'oomina qabu kun hojiilee naannoofi mana barnootaatti raawwataman hunda keessattis mul'achuu qaba. Barattoonni qulqullinaa daree fi mooraa mana barnootaa eguu keessatti dammaqinaan qooda fudhachuu qabu. Biqiltuuwwan adda addaa dhaabuu fi kunuunsuu, gumiilee adda addaa keessatti miseensa ta'anii hirmaachuu fi wan bu'aa qabeessa ta'e hojjechuun isaan irraa egama.

Daree keessattis muusee daree filuu fi filatamuu, naamusa daree kabajuu fi kabachiisuu keessatti dammaqinaan hirmaachuun isaan irraa egama. Kana malees, naannoo jereenya isaaniitti hojiilee misoomaa fkn qulqullina naannoo, biqiltuu dhaabuu fi kkf keessatti amma humni isaanii hayyamuuf hirmaachuun isaanirraa egama.

10.2. Barbaachisummaa Dammaqinaan Hirmaannaa Ummataa (Wayitii- 2)

Oophii Daree: Meeshaalee deggersa barnootaa

- Poosteroota, footoowwan hirmaannaa lammiiwwanii agarsiisu.

Seensa

Fakkii 10.2 fi gaaffii ka'umsaa

- Fakkii armaan olii irratti hundaa'uudhaan barbaachisummaa hirmaannaa ummataa dammaqinn qabu ibsaa.
- Barattoonni fakkii 10.2 ilaalanii gaaffii ka'umsaa dhiyaate irratti gareen mari'atanii akka hojjetan godhaa.

Gocha (Hojii daree- Gareen)

- Seenaa mata duree “**Dorgomtoota Lameen**” jedhu dubbisanii gilgaala 1 irratti gareen mari'atanii akka hojjetan godhaa. Maree kanas hordofuun deebii isaanii dareef akka dhiyeessan godhaa.

Ibsa

- Waa'ee barbachisummaa hirmaannaa ummataa dammaqina qabu ilaalchisee ibsa gabaabaa kennaa.

Barbaachisummaa Dammaqinaan Hirmaannaa Ummataa

- Hirmaannaan ummataa dammaqina qabu faayidaalee hedduu waan argamsiisuuf baay'ee barbaachisaa dha. Hojii namni tokko ykn namoonni maraasni qofti yoo hojjetan ulfaataa fi yeroo dheeraa fudhatu hirmaannaan ummataa dammaqina qabuu haala salphaa ta'een yeroo gabaabaa keessatti akka raawwatamu godhaa.

Fakkeenyaaf:

- Mooraa mana barnootaa barattoonni maraasni akka qulqulleessan gochuurra barattoonni hundi yoo itti hirmaatan yeroo gabaabaa fi qulqullina fooyya'aa ta'een raawwachuu ni danda'u.
- Bifuma walfakkaatuun nananoo keenyatti biqiltoota namoonni 5 fi 6 akka dhaaban gochuu mannaa hawaasni naannoo hundi altokko yoo itti hirmaate bu'aa guddaa argamsiisa.

Hirmaannaan ummata dammaqina qabu namoota beekumsaa fi dandeettii adda addaa qaban waan walitti fiduuf biyyaa fi ummataaf hojii bu'aa qabeessa ta'e argamsiisuun faayidaa guddaa qaba.

Walumaagalatti, naannoo keenyaafi mana barnootaa keenya qulqulleessuu fi bareechuun jireenyaaf mijaawaa gochuuf; qabeenyaa mana barnootaa fi naannoo eguu fi kunuunsuuf hirmaannaan ummataa baay'ee barbaacisaadha.

Gocha (Hojii daree- Gareen)

- Gaaffiilee 3 gilgaala 2 jalatti kennaman irratti barattoonni garee akka mari'atan godhaa. Maree kanas hordofuun deebii isaanii dareef akka dhiyeessan godhaa.

Goolaba

- Barbaachisummaa mana barnootaa keessatti dammaqinaan hirmaachuu ilaalchisee barattoota hubachiisuun xumuraa.

10.3. Gosoota Hirmaannaa Ummataa (Wayitii -2)

Qophii Daree: Meeshaalee deeggersa barnootaaa

- Poosteroota, fakkiilee hirmaannaa ummataa agarsiisan

Seensa

Fakkiilee 10.3, 10.4 fi gaaffilee ka'umsaa

- Fakkiileen armaan olii maal agarsiisuu?
- Walitti dhufeenyii fi garaagarummaan fakkiilee lamaan gidduu jiru maali?

- Barattoonni fakkiilee 10.3 fi 10.4 ilaalanii gaaffillee dhiyaataa fakkiilee kanneen irratti hundaa'uun mari'atanii akka deebisan godhaa.

Gocha (Hojii daree-Gareen)

- Gareen ta'anii barattoonni gaaffiilee 3n gilgaala 3 jalatti kennaman irratti akka mari'atan godhaa. Maree kanas hordofuun bakka itti ulfaatetti deggersa kennaa. Gareeleen kunis deebii isaanii dareef akka dhiyeessan godhaa. Deebii kennamus dhaggeeffachuun ibsaa fi sirreeffama dabaluuun gudunfaa.

Gocha (Hojii daree- Dhuunfaan)

- Gilgaala 4 dhuunfaan dabtara isaanii irratti akka hojjetan godhaa. Dabtara isaaniiis sororsaaf.

Ibsa

- Itti aansuudhaan waa'ee gosoota hirmaannaa ummataa ilaalchise ibsa gabaabaa kennuun xumuraa.

Gosoota Hirmaannaa Ummataa

Hirmaannaan ummataa gosa baay'ee qaba. Sadarkaa kanatti hirmaannaa kana bakka lamatti qoonnee ilaalla. Kunis Mana barumsaatti kan raawwatamanii fi mana barnootaan alatti hirmaannaa hawaasaan raawwataman jechuun qoodamu.

Hirmaannaan mana barnootaa keessatti raawwataman kanneen armaan gadii of keessatti hammata.

Isaanis:

- Filannoo muusee daree keessatti hirmaachuu.
- Qulqullina daree keessatti hirmaachuu.
- Qulqullinaa fi miidhaagaa mooraa mana barnoota eguu.
- Naannoo mana barumsaa qulqulleessuu,
- Gumiilee adda addaa keessatti miseensaa fi geggeessaa ta'anii hojjechuu.

Manneen barnootaan alatti fedhii hawaasaatiin hirmaannaa ummataa taasifaman keessaa kanneen armaan gadii caqasuun ni danda'ama.

- Qulqullinaa fi miidhagina naannoo eguu
- Biqiltoo dhaabuu keessatti hirmaachuu
- Namoota humna daabeeyyii fi harka qalleeyyii ta'an gargaaruu.
- Amma humna ofii hojii daandii naannoo keessatti hirmaachuu.
- Nagaa fi tasgabbii naannoo eguu

10.4 Wadaalee Hawaasaa (Wayitii -1)

Gophii Daree-Meeshaalee deggersa barnootaa

- Poosteroota, footoowwan sochii waldaalee siivikii mul'isan

Seensa

Fakkiilee 10.5, 10.6 fi gaaffiilee ka'umsaa

- Fakkiileen armaan olitti dhiyaatan maal agarsiisu?
- Fakkiilee lamaan kana maaltu walfakkeessa? Maaltus adda taasisa?
- Barattoonni fakkiilee kana lamaan akka ilaalanii fi fakkiilee kanniin bu'uura godhachuun gaaffiilee 2n kennaman gareen mari'atanii akka deebisan godhaa.

Ibsa

- Itti aansuudhaan waa'ee maalummaa waldaalee hawaasaa (siivikii) irratti ibsa gabaabaa kennaa.

Maalummaa Waldaalee Hawaasaa

Jechi Siivikii jechamu jecha Siivilii jedhu irraa kan fudhatame yommuu ta'u hiikni isaa gurmaa'insa mootummaa fi loltummaan ala ta'eefi walumaa galatti jecha hawaasa bal'aa bakka bu'u dha. Kanaafuu, waldaalee hawaasaa jechuun dhabbiilee hawaasni fiedhii fi kaka'umsa mataa isaatiin ijaarratuu fi faayidaa walee hawaasichaaf kanneen socho'an dha.

Waldaaleen siivikii (hawaasaa) amaloota adda isaan baasu kanneen armaan agadii qabaatu. Isaanis:

- Bu'aaf kan hin dhaabbanne ta'uu,
- Fedhaa fi kaka'umsa miseensotaan kan hundeeffamanii fi socho'an ta'uu,
- Galii ittiin socho'an buusii miseensotaa fi deggersa arjoomtota irraa kan argatan ta'uu isaa,
- Seeraan kan galmaa'anii fi beekamtii kan argatan ta'uu isaa,
- Dhimmoota hawaasummaa fi misoomaa keessatti bunaqinaan hirmaachuu isaanii,
- Dhimma siyaasaa keessa kan hingalle ta'uu isaaniiti.

Gocha (Hojii daree-Dhuunfaan)

- Gilgaala 5 dhuunfaan dabtara isaanii irratti akka hojjetan godhaa.

Goolaba Boqonnaa

- Barriisa! Xumura kana irra yommuu geessan barattoonni boqonnaa kana keessatti maal maal akka baratanii fi maal akka hubatan gabaabinaan akka ibsan carraa kennaa.
- Barattoonni muraasni akka dubbatan carraa erga kennitanii booda ofii keessan goolabaa
- Xumura irrattis gaaffiilee keessa deebii akka hojjetan godhaa.

Deebii gaaffiilee keessa deebii

I. Himoota armaan gadii sirrii yoo ta’an “Dhugaa” dogoggora yoo ta’an ammo “Soba” jechuun deebisaa.

1. Dhugaa 2. Soba 3. Soba 4. Soba 5. Dhugaa

II. Kanneen roga ‘A’ jalatti tarreeffaman kanneen roga ‘B’ jalatti tarreeffamaniin walitti froomsaa.

1. E 2. C 3. G 4. A 5. D

III. Bakka duwwaa armaan gadii jecha ykn gaalee sirrii ta’een guutaa.

1. Hirmaannaa hawaasaa mana barnootaa keessatti taasifamuu fi hirmaannaa ummataa naannoo jireenyaa ykn naannoo bakka hojiitti taasifamu.
2. Waldaa siivikii (Hawaasaa)

IV. Gaaffiilee armaan gadiif deebnii sirrii filadhaa.

1. D 2. C 3. D 4. B 5. A 6. C

V. Gaaffilee armaan gadiif deebii gaggabaabaa kennaa. Yaadi kitaabicha keessa jiru deebii kennuudhaaf gahaa dha.

Iddattoo Karoora Barnootaa

10.1.1. Maalummaa Dammaqinaan Hirmaannaa Ummataa

Yeroo	Gocha Barsiisaa	Gocha Barataa
10'	<p>Seensa</p> <ul style="list-style-type: none"> • Barnooticha jalqabuudhaaf fakkii ka'umsaa 10.1 ilaalanii gaaffiilee kennaman gareen mari'atanii akka hojjetan gochuu, • Fakkii olitti kenname irraa maal akka hubatan gaafachuu, • Barattoonni fakkicha irratti mul'atan gocha raawwachaa jiran kana attamittii fi maaliif akka irratti hirmaatan ibsuu. • Deebii barattoonni kennan keessaa caalmaatti gaarii kan ta'an gabatee gurraacha irratti gammeessuu fi ibsa gabaabaa kennuu. 	<ul style="list-style-type: none"> • Fakkii 10.1 ilaaluun gaaffiilee dhiyaatan 2n gareen irratti mari'atanii deebii qopheessuu. • Deebii qopheessan dareef dhiyeessuu • Ibsa kennamu naamusa gaariin hordofuu
15'	<p>Gochaa (Hojii daree-Gareen)</p> <ul style="list-style-type: none"> • Seena "Rakkoo kutaa 5B" jedhu barattoonni gareen dubbisani gaaffiilee 3n itti aananii dhufan irratti mari'atanii deebii akka kennan gochuu. 	<ul style="list-style-type: none"> • Seena mata duree "Rakkoo kutaa 5B" gareen dubbisani gaaffiilee 3n itti aananii dhufan irratti mari'atanii deebisu.
15'	<p>Gocha (Hojii daree-Dhuunfaan)</p> <ul style="list-style-type: none"> • Gaaffiilee 3n hojii gareetti aananiin dhiyaatan dhuunfaan dabtara isaanii keessatti akka hojjetan gochuu, • Dabtara isaanii sororsuu 	<ul style="list-style-type: none"> • Hojii daree kenname dabtara isaanii irratti hojjechuu • Dabtara isaanii sororsiisuu.
	<p>Waayitii itti aanuuf</p> <p>Gochaa (Hojii manaa -Gareen)</p> <ul style="list-style-type: none"> • Gareen ta'anii gaaffiilee 2n keessaa tokko filatanii hojjetanii akka dhufan itti himuu. 	<ul style="list-style-type: none"> • Hojii manaa kennanme hojjechuun dhiyeessuu.

BOQONNAA KUDHA TOKKO

BEEKUMSA FEDHUU

(Wayitii ramadame- 8)

Kaayyoolee Gooroo:

Barattoonni boqonnaa kana erga xumuranii booda:

- Beekumsa fedhuu jechuun maal jechuu akka ta'e ni beeku.
- Jireenya dhuunfaafis ta'e guddina hawaasaaf shoorra beekumsi taphatu ni hubatu.
- Murtoo sirrii ta'e murteessuuf beekumsii fi ragaan barbaachisaa ta'uu isaanii ni hubatu.

Lakk.	Barannoo	Kaayyoolee Gooree	Meeshaalee Deeggarsaa
1	Maalummaa fi Faayidaa Beekumsaa	<ul style="list-style-type: none"> • Hiikaa fi barbaachisummaa beekumsaa ni ibsu. 	<ul style="list-style-type: none"> • Fakkiilee, kitaabolee kompiitaraa fi kkf agarsiisaan
2	Maalummaa Raga	<ul style="list-style-type: none"> • Maalummaa raga ni ibsu. • Tooftaalee ragaan itti qoratamu ni tarreessuu. • Aadaa dubbisuu gabbifachuuf ni tattaafatu. 	<ul style="list-style-type: none"> • Barreeffamoota adda addaa ragaaf gargaaran
3	Maalummaa Yaadawwanii fi Ilaalchota Booddeetti Hafoo	<ul style="list-style-type: none"> • Ilaalchaa fi yaadni booddeetti hafaan waantoota raga irratti hin hundoofne ta'uu isaanii fakkeenyaan deggeranii ni ibsu. 	<ul style="list-style-type: none"> • Barreeffamoota jechamoota booddeetti hafoo qaban. • Barreeffamoota jechamoota booddeetti hafoo qeeqan.
4	Aadaa Kitaaba Dubbisuu	<ul style="list-style-type: none"> • Aadaa dubbisuu jechuun maal jechuu akka ta'e ni ibsu. • Faayidaa aadaa dubbisuu gabbifachuu ni ibsu. • Aadaa dubbisuu gabbiffachuuf ni tattaafata. 	<ul style="list-style-type: none"> • Kitaabolee adda addaa, sagantaalee barnoota raadiyoo • Poosteroota, footoowwan barreessitoota, kitaabolee fi saayinsitootaa agarsiisaan.
5	Tooftaa Qo'annoo Barnootaa	<ul style="list-style-type: none"> • Sagantaa qo'annoo barnootaa ni qopheessuu. • Barnoota qo'achuun maaliif akka fayyadu ni himu. • Tooftaalee qo'annaa barnootaa ni tarreessuu. • Sagantaa qo'annaa qopheeffatanii itti fayyadamuu. 	<ul style="list-style-type: none"> • Sagantaalee walgahii ykn dhimma kamiifuu qophaa'an agarsiisuu.

11.1. Maalumaa fi Faayidaa Beekumsaa (*Wayitii-1*)

Qophii Daree: Meeshaalee deggersa barnootaa

- Poosteroota, fakkiilee, kitaabilee, kompiitaraa fi kkf agarsiisu.

Seensa

Fakkii 11.1- 11.3 fi gaaffiilee ka'umsaa

- Maalummaa fakkiilee armaan olitti dhiyaataniifi faayidaa isaan manaaf kennan ibsaa.
- Dhimmoota kanaas akkamitti beekuu dandeessanii?
- Deebii gaaffiilee kanaaf kenniteen irra ka'uudhaan waanta tokko beekuu jechuun maal jechuu dhaa?
- Barattooni gareen ta'anii fakkiilee 1.1 hanga 1.3 jiran ilaaluudhaan gaaffiilee sadan olitti kennaman irratti akka mari'atan godhaa. Mareen akka xumurametti gareewwan murta'an yaadawwan ijoo irratti mari'atan dareef akka dhiyeessan godhaa.

Gocha (Hojii daree- Gareen)

- Maree kitaaba barata fuula 154 irratti kenname gareen dubbisani gaaffiilee lamaan gilgaala 1 jalatti dhiyaatan irratti mari'atanii akka deebisan godha. Gareeleen deebii isaanii dareef akka dhiyeessan godhaa.

Ibsa

- Itti fufuudhaan waa'ee maalummaa fi faayidaa beekumsaa irratti ibsa gabaaba kennaa.

Beekumsa jechuun hubannaa dhimma kam irratti iyyuu qabnu jechuudha. Beekumsi baraa fi yeroodhaan kan hin dangeffamne waan ta'eef dhalli namaa addunyaa kana irratti waantoota haaraa ummataaf faayidaa qabeessa ta'an uumuufii argamsiisuuf yemmuu tattaafatu mul'ata. Haala kanaan yeroo yeroon guddinaa fi badhaadhina ummatta addunyaatiif gumaacha guddaa kan qaban wantooti haaraan yemmuu uumaman argina. Fakkeenyaaf kanneen akka kompiitaraa, xiyyaa'ra, konkolaataa, doonii, bilbila moobaayilii, saatalaayitii, televiijenii fi kkf dhalli namaa jireenya amayyaawaa akka jiraatuufii hojimaata si'atan akka qabatuu ni gargaaru.

Walumaa galatti, beekumsii hundee guddinaa fi badhaadhinaati. Sababni isaas dhalli nama waantoota armaan olitti tuqaman uumuu kan danda'e beekumsi waan jiraateef. Dhalli namaa lafa irra jiraachaa jiru irra darbee ji'aa fi pilaaneetota gara biroo qorachuu kan danda'ee beekumsa argateeni. Fuduraalee funaanuu fi bineeldota adamsee jiraachuu irraa ka'ee sadarkaa guddina ammayyaawwaa fi teekinooloojii walxaxaa ta'eetti fayyadme jiraachuu kan danda'e beekumsatti fayyadameeti. Kanaafuu, beekumsi faayidaa dhala namaa fi kennu ilaalchisee meeshaa bakka bu'iinsa hin qabnee dha.

Gocha (Falmii)

- Barattootni gareelee xixiqqaatti akka ijaaraman godhaa. Gaaffiilee gilgaala lama jalatti kennaman wal falmiidhaaf akka ta'utti sirreessuun gareeleen 2 yeroo takka bahanii yaada falmii carraan akka fudhatanii fi yaada filatan irratti akka falman godhaa. Walfalmii kana sirriitti hordofuun deeggersa barbaachisaa kennuudhaan geggeessaa.

Yaadawwan Falmii

1. A. Beekumi al tokko kan barannuufi kan qabannudha.
B. Bekumsi al tokko kan barannuu osoo hin taane yeroo yeroon fooyya'aa, gabbachaa kan deemuudha.
2. A. Mana gaarii ijaarrachuudhaaf dursinee qabaachuu kan qabnu beekumsadha.
B. Mana gaarii ijaarrachuudhaaf dursinaa qabaachuu kan qabnu qarshii dha.
3. A. Namni caalmaatti biyya gargaaruu danda'u nama maallaqa qabu dha.
B. Namni caalmaatti biyya gargaaruu danda'u nama beekumsa qabu dha.

11.2. Tooftaalee Ragaan itti argamuufi qo'atamu (*Wayitii-2*)

Oophii Daree: Meeshaalee deeggersa barnootaa

- Barreeffamoota adda addaa ragaaf gargaara.

Seensa

Fakkii 11.4 fi gaaffilee ka'umsaa

- Fakkiin armaan olitti argitan waa'ee tooftaa ragaan itti argamu haala kamiin ibsa?
- Ragaalee maal maal irraa arganna isinitti fakkaataa?
- Yeroo hunda raga irratti hunda'uun faayidaa maalii qaba?
- Barattootni gareen ijaaramanii fakkiilee 11.1 hanga 11.3tti jiran ilaalanii gaaffilee sadan olitti kennaman irratti akka mari'atan godhaa. Maree kanaas hordofaa. Mareen akka raawwatetti gareewwan murta'an qabxiilee ijoo irratti mari'atan dareef akka dhiyeessan godhaa.

Gocha (Hojii daree-Gareen)

- Barreeffama mata duree “**Mata Dhungoo**” jedhu jalatti dhiyaate barattootni gareen dubbisani gaaffilee lamaan gilgaala 3 jalatti dhiyaate irratti mari'atanii akka deebisan godhaa. Hojjetanii yeroo xumuran gareewwan murta'an deebii isaanii dareef akka dhiyeessan godhaa.

Ibsa

- Dabalataan waa'ee maalummaa raga fi tooftalee ragaan itti argamu ilaalchise ibsa gabaaba kennaa. (Ibis kitaabicha keessatti kenname ga'a dha).

Gocha (Hojii manaa)

- Gaaffilee sadan gilgaala 4 jalatti kennaman keessa kan fedhan haa filatan! Qajeelfama kenname bu'uureffachuun guyyaa hojii isaanii galii godhan ofumaa akka murteeffatan godhaa. Hojii isaanii yommuu dhiyeessan soroorsuudhaan kanneen caalmaan gaariitti hojjetan dareef akka dubbisan godhaa.

11.3 Yaadaa fi Ilaalcha Booddeetti Hafoo (Wayitii 2)

Oophii Daree: Meeshaalee deeggersa barnootaa

- Tarreefama jechamoota boodati hafoo
- Barreefama jechamoota boodati hafoo qeequ

Seensa

Gaaffilee ka'umsaa

- Namootni tokko tokko “**Midhaan xa'oodhaan oomishame barakata hin qabu**” yemmuu hedhaan ni dhaga'ama. Jechi ykn ilaalchi kun sirrii isinitti fakkaata? Maaliif?
- Yaadawwan boodatti hafoo nananoo keessanitti dubbataman tarreessaa.
- Naannoo keessanitti yaadawwan boodatti hafoo dha jettanii yaadani haala kamiin dhabamsiisuun danda'ama jettanii yaadduu?

Ibsa

- Itti aansuudhaan waa'ee ilaalchan fi yaadawwan boodatti hafoo ilaalchisee ibsa gabaabaa kennaa.

Maalummaa yaadaa fi ilaalcha boodetti hafoo

Ilaalchi fi yaadni boodatti hafan waanti doggogoran, sirrii hin taane, tasa dhugaa irraa kan fagaate akkaasuman dhalootaa gara dhalootaatti barsiifata qabatamaa hin taaneen daddarbaa kan dhufe, yeroo amma kanas naannoo tokko tokkotti dhimmoota tokko tokko irratti jechamaan dubbatamu, tilmaamaa kennamu fi kkf kan ittiin ibsamuu dha.

Fakkeenya:

- “Mootummaan dubartii karra cufaatti oolcha.”
- “Dubartiin beekaa deessi malee beektuu hin qabdu.”

Jechamoonni kana fi kana fakkaatan dhugaa irra kan fagaatan ta'uu bira darbee ummatni ilaalchaa fi yaadawwan kanneen itti kan fayyadamu yoo ta'e guddina isaa gaffachiisa. As irratti waanti sirriitti hubatamuu qabu, jechamootni kunniin doggoggoraa fi tasa dhugaa irraa kan fagaatanii dha sababni jennuuf inni guddaan jechamootni kun raga irratti kan hin hundoofneef barsiifatan qofa kan dubbataman ta'uu isaaniiti.

Gocha (Hojii daree- Gareen)

- Gaaffilee lamaan gilgaala 5 jalatti kennaman irratti mari'atanii akka hojjetan godhaa. Maree akka xumuranittis gareewwan murta'an qabxiilee ijoo irratti mari'atan dareef akka dhiyeessan godhaa.

11.4 Aadaa kitaaba dubbisuu (Wayitii-1)

Oophii Daree: Meeshaalee deeggarsaa barnootaa

- Barruulee, kitaabolee, gaazeexaa adda addaa fi kkf
- Suurota, barreessitoota kitaabolee, saayntistoota fi kkf agarsiisaan

Seensa

Fakkii 11.5 fi gaaffilee ka'umsaa

- Ijoolleen fakkicha irratti argaman maal gochaa jiruu?
- Akka ijoollee kanaa kitaaba dubbisuun faayidaa maalii argamsiisa jettanii yaadduu?
- Kitaaba dubbisuu fi beekumsi hariiroo akkamii qaba jettanii yaadduu?
- Barattootni garee xixiqqaan ijaaramanii fakkii 11.5 ilaaluudhaan gaaffilee sadan olitti kennaman irratti mari'atanii akka hojjetan godhaa. Mareen akka xumurametti gareewwan muraasni qabxiilee ijoo irratti mari'atan dareef akka dhiyeessan godhaa.
- Kanaan booda waa'ee maalummaa aadaa kitaaba dubbisuu gabbifachuu fi faayidaa isaa ilaalchise ibsa gabaabaa kennaa!

Maalummaa fi faayidaa aadaa kitaaba dubbisuu gabbifachuu

Aadaa kitaaba dubbisuu jechuun jaalalaa fi muuxannoo kitaaba dubbisuuf qabnu jechuu dha. Jaalalli kitaaba dubbisuuf qabnu hammamii? Hummam bal'inaan, gadfageenyaa fi baay'inaan dubbisna? Kitaabolee barnootaa qofa osoo hin taanee barruulee, gaazexaalee, fi kitaabolee biroo fedhii guutuu fi miira gaariidhaan yeroo hunda kan dubbisnu yoo ta'e aadaa kitaaba dubbisuu gaarii qabnaa jechuu dha. Aadaan kitaaba dubbisuu kitaabolee argannu kam iyyuu yeroo hunda dubbisuudhaan gabbata. Aadaa kitaaba dubbisuu gabbifachuun faayidaa guddaa kan qabu yommuu ta'uu damee jireenyaa kam keessatti iyyuu beekumsa bala'aa fi gad fageenya qabu argamsiisuu danda'a.

Gocha (Hojii manaa- Dhuunfaan)

- Gaaffilee lamaan gilgaala 6 jalatti kennaman dhuunfaan hojjetanii akka dhufan godhaa. Guyyaa hojii isaanii itti dhiyeessan murteessuun itti hima. Gaaffii Iffaa irratti baay'ee dubbisani sirriitti akka hojjetaniif yeroo gahaa kennaa. Deebii isaaniis yeroo harkaa fuudhuun soroorsaafi! Kanneen haala gaarii caalmaatti hojjetan filuudhaan dareef akka dubbisan godhaa.

Xumura

- Walaloo kitaaba barataa fuula 160 irra jiru dubbisaaf. Itti aansuudhaannis gabatee gurracha irratti barreessuudhaan dabtara isaanii irratti garagalchaniis sammuu isaanii keessatti akka qabataniifi akka dubbisan godhaa. Bifuma walfakkaatuun walaloo waa'ee faayidaa kitaaba dubbisuu sirriitti agarsiisuu barreessuu akka yaalan godhaa.

11.5. Mala Qo'annoo Barnootaa (Wayitii- 2)

Ophii Daree: Meeshaalee deeggersa barnootaa

- Sagantaalee dhimmoota adda addaaf qopha'an.
- Iddattoo sagantaa qo'annoo barnootaa.

Seensa

Gaaffilee ka'umsaa

- Qo'annoo barnootaa keessan osoo hin jalqabin dura qophiilee akkamii akka gootan hirriyoota keessanitti himaa.
 - Qo'annoo barnoota keessan erga jalqabdanii boodas haala kamiin qo'annoo kana gaggeesitu?
- Gaaffilee ka'umsaa armaan olii irratti barattootni fedhii qaban muraasni muuxannoo isaanii dareef akka dhiyeessan godhaa. Muuxannoowwan dhiyaatan irrattis barattoonni daree yaada akka kennan godhaa.

Ibsa

- Itti aansuudhaan waa'ee maalummaa fi faayidaa qo'annoo barnootaa akkasumas tooftaalee qo'annoo irratti ibsa gabaabaa kennaafii.

Maalummaafi Faayidaa Mala Qo'annoo Barnootaa

Qo'annoon barnootaa beekumsa dabalachuufi gabbifachuuf tattaaffii taasifamuu dha. Barruulee fi kitaabolee adda addaa dubbisuudhaan beekumsa sirrii argachuun ni danda'ama.

Qo'annoo fi kitaaba dubbisuun garaa garummaa qabu. Qo'annoo gochuun waan dubbisnu tokko hubachuu bira darbee taateewwan adda addaa xiinxaluu fi yaadachuudhaaf tattaaffii godhamuu dha. Barnoota qo'achuun faayidaa guddaa qaba. Beekumsa gahaa argatanii bu'aa qabeessa ta'uu kan danda'an barnoota sirriitti qo'achuudhaani. Qo'annoon qorumsa irratti qabxii gaarii galmeessuun dareedha gara dareetti darbuuf qofa miti. Qabxii gaarii galmeessuun fuula dura carraa hojii guddaa argachuufi hojii uummachuudhaafis ni gargaara.

Tooftaalee fi tartiibaa qo'annoo barnootaa

Qo'annoon gocha tooftaa mataa isaa danda'e qabudha. Qo'annoon waan dubbisnu tokko akka hubannuu nu taasisa. Waanta dubbisnu erga hubannee boodaas waan hubanne kana akkamitti akka yaadachuu dandeenyu akka beeknu nu gargaara. Kanaafuu, qo'annaan tooftaa fi tartiiba mataa isaa qaba. Barnootaan bu'a qabeessa ta'uu kan dandeenyu tooftaalee fi tartiiba kanneen sirriitti hojii irra yoo oolchinee dha.

Qo'annaa Duraa

Sadarkaan qo'annaa kun qo'annaa keenya osoo hin jalqabin dura meeshaalee walitti qabachuu fi sirriitti qopha'uu kan hammatuu dha. Sadarkaa kana irratti yeroo keenyaa, kitaaba barnootaa, kitaabolee wabii biroofi barruuleewwan adda addaa akkasumas bakka qo'anna kan itti sirreeffannu dha. Kessumatu immoo yeroo ilaalchisee ofeegannoo gochuu qabna. Qo'annoon keenya bu'a qabeessa akka ta'uuf dhimmoota nu barbaachisan keessa tokko sagnataa mija'aa fi dhaabbataa ta'e qopheeffachuu dhaani.

Yeroo Qo'annoo

Sagantaa qo'annoo fi kanneen biroo nu barbaachisan erga qopheeffannee boodaa sagnataa baafaneetiif amanamoo taanee qo'annaa keenya itti fufuudha. Waanta qo'annuutis xiyyeeffannoo guutuu kenninee naamusaan dubbisuutu nu irra jiraata. Waanta qo'annee yaadachuu akka dandeenyutti ammo irra deddeebiin dubbisuu fi waanta dubbisnees waantoota beeknu waliin walitti firoomsuutu nu irra jiraata. Waanta dubbifnuu keessaas qabxiilee ijoo ta'an adda baasuun yaadannoo irratti qabachuun barbaachisaa dha.

Qo'annoo boodaa

Qo'annoo keenya haala kanaan erga deemsifnee booda waanta qo'anne kana keessa deebinee ilaaluu qabna. Mata dureewwaan adda addaa jalatti dhimmoota ijoo ta'aniif ragaalee walitti qindeessanii xiinxaluun fuula duratti haala yaadatamuu danda'uun ka'uun barbaachisaa dha. Kana qabatama taasisuudhaaf tooftaa gaariin yemmuu qayyabachaa turetti yaadannoowwan gagabaaboo qabachaa ture sanatti fayyadamuudhaan ta'a. Yommuu kessa deebinuus yaadannoo keenya cufnee waanta qo'anne sana yaadachuu danda'uu keenya mirkaneessuu, isaan boodaas yaadannoo keenya ilaaluu fi kan irra dabare ykn irraanfanne yoo jiraate xiinxaluun faayidaa guddaa qaba.

Gocha (Hojii manaa –Dhuunfaan)

- Gaaffilee gilgala 7 jalatti kennaman dhuunfaan dabtara isaanii irratti hojjetanii akka dhufan gochuun soroosaaf. Karoora qo'annoo qopheefatan dabreen barattoota dareen akka madaalamu godhaa.

Gocha (Hojii daree-Gareen)

- Malli qo'annoo beekumsa argatan akka cimsatan waan isaan gargaaruuf gaaffilee hojii garee jedhu jalatti dhiyaatan gareen irratti mari'atan akka hojjetan godhaa. Mareen kunis maalummaa gochaalee sadarkaalee qo'annoo adda addaa keessatti raawwataman irratti akka xiyyeeffatu godhaa. Mareen kun akka xumurameetti gareewwan deebii qopheeffatan dareef akka dhiyeessan godhaa.

Goolaba Boqonnaa

- Barsiisaa! Goolaba kana irra yommuu geessan boqonnaa kana keessatti barattootni maal akka hubatanii fi baratan gabaabinaan akka ibsan carraa kennaaf.
- Barattoota muraasaaf carraa erga kennitanii booda ofii keessanii goolaba.
- Xumura irrattis gaaffilee keessa deebii akka hojjetan godhaa!

Deebii gaaffilee kaasa deebii

I. Himoota armaan gadii sirrii yoo ta’an “Dhugaa” doggora yoo ta’an immo “Soba” jechuun deebisaa.

1. Dhugaa 2. Soba 3. Dhugaa 4. Dhugaa 5. Soba

II. Kanneen roga “A’ jalatti tarreeffaman roga “B’ jalatti kan tarreeffaman waliin walitti firoomsaa.

1. E 2. F 3. D 4. A 5. B

III. Deebii sirrii ta’e filadhaa.

1. A 2. A 3. D 4. D 5. B

IV. Yaadawwan armaan gadii faayidaa qabeessa ykn boodeetti hafa jechuun deebisaa.

- | | |
|----------------------|----------------------|
| 1. Faayidaa qabeessa | 5. Faayidaa qabeessa |
| 2. Boodatti hafaa | 6. Boodatti hafaa |
| 3. Faayidaa qabeessa | 7. Faayidaa qabeessa |
| 4. Faayidaa qabeessa | |

V. Gaaffilee armaan gadiif deebii gaggabaaba kennaa.

- Yaadota kitaaba barataa keessa jiran fayyadamuun deebisuun ni danda’ama.

Iddattoo Karoora Barnootaa

11.1 Maalummaa fi faayidaa beekumsaa

Yeroo	Gocha Barsiisaa	Gocha Barataa
10'	<p>Seensa</p> <ul style="list-style-type: none"> Barnooticha jalqabuuf fakkiilee 11.1 hanga 11.3 jiranii fi gaaffilee ka'umsaa dhiyaatan gareen mari'atanii akka deebisan gochuu. Maalummaa fakkiilee olitti dhiyaatanii fi faayidaa isaan namaaf qaban ibsuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Fakkiilee kana ilaaluudhaan gaaffilee kennaman irratti mari'achuun deebii qopheessuu. Deebii qopheefatan dareef dhiyyeessuu.
15'	<p>Gocha (Hojii daree -Gareen)</p> <ul style="list-style-type: none"> Maree barattootaa fuula 161 irra jiru gareen dubbisani gaaffilee lamaan gilgaala 1 jalatti kennaman irratti mari'atanii deebii qopheefatanii dareef akka dhiyeesan gochuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Barreeffama dhiyaate gareen dubbisuu Gaaffilee lamaan gilgaala 1 jalatti kennaman irratti mari'achuun deebii qopheessuu Deebii qopheessan dareef dhiyeessuu.
10'	<p>Ibsa</p> <ul style="list-style-type: none"> Waa'ee maalummaa fi faayidaa beekumsaa ibsa gabaabaa kennuu Waanta hin galleef yoo jiraate akka gaafataniif carraa kennuu Gaaffilee dhiyaataniif deebii kennuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Ibsa kennamu sirriitti dhaggeeffachuu Waan hin galleef yoo jiraate gaaffachuu Deebii kennamu sirriitti dhaggeeffachuu.
5'	<p>Goolaba</p> <ul style="list-style-type: none"> Barnoota guyyicha gabaabinaan keessa deebi'uun barattootni qabxiilee ijoo ta'an hammam akka hubatan mirkaneessuu, qabxiilee ijoo hubatanis akka himan gaaffachuu. 	<ul style="list-style-type: none"> Ibsa kennamu sirriitti hordofuu Wanta ifa hin taane gaaffachuu Deebii kennamu sirriitti dhaggeeffachuu.

Alaabaa Mootummaa Naannoolee Miseensota Mootummaa Federaalawaa Dimookiraatawaa Rippuubilikii Itoophiyaa.



Alaabaa Mootummaa Naannoo Tigraay



Alaabaa Mootummaa Naannoo Affaar



Alaabaa Mootummaa Naannoo Amaaraa



Alaabaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa



Alaabaa Mootummaa Naannoo Sumaalee



Alaabaa Mootummaa Naannoo Beenashaangul-Gumuz



Alaabaa Mootummaa Naannoo Ummatoota Kibbaa



Alaabaa Mootummaa Naannoo Gambeelaa



Alaabaa Mootummaa Naannoo Hararii

Miseensonni mootummaa naannoolee armaan olii kun akkaataa heera Mootummaa Federaalawaa Dimookiraatawaa Rippuubilikii Itoophiyaa (*Keeyyata 47, fuula 102 - 103*) kan kaa'amedha.